



KEEMISTIRII

Kitaaba Barataa Kutaa 7

ISBN 978-99944-2-293-4




Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

MOE

KEEMISTIRII

Kitaaba Barataa Kutaa 7



Gatiin Birrii 28.00



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa



KEEMISTIRII


Kitaaba Barataa Kutaa 7

Furtuu																	VIIA (18)	
1	H	Li	Be	Na	Mg	IB (3)	VB (4)	VB (5)	VB (6)	VIB (7)	(8)	(9)	(10)	IB (11)	IB (12)		VIIA (18)	
2	6.941	9.01	22.990	24.31		1.0079											4.003	
3	1.0079																He	
4	Garee	Hanga Atoomaawaa	Lakooxa Atoomaawaa	Iddo-bu'ee														
5	K	Ca	Sc	Ti	V	Cr	Mn	Fe	Co	Ni	Cu	Zn	69.72	72.59	74.92	78.96	82.80	
6	85.458	87.62	88.91	91.22	92.91	95.94	(98)	(101.07)	102.91	106.40	107.87	112.47	114.82	118.69	121.75	127.60	131.30	
7	37	Rb	Sr	Y	Zr	Nb	Mo	Tc	Ru	Rh	Pd	Ag	Cd	In	Sn	Te	I	Xe
8	132.91	137.33	136.91	178.49	180.95	183.85	186.21	190.20	192.22	195.09	196.97	200.59	204.37	207.19	208.98	(209)	(210)	(222) Rn
9	55	Cs	Ba	La*	Hf	Ta	W	Re	Os	Ir	Pt	Au	Hg	Tl	Pb	Bi	Po	At
10	(223)	226.03	227.03*	(261)	(262)	Ha	(266)	(262)	(277)	(268)	(281)	(272)	(285)	(289)	(298)	(298)	(298)	Uus
11	87	Fr	Ra	Ac	Rf	Pa	Th	Sg	Bh	Hs	Mt	Uun	Uub	Uut	Uuq	Uup	Uuh	Uus
12	104	105	106	107	108	109	110	111	112	113	114	115	116	117				
13	40.12	140.91	144.24	(145)	(145)	151.96	157.25	158.93	162.50	164.93	167.26	168.93	168.93	174.97				
14	Ce	Pr	Nd	Pm	Sm	Eu	Gd	Tb	Dy	Ho	Er	Tm	Yb	Lu				
15	58	59	60	61	62	63	64	65	66	67	68	69	70	71				
16	232.04	231.04	238.03	237.05	(244)	(243)	(247)	(247)	(251)	(252)	(257)	(260)	(259)	(262)				
17	90	91	92	93	94	95	96	97	98	99	100	101	102	103				
18	* Laantaanaayidoota																	
19	* Aktaanaayidoota																	



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

KITAABA KANA HAALA GAARIITIIN QABACHUUN ITTI GARGAARAMI



Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa kee ti.

Akka miidhaa irra hingeessine yookiin miidhaan akka irra hin geenye eeggadhu.

Kitaaba kana haala gaariitiin qabachuuf, qajeelfamoota armaan gadiitti fayyadami.

1. Kitaabicha waraqan (gaazexaan) yookiin plaastikaan haguugi.
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka gogaa fi qulqulluu ta'e kaa'i.
3. Kitaabicha yeroo hunda harka qulqulluutiin qabadhu.
4. Qola isaa irratti yookaan keessa isaatti homayyuu hin barreesiin.
5. Bakka booda banachuu barbaaddu kaardiin yookaan waraqaan gabaabaa keessa kaa'uun mallatloo taasifadhu.
6. Fuula tokko yookiin fakkii tokkollee keessaa tarsasuuf hin yaaliin.
7. Fuulli tarsa'e yoo jiraate, haphee yookiin pilaasteriin deebisii walqabsiisi.
8. Karaa irrattis haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
9. Kitaabicha yommuu nama biraatti kennitu akekkachiisi.
10. Kitaaba haaraatti yeroo duraatiif yommuu gargaaramtu, kitaabicha, dugdaan ciibsi si'a tokko fuulota muraasa qofa garagalchi. Suuta jedhii jidduu kitaabichaa harkaan gadi qabi. Haalli kunis qolli kitaabichaa akka hin miidhamne gargaara.



KEEMISTIRII

Kitaaba Barataa

KUTAA 7

Qopheessitoota

Tolasaa Margoo (B.Sc., M.Ed)
Caalaa Raggaasaa(M.Sc.)

Madaaltota

Fiqaaduu Birhaanuu (B.Ed)
Jarman Nagaash (B.Ed)
Balaaynah Maammuyye (B.Ed)



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraataawaa
Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa**



Kan maxxanfame A.L.I bara 2006 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti pirojektii fooyya'insa Barnoota walii-galaatinidha. Pirojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee "IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund" fi Mootum-moota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2013

Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati. Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yookiin haala labsii Ripaabilikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yookiin mirga ollummaan qabu eegsisuun kaninni hayyameef irraa barreffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin itti gargaaramuuf kaawwachuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yookiin kuusuun dhorkaadha.

Ministeerri Barnootaa qaamota gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoom-fachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamii in yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkoofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

Qophaa'ee kan maxxanfame

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

fi

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

Under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

ISBN 978-99944-2-293-4

Baafata

► Boqonnaa 1: KEEMISTIRII FI BARBAACHISUMMAA ISAA 1

1.1	HIKKAA FI BARBAACHISUMMAA KEEMISTIRII	2
1.2	HARIIROO KEEMISTIRII FI DAMEEWWAN SAAYINSII UUMAMAA KANNEEN BIROO GIDDUU JIRU.....	5
1.3	GA'EE KEEMISTIRIIN GUDDINA OOMISHAA FI HAWAASA KEESSATTI TAPHATU.....	7
1.4	INDUSTIRIWWAN KEEMIKAALAA ITOOPHIYAA BEEKAMOO TOKKO TOKKO.....	8
⇒	Keessa-deebii Boqonnichaa.....	11
⇒	Gilgaala Keessa Deebii.....	12

► Boqonnaa 2: WANTOOTA

2.1	AMALOOTA WANTOOTAA.....	14
2.2	WANTOOTA RAMADUU.....	23
2.3	JIJJIIRAMOOTA NAANNOO KEENYAA.....	32
2.4	MAKOOTA DHILUU FI FAAYIDAA ISAA	34
⇒	Keessa-deebii Boqonnichaa.....	40
⇒	Gilgaala Keessa Deebii.....	42

► Boqonnaa 3 : AFAAN KEEMISTIRII

3.1	IDDO-BU'EEWWAA ELEMENTOOTAA	46
3.2	FOORMULAAWWAN KEEMIKAALAA	48
3.3	BARBAACHISUMMAA AKAAKUMMAA FI HAMMOOMAA IDDO-BU'EEWWANII FI FOORMULAAWWANII KEEMIKAALAA.....	55
3.4	WALNYAATINSA KEEMIKAALAA SASALPHOO FI WALQIXXAATTOTA KEEMIKAALAA.....	57
⇒	Keessa-deebii Boqonnichaa.....	64
⇒	Gilgaala Keessa Deebii.....	66

► Boqonnaa 4: CAASAA WANTOOTAA

4.1	SEENAA GUDDINA BEEKUMSA ATOOMUMMAA WANTOOTAA.....	70
4.2	TIYOORII ATOOMAAWAA.....	75
4.3	CAASAA ATOOMAAWAA.....	80
4.4	MOLAKIYUULOTA.....	99
⇒	<i>Keessa-deebii Boqonnichaa.....</i>	104
⇒	<i>Gilgaala Keessa Deebii.....</i>	105


► Boqonnaa 5: RAMADDII PEEREDIKII ELEMENTOOTAA

5.1	SEENAA DAGAAGINA BEEKUMSA RAMADDII PEEREDIKII ELEMENTOOTAA.....	111
6	Lakkooisa	
5.2	RAMADDII PEEREDIKII MEENDILIVII.....	114
C	atmaayaa	
5.3	GABATEE PEEREDIKII AMMAYYAA.....	117
Kaarboomi	Iluhi	
5.4	FAAYIDAALEE GABATEE PEEREDIKII AMMAYYAA.....	133
12	Maqaa	
⇒	<i>Keessa-deebii Boqonnichaa.....</i>	135
Hanga atoomaawaa		
⇒	<i>Gilgaala Keessa Deebii.....</i>	136
Furgaasa Jechootaa	140	

1

BOQONNAA

KEEMISTIRII FI BARBAACHISUMMAA ISAAN



MATA-DUREEWAN GURGUDDOO

- 1.1 HIKKAA FI BARBAACHISUMMAA KEEMISTIRII
- 1.2 HARIIROO KEEMISTRIRII FI DAMEEWWAN SAAYINSII UUMAMAA KANNEEN BIROO GIDDUU JIRU
- 1.3 GA'EE KEEMISTIRIIN GUDDINA OOMISHAA FI HAWAASA KEESSATTI TAPHATU
- 1.4 INDUSTIRIWWAN KEEMIKAALAA ITOOPHIYAA BEEKAMOO TOKKO TOKKO
 - ⇒ Keessa Deebii Boqonnichaa
 - ⇒ Gilgaala Keessa-deebii

Bu'AALEE BOQONNICHAA

Adeemsaa fi xumura boqonnaa kanaatti:

- ✓ hiikkaa keemistirii ni kennita, barbaachisummaa isaas ni ibsita;
- ✓ hariiroo keemistirii fi dameewwan saayinsii uumamaa kanneen biroo gidduu jiru ni ibsita;
- ✓ faayidaa keemistiriin oomisha qonnaa, qorichaa, nyaataa fi meeshaaLEE ijaarsaa keessatti qabu ni ibsita;
- ✓ industiriwwan keemiikaalaa Itoophiyaa beekamoo tokko tokkoo fi oomisha isaani ni himta;
- ✓ ogummaalee qo'anno saayinsawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilaaluun hubachuu, qunnamuu, gaaffilee gaafachuu, yaada waliigalaa kennuu, ni dandeessa.

GOCHA KA'UMSAA

Wantoota naannoo keetti argaman kanneen akka bishaaanii, cirrachaa, cilee, daaraa, waraqaa, ashaboo, shukkaaraa fi saamunaa walitti qabuun halluu, foolii, bocaa fi cimina isaanii erga qalbeeffattee booda gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaa. Marii boodas yaada keessan barattoota daree kessanii waliin waljijiiraa.

- 1 Wantoonni armaan olii maaliin addaan ba'uu danda'u?
- 2 Wanti inni tokko isa biroo irraa maaliif adda ta'e?

YAADANNOO SEENAA



Antooyin Laavooyerii
(1743 - 1794)

Bara durii keessa namootni akkaataa fullee fi saamunaan itti hoijetaman, suphee irraa meeshaaleen adda addaa akka itti hojjatamuu fi meeshaaleen biroonis akkaataa ittiin omishaman ni qoratu turan. Beekumisi kunis babal'achaa dhufuun hojiileen kun akka beekaman taasise. Hata'u malee kemistiriin hanga jaarraa 17ffaa tti akka saayinsiitti hinfudhatamne ture.

"Abbaa keemistiri" jedhamee kan waamamu Antooyin Laavooyerisiin keemistoota warra jalqabaa keessa isa tokko yoo ta'u innis yaadota tatamsa'an walitti qabuun keemistiriin akka saayinsiitti akka qo'atamuuf karaa bane.

1.1 HIIKKAA FI BARBAACHISUMMAA KEEMISTIRII

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ hiikkaa keemistirii ni kennita;
- ✓ barbaachisummaa keemistirii ni ibsita.

1.1.1 Hiikkaa Keemistirii

GOCHA 1.1

Barattoota garee keetii waliin yaad-rimeewwan armaan gadii irratti mari'adhaa. Jechoota siif kennaman kanneen irraa ka'unnis hiikkaa keemistirii salphaa ta'e kenni.

⇒ Saayinsii uumamaa

⇒ Qo'annoos uumamaa

⇒ Qo'annoos wantootaa

⇒ Amaloota wantootaa

GOCHA 1.2

Fakkii 1.1 irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.



Fakkii 1.1: Wantoota naannoo keenyatti argaman tokko tokko

- 1 Tempreechara dareetti kanneen dhangala'oo ta'an isaan kami?
- 2 Wantoota armaan gadii maaliin addaan baafta?
 - a Bishaanii fi aannan
 - b Shukkaaraa fi ashaboo nyaataa
- 3 Saamunaan maal irraa hojjetamaa?
- 4 Shayiin maal of keessaa qaba?


Keemistiriin gaaffilee armaan olii fi kan kana fakkaataniif deebii ni kenna. Walumaa galatti keemistiriin waa'ee amaloota, qabiyyee, caasaa fi jijiirama wantoota naannoo keenyatti argamanii qo'ata. Waa'ee suudota wantootni of keessaa qabanii yoo dubbannu, waa'ee ee *qabiyyee* wantootaa dubbanne jechuu dha. Kara biroon immoo, suudoowwan wantootaa akkaataan isaan ittiin sirreffaman yommuu kaafnu waa'ee *caasaa* isaanii ilaalle jechuu dha. Yommuu waa'ee halluu, foolii fi faalkaa wantootaa kaafnu, waa'ee *amaloota* isaanii dubbanne jechuu dha.

Mee jechoota ijoo ta'an armaan olii jechunis, qabiyyee, caasaa fi amaloota wantootaa fayyadamuun jecha mataa keetiin hiikkaa keemistirii kenni.

1.1.2 Barbaachisummaa Keemistirii

GOCHA 1.3

Jirenya kee guyya guyyaan yoo walqabsiiftee jechi "keemistirii" jedhu sammuu kee keessatti maal uumee jira? Fakkii armaan gadii (*Fakkii 1.2*) irraa Gochaalee keemistootaan hojjetaman ilaachise maal hubatta? Mee daree keessatti miseensota garee kee waliin mari'achuun yaada keessan waljijiiraa.




a) Yaaliwwan gaggeessuu

b) Dhuka'aa

Fakkii 1.2: Gochaalee keemistiriin wal qabatan

Keemistiriin qo'annoo wantootaa kan saayintistootaan, apparaatasiwwanii fi keemikaalota saayinsii addaa fayyadamuun gaggeffamuu dha. Qo'annoo saayinsawaa ta'e gaggeessuf immoo yaaliin adeemsifamu qaba. Yaaliin gocha apparaatasiwwan fi keemiikaalota fayyadamuun gaggeffamuu dha. *Fakkiin 1.3* keemiikaalotaa fi apparaatasiwwan muraasa laboraatoori (mana yaalii) keessatti faayidaarra oolan agarsiisa.

**Fakkii 1.3: a) Apparaatasiwwan fi b) Keemiikaalota Laaboraatoori keemistrii keessatti argaman tokko tokko**

Keemistoonni yaalii gaggeessuun argannoo irra ga'uuf ogummaawwan saayinsii adeemsaa yaalichaa keessatti fayyadaman qabu.

Armaan gaditti ogummaawwan saayinsii hojji yaalii bu'ura ta'an tokko tokko kennamani jiru.

- ⇒ *yommuu yaaliin gaggeffamu safaruu fi daawwanaan ni adeemsifama.*
- ⇒ *yaalii duraa fi yaalii booda firiiwwan (argannoowwan) ni galmeeffamu.*
- ⇒ *firiiwwan kanniin gabatee keessatti galmeeffamuun, chaartiin, akkasumas giraafin kaa'amuu ni danda'u.*
- ⇒ *ragaan walitti qabamee haala gaariin qacceeffamuun gara yaada xumuraatti dhufa. kana boodas gara tiyooriitti guddata.*

Keemistiriin guddina hawwaasummaa fi dinagdee keessatti ga'ee olaanaa qaba. Barbaachisummaan keemistirii caalaadhumatti kanneen armaan gadii keessatti ni mul'ata.

- ⇒ *wantoota haarawa ta'an oomishuun fedhii hawaasaa guutuu,*
- ⇒ *rakkoolee ilmaan namaatiif hiikkaa barbaaduu,*
- ⇒ *haqawwan yaaliin mirkanaa'an irratti hundaa'u.*

Gilgaala 1.1

- 1 Keemistiriin maali?
- 2 Jechoota armaan gadiif ibsa kenni
 - a Yaalii
 - b Laabooratoorii
- 3 Gochoota yoomuu yaaliin gaggeeffamu raawwataman tokko tokko tarressi.
- 4 Apparaatasiwwanii fi keemikaalota laaboratoorii keemistirii keessatti itti fayyadamnu tokko tokko maqaa isaami barreessi.

1.2 HARIIROO KEEMISTIRII FI DAMEEWAN SAAYINSII UUMAMAA KANNEEN BIROO GIDDUU JIRU

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ hariiroo keemistriin fiiziksii, baayoloojii fi ji'oloojii wajjiin qabu ni ibsita.

Gocha 1.4

Mee bishaan baaldii guutee jiru tokko yaada kee keessatti qabadhu. Barattoota saditu waa'ee bishaan baaldii guutee jiruu kanaa karaa adda addaatiin qorachuu barbaadu haa jennu.

- ⇒ Barataa "A" n waa'ee ilbiisota xixiqqoo ijaan hin mul'anne kanneen bishaanicha keessa jiraan qo'achuu barbaade.
- ⇒ Barataa "B" n waa'ee baaldii bishaaniin guutamee jiruu kana ol fuudhee bakka biraatti geessuuf anniisaa barbaachisuu fi waa'ee akkaataa ifni aduu bishaan keessa ittiin darbuu danda'u qo'achuu barbaade.
- ⇒ Barataa "C" n immoo waa'ee foolii, halluu fi dhandhama bishaanichaa qo'achuu barbaade.

Yaada armaan olitti isiiniif kenname irraa ka'uun gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'a dha.

- 1 Barattoota sadan armaan olii keessaa waa'ee dameewwan saayinsii uumamaa armaan gadii kan qo'ate isaa kami?
 - a Keemistirii
 - b Baayoloojii
 - c Fiiziksii
- 2 Waa'ee fiiziksii, baayoloojii fi keemistirii ilaachisee waan beektu gabaabsii ibsi. Dameewwan saayinsii kanneen gidduu hariiroon ni jiraa?

6 KEEMISTIRII KUTAA 7

Saayinsiin uumamaa dameewaan kanneen akka baayoloojii, fiiziksii fi ji'ooloojii kan hammatuu dha. Dameewwan saayinsii uumamaa gidduu hariroo cimaa ta'etu jira. Waan kana ta'eef gidduu isaaniitti daangaan garaagarummaa kan kana jedhamu hin jiru. Kanaaf dameewwan saayinsii uumamaa walitti dhufuun gosa barnoota kanneen akka baayookeemistirii, fiziikaalkeemistirii ji'ookeemistirii fi kan kana fakkaatan uuman. *Fakkiin 1.4* hariroo saayinsiwwan uumamaa adda addaa gidduu jiru agarsiisa.



Fakkii 1.4: Hariroo keemistirii, baayoloojii, fiiziksii fi ji'ooloojii gidduu jiru

GOCHA 1.5

Gaaffilee armaan gadii dura kopha kophaan hojjedhaa. Itti aanuun deebii keessan irratti gareen mari'achuun waan gareen irratti walii gale barattoota dareef dhiyeessaa.

- 1 Dameewwan Saayinsii uumamaa armaan gaditti waliin jiran qo'annoo isaan waliin hirmaatan maali?
 - a Baayolojii fi fiiziksii
 - b Baayolojii fi ji'ooloojii
 - c Fiiziksii fi ji'ooloojii
- 2 Qo'annaalee armaan gadii adeemsisuuf dameewwan saayinsii uumamaa kan walsimatan himi.
 - a Waa'ee jijiirama keemiikaalaa lubbu-qabeeyyii keessatti gaggeeffamuu.
 - b Walitti dhufeenyaa wantootaa fi gosoota anniisaa adda addaa kanneen akka ifaa, ho'inaa fi humnaa ibsaa.
 - c Qo'annoo qabiyyee, amaloota fi caasaa albuudaa.

Gilgaala 1.2

Gaaffilee armaan gadiif ibsa gabaaba kenni.

- 1 Dameewwan saayinsii uumamaa keessaa waa'ee nyaata biqiltootaa fi ga'ee isaan guddina biqiltootaa keessatti qaban kan qo'atu isa kamii?
- 2 Dameewwan saayinsii uumamaa keessaa waa'ee taateen humnaa fi uumama tulluwwaniif sababa ta'uusaa qoratu isa kami?
- 3 Dameewwan saayinsii uumamaa, kanneen armaan gadii qo'atan isaan kami?

a Ruqolee kattaa (dhagaa)	d Cimina humna ifaa
b Mukoolee gosa gosaan hiruu	e Pilaastikoota harawaa oomishuu
c waa'ee walhormaata bineeldotaa	

- 4 Adeemsa fotoosinteesii keessatti kanneen armaan gadii ni jiraatu.
- Ifa aduu barbaachisuu
 - Uumama kiloorofili fi seelii biqilootaa
 - Walnyaatiinsa gaggeeffame

Dameewwan sayinsii uumamaa keessaan kanneen adeemsa fotoosinteesii a, b fi c armaan olii qo'atan isaan kam akka ta'an addaan baasuun barreessi.

1.3 GA'EE KEEMISTIRIIN GUDDINA OOMISHAA FI HAWAASA KEESSATTI TAPHATU

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ faayidaa keemistiriin oomisha qonna, qoricha, nyaataa fi meeshaalee ijaarsaa keessatti qabu ni ibsita.

GOCHA 1.6

Barattoota garee kee keessa jiran waliin gaaffilee armaan gadii irraatti mari'adhaa. Yaadaa marii keessaniis barattoota daree keessanii waliin waljijiira.

- 1 Meeshaalee guyyaan guyyaan itti fayyadamtu keessaan kanneen ogummaa keemistiriitiin oomishaman shan barreessi.
- 2 Oomishoota ogummaa keemistiriitiin oomishaman keessaan kan qotee buaan itti fayyadamu tokko tokko barreessi.
- 3 Waa'ee faalama qilleensaa waan beektu himi.
- 4 Hawasni naannoo kee jiru bishaan qulquulluu akka argatuuf ga'een keemistiriin qabu maali?

Addunyaa kana keessatti jirenya ilmaan namaa fooyyessuuf shoorri keemistiriin qabu maalii?

Keemistiriin oomisha haarawa oomishuun fedha hawaasaa guutuu keessatti gahee guddaa qaba. Kunis jirenya hawaasaa guyyuu keessatti kan mul'atuu dha. Keemistiriin qonna keessattis ga'ee gudda taphata. Qotee buaan oomishaalee kanneen akka xaa'oo, fara-ilbiisaa fi farra-aramaa fayyadamuun callaa isaa foyyeeffachuu ni danda'a. Kunis wabii nyaataa hawaasa tokko mirkaneessuu keessatti shoora guddaa qaba.

Keemistriin qorichaalee (dawaalee) adda addaa kan dhukuba irraa nama faayyisan oomishuuf ni gargaara. Boba' awwan adda addaa kanneen akka konkolaataa, xiyyaaraa fi kanneen biroof fayyadan qopheessuuf, keemistriin ni fayyada.

Keemistiriin meeshaalee ijaarsaa kanneen akka simintoo, istiili (hadiida), ayranii, aluminiyeemii, qalamaa fi kan kana fakkaatan oomishuuf ni fayyada. Kana malees keemistiriin oomishaalee kanneen akka dibataa, huuccuu, saamunaa, pilaastikii, dhagaa baatirii, keemikaalota adda addaa, fi kan kana fakkaatan oomishuuf ga'ee guddaa qaba. Keemistiriin faalamni qilleensaa maal irraa akka madduu fi furmaanni isaas maal akka ta'ee ni qo'ata.

Gilgaala 1.3

- 1 Ga'een keemistiriin qonna keessatti qabu maali?
- 2 Fayyaa hawaasa eeguu keessatti ga'een keemistiriin qabu maali?
- 3 Oomishaalee ogummaa keemistiriin oomishaman keessaa kan qulqulinaaf akkasumas ijaarsaaf fayyadan tarreessi?
- 4 Utuu ogummaan keemistirii hin jiru ta'ee jireenyi namaak akka kana salphaa ta'a sitti fakkaataa? Maaliif?

1.4 INDUSTIRIWWAN KEEMIKAALAA ITOOPHIYAA BEEKAMOO TOKKO TOKKO

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ industiriwwan keemiikaalaa Itoophiyaa beekamoo tokko tokkoo fi oomishaalee isaanii ni himta;
- ✓ industiriwwan keemiikaalaa naannoo keetti argaman daawwachuun gabaasa dareef ni dhiyeessita.

GOCHA 1.7

Deebii gaaffilee armaan gadii dhunfaan erga hojjattee booda, barattoota garee keetii waliin yaada waljijiira.

- 1 Induustiriin keemiikaalaa maali?
- 2 Industiriin keemikaalaa naannoo keetti argamu maali? Maal oomisha? Oomishi isaa hoo maaliif fayyada?.

Yaad-rimeen “keemiikaala” jedhu sammuu kee keessatti maal uuma? Shukkarri, dawaa fi bishaan keemiikaalotaa?

Jechi keemiikaala jedhu wantoota miidhaa nama irraan ga'an kanneen akka faalamaa, summii fi gubiinsaa waliin walqabataa akka ta'etti ilaalamu. Garuu yaadni kun sirrii miti. Keemiikaalootni tokko tokko kanneen akka asiidii cuunqoo fi beezi cunqoo amaloota balaa nama irraan ga'an qabu. Kanaaf jecha akka namatti hin buuneef eegannaa cimaan gadhamuu qaba. Karaa biroon immoo keemiikaalootni dhukkuba irraa nama fayyisanii fi kan nyaatni akka salphaatti hin aloofne taasisan jiru. Kun immoo keemiikaalootni hundi miidhaa nama irraan ga'u yaadni jedhu dogoggora ta'uu isaa mul'isa.

Industiriin keemiikaalaa adeemsaa keemiikaalawaa ta'etti fayyadamuun waantoota dheedhii gara oomisha keemiikaalaatti kan jijjiiruu dha. Industiriwwan keemiikaalaa tokko tokko wantoota uumamaan argaman akka wantoota dheedhiitti fayyadamu. Isaan kaan immoo meeshaalee industiriwwan biroon oomishaman akka wantoota dheedhiitti fayyadamu.

GOCHA 1.8

Armaan gaditti industiriwwan keemikaala itoophiyaa tokko tokko gabatee keessatti siif kennnamanii jiru. Ati immoo gabatee kana dabtara kee irratti barreessuun industriwwan kunneen maal akka oomishan, mi'a dheedhii itti fayyadamanii fi eessatti akka argaman gabaticha keessatti guuti.

	Industirii	Oomisha	Bakka itti argamu	Mi'a dheedhii itti fayyadamu
1	Warshaa simintoo			
2	Warshaa sukkaaraa			
3	Warshaa waraqaa fi palpii			
4	Warshaa Qorichaa			
5	Warshaa salfariik asiidii fi aluminiyem salfeetii			
6	Warshaa koostiik soodaa			
7	Warshaa daaraa soodaa			
8	Warshaa gommaa			
9	Warshaa saamunaa			
10	Warshaa sibiilaa			

Itoophiyaa keessatti industiriwwan keemikaala wantoota adda addaa omishantu argamu. *Fakkiin 1.5* industirii keemiikaala Itoophiyaa tokko tokko agarsiisa.



Fakkiin 1.5: a) **Warshaa Simintoo Darbaa**



Fakkii 1.5 b) Warshaa Maarbili

Pirojeektii

Barsiisaan keessan industiriwwan keemiikaalaa naannoo keessan jiran akka daawwattaniif haala ni mijeessa. Daawwi kana irratti ibsa daawwachiisaan industirichaa kenu siriitti caqasaa. Daawwii kana irratti gaaffilee armaan gadii gaafachuun deebii isaa barreffadhaa.

- 1 Meeshaalee dheedhiin industirichi itti fayyadamu maal fa'a?
- 2 Meeshaalee dheedhii kanneen eessaa argata?
- 3 Adeemsi keemiikaalaa industiricha keessatti gaggeeffamu maali?
- 4 Industirichi maal oomisha?

K eessa-deebii Boqonnichaa

Jechoota Ijoo

- | | |
|-------------------------------|---------------------------|
| ↳ Saayinsii Uumamaa | ↳ Oomisha |
| ↳ Keemistirii | ↳ Farra-ilbiisaa |
| ↳ Barbaachisummaa keemistirii | ↳ Farra-aramaa |
| ↳ Baayoloojii | ↳ Keemiikaala |
| ↳ Ji'oloojii | ↳ Industirii keemiikaalaa |
| ↳ Fiiizksii | ↳ Meeshaalee dheedhii |
| ↳ Xaa'oo | ↳ Faalama |

CUUNFAA BOQONNICHAA

- ✓ Saayinsiin uumamaa damee saayinsii yommuu ta'u kan inni qo'atus waa'ee seera uumamaa isa lubbu-qabeeyyii fi lubbu-dhabeeyyi to'atuuti.
- ✓ Dameewwan saayinsii uumamaa beekamoon keemistirii, fiiizksii, baayoloojii fi ji'oloojii dha.
- ✓ Keemistiriin damee saayinsii uumamaa yoo ta'u kan inni qo'atus waa'ee qabiyyee, amalootaa, caasaa fi jijiirama wantootaa ti.
- ✓ Barbaachisummaa keemistirii jechuun ga'ee inni oomisha keessatti qabuu fi fedhii hawaassummaa guutuuf shoora inni taphatuu dha.
- ✓ Keemistiriin qonna, daawaa, nyaata qindeessuu fi meeshaalee mana ijaarsaa oomishuuf ni fayyada.
- ✓ Industiriin keemiikaala adeemsa keemiikaalawwaa fayyadamuun wantoota dheedhii gara oomisha keemiikaalaatti kan jijiiruu dha.
- ✓ Industiriin keemiikaala Itoophiyaa meeshaalee kanneen akka saamunaa, dhugaatii, burcuqqoo, simintoo, Shukkaaraa, Waraqaa, huccuu fi kan kana fakkaatan oomishu.

I *Kan armaan gadii sirrii yoo hin taane “Soba” sirrii yoo ta’e immoo “Dhugaa” jechuun deebisi.*

- 1 Saayinsiin uumamaa wa’ee uumamaa fi seera uumamaa qo’ata.
- 2 Keemistiriin rakkoo ilmaan namaa mudatuuf furmaata keennuu keessatti ga’een inni qabu guddaa dha.
- 3 Fiiziksii fi keemistiriin qo’annoo waliin gaggeessan tokkollee hin qaban.
- 4 Keemistiri fi baayoloojiin waa’ee ruuqoolee, amalootaa fi caasaa albuudotaa waliin qo’atu.
- 5 Jechi keemiikaala jedhu wantoota balaa nama irraan ga’anii fi summaawwoo ibsa.

II *Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhu*

- 6 Dhagaan hoofii kaalsiyeemii,kaarboonii fi oksijinii qaba. Jechi kun maal nu hubachiisa?

A Caasaa dhaagaa hoofii	C Qabiyyee dhagaa hoofii
B Jijiirama dhagaa hoofii	D Faayidaa dhagaa hoofii
- 7 Keemiikaalli biyyeetti dabalamuun biqilootaaf nyaata barbaachisaa ta’e kenu maali?

A Farra-ilbiisotaa	C Xaa’oo
B Farra-aramaa	D Hundi sirrii dha
- 8 Kan armaan gadii keessaa bu’aa keemistirii kan hintaane isa kami?

A Huccuu	C Shukkaara
B Xaa’oo	D Deebii hin qabu
- 9 Meeshaa laaboraatoori keemistirii kan hin taane kami?

A Biikarii	C Filaaskii
B Siliindarii safaraa	D Deebii hin qabu
- 10 Warshaan daaraa soodaa eessatti argama?

A Finfinnee	C Bulbulaa
B Adaamaa	D Baatuu

III *Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni.*

- 11 Faayidaawan keemistiriin hawaasa keessatti qabu tokko tokko barreessi.
- 12 Hariiroo keemistirii fi baayoloojii, keemistirii fi fiiziksii gidduu jiru ibsi.
- 13 Industriiwan keemikaalaa Itoophiyaa keessa jiran keessaa shan barreessuun maal akka oomishanii fi eessatti akka argaman ibsi.

2

BOQONNAA

WANTOOTA



MATA-DUREEWAN GURGUDDOO

- 2.1 AMALOOTA WANTOOTAA**
- 2.2 WANTOOTA RAMADUU**
- 2.3 JIIJIIRAMOOTA NAANNOO KEENYAA**
- 2.4 MAKOUTA DHILUU FI FAAYIDAA ISAA**
 - ➡ Keessa Deebii Boqonnichaa
 - ➡ Gilgaala Keessa-deebii

BU'AALEE BOQONNICHAA

Adeemsaa fi xumura boqonnaa kanaatti:

- ✓ Amaloota wantootaa ni ibsita, amaloota fizikaalaa isaaniitti fayyadamuun wantoota addaan ni baaftha;
- ✓ Elementoota, kompaawundoota fi makoota addaan baasuuf yaalii ni gaggeessita;
- ✓ Jijiirama fizikaalaa fi keemiikaalaa ni ibsita;
- ✓ Maloota makoota gara ruuqoolee isaaniitti ittiin dhilan ni ibsita, gochaan ni agarsiifta, jirenya kee keessattis itti fayyadamta;
- ✓ Ogummaalee qo'annoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilaaluun hubachuu, ramaduu, qunnamuu, gaaffilee gaafachuu, yaalii wixinuu, yaada xumuraa kennuu, yaad-rimee hojii irra oolchuu fi rakkoo hiikuu gochaan agarsiisu ni dandeessa.

GOCHA KA'UMSAA

Mee wantoota naannoo kee jiran tokko walitti qabii gara dareetti fidi. Kana boodas

- 1 Wantoota walitti qabde kana addaan baasi .
- 2 Wantoota kana addaan baasuuf kan akka ulaagaatti itti fayyadamte maali?

Gareedhaan irratti mari'adhaa. Yaada keessanis barattoot daree keessaniif dhiyeessaati yaada irratti waljijiiraa.

2.1 AMALOOTA WANTOOTAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ hiikkaa wantootaa ni kennita;
- ✓ hiikkaa amaloota fiizikaalaa wantootaa ni kennita;
- ✓ amaloota fiizikaalaa isaanii irratti hundaa'uun wantoota addaan ni baafta;
- ✓ yaalii hojjechuun amaloota fiizikaalaa wantootaa addaan ni baafta, gareenis gabaasa qopheessuun ni dhiyeessita.

Wantoonni naannoo keenyatti argaman jajjaboon, dhangala'oон yookiin gaasonni uumamaan kan argaman fi kan nam-tolchee ta'an hundinuu maatarii dha. Maatariin wanta bakka qabatuu fi hanga qabu dha. Bishaan, qilleensi, shukkarri, aannan, bineensotnii fi biqiltootni fakkeenyota maatariiti. Wantootni akaakuu maaterii keessaa isaan tokko fi haala murtawaa keessatti amaloota dhaabbataa kan qabanii dha. Naayitroojinii, oksijinii, ashaboo nyaataa, ayiraanii fi warqii akka fakkeenyatta tarreesuun ni dandaa'ama.

2.1.1 Amaloota Fiizikaalaa

GOCHA 2.1

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun dareef gabaasaa.

- 1 Wantoota armaan gadii maaliin addaan baafta?
 - a Ashaboo nyaataa fi shukkaara
 - b Alkoolii fi bishaan
- 2 Waraqaa fudhachuun halluu isaa fi faalkaa fiizikaalaa isaa xiinxali
- 3 Duungoo qabsiisuun gara waraqatichaatti yoo siqsite waraqatichi battalumatti gubachuu jalqaba. Gubiinsi waraqaa kun amala fiizikaalaa moo amala keemiikaalaati?

Wantootni amaloota kan mataa isaanii ta'ee fi wanta biroo irraa kan addaan ittiin ba'an qabu. Keemistootni wantoota addaan baasuuf amaloota bakka lamatti qoodanii q'atu. Isaanis: amaloota keemiikaalaa fi amaloota fiizikaalaa ti.

Amalootni keemiikaalaa amaloota wantootni yommuu jijiiraman wantoota haaraa uumuu isaanii agarsiisanii dha. Fakkeenyaaaf gubiinsi, dandaa'uun amaloota keemikaalaati.

Bishaan halluu dhabeessa ta'uu isaa yommuu ilaaltu, rukkina isaa yommuu safartu gara waan haaraatti ni jijiiramaa?

Amalootni fiizikaalaa wantootaa, jijiirama wantootni waan haaraa osoo hin uumin agarsiisanii dha. Amaloota kana gargaarsa qaamolee miiraatiin addaan baasuu ni dandeenya. Fakkeenyaaf, halluun, foolii, dhandhamni, bocni, faalkaan, qabxiin danfinaa, qabxiin baqinaa, dabarsuun ho'aa fi elektirikaa amaloota fiizikaalaa wantootaati.

GOCHA 2.2

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun yaada keessan waljijiiraa.

Amalootni fiizikaalaa kanneen akka foolii, halluun, dhandhamaa, qabxii danfinaa fi rukkinni kennamanii jiru.

- 1 Amaloota fizikaalaa armaan olii keessaa haala beekamaa ta'e keessatti kanneen hamma dhaabbataa qaban isaan kami?
- 2 Amaloota armaan olii keessaa kan qaama miiraan beekamuu danda'an isaan kami?
- 3 Amaloota isaan kamtu meeshaalee fayyadamun safaramuu danda'u?
- 4 Cabbiin finjaalatti naqamee daree keessa yoo kaa'ame maal ta'a?

Amaloota Fiizikaalaa Qooduu

Amalootni fiizikaalaa bakka afuritti qoodamuu ni danda'u.

Isaanis.

- ⌚ Amaloota fizikaalaa qaama miiraan addaan ba'an
- ⌚ Faalkaalee fiizikaalaa
- ⌚ Amaloota fizikaalaa safaramuu danda'an
- ⌚ Elektiriikii fi ho'a dabarsuu dha.

1 Amaloota fiizikaalaa qaamolee miiraatiin addaan ba'uu danda'an

Amalootni fiizikaalaa wantootaa kunnen amaloota qaamolee miiraa keenyaan beekuu dandeenyu dha. Fakkeenyaaf foolii, halluun fi dhandhama.

GOCHA 2.3

Daree keessatti irraatti mari'adhaatii, yaada keessanis barattoota daree keessaniif dhiyeessaa.

- 1 Qaamoleen miiraa kanneen halluu, foolii fi dhandhama ittiin addaan baafnu maal fa'i?
- 2 Wantoota dhandhama isaaniitiin addaan baasuu yaalun ni degeramaa? Maaliif?

Halluu: Halluun sababa wal qunnamtii wantootaa fi ifa gidduutti adeemsifamuun kan uumamuu dha. Wantootni halluuwan adda addaa qabaachuu ni danda'u. Halluuwan isaanii kuniin wantoota addaan baasnee akka beeknuuf nu gargaaru. Halluuwan beekamoo ta'an diimaa, keelloo, cuqliisa, magariisaa fi kan kana fakkaatani. Fakkeenyaaf, dhiigni halluu diimaa qaba, salfariin halluu keelloo qaba.

Foolii: Fooliin amala wantootaa kan fuunfachuun addaan baasnee akka beeknu nu gargaaru. Jechootni foolii ibsan kanneen akka urgaa, ajaawaa (ajaa'aa), cincaawaa, fi kan kana fakkaatani dha. Fakkeenyaaaf, burtukaanni ni urgaa'a, foon alaa'e ni ajaa'a.

Dhandhama: Dhandhamni amaloota fiizikaalaa wantoota addaan baafnee beekuuf nu gargaaran keessa isa tokko. Dhandhamni jechoota adda addaatiin addeeffamuu ni danda'a. Isaanis mi'aawaa, dhagaggaa'aa, hadhaa'aa, fi kan kana fakkaatanii dha. Wantootni tokko tokko summaawoo ta'uu waan danda'aniif dhandhamuun miidhaa nama irraan ga'uu danda'a. Fakkeenyaaaf sukkaarii ni mi'aawa, loomiin ni dhagagaa'a

Qaamolee miiraa keessaa kan dhadhamuuf nu gargaaruu maali?

2 Faalkaa fiizikaalaa

Faalkaan fiizikaalaa akkaataa wantootni haala murtaa'e keessatti itti argamani. Faalkaaleen fiizikaalaa maaterii sadeen jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii dha. Wanti tokko haala adda addaatti faalkaalee adda addaatiin argamuun ni danda'a. Fakkeenyaaaf digirii seentigireedii zeeroo gaditti bishaan jajjaboo dha. Digirii seentigireedii zeeroo fi dhibba gidduutti dhangala'oo, digirii seentigireedii dhibbaa olitti immoo gaasii dha.

3 Amaloota fiizikaalaa safaramuu danda'an

Amalootni fiizikaalaa wantootaa tokko tokko meeshaalee adda addaa fayyadamuun safaramuu ni danda'u. Amalootni kun haala beekamaa keessatti hamma dhaabbataa ta'e qabu. Akka fakkeenyaaatti qabxii danfinaa, qabxii baqinaa fi rukkina kaasuun ni danda'ama.

Qabxii Baqinaa: Qabxiin teempireecharaa kan jajjaboon baqanii gara dhangala'ootti itti jijiiraman qabxii baqinaa jedhama. Fakkeenyaaaf cabbiin sirrii diriira galaanaatti teempireechara digrii seentiigireedii zeerootti (0°C) gara bishaaniitti (dhangala'ootti) jijiirama. Kanaaf qabxiin baqinaa cabbii 0°C dha.

Qabxii Danfinaa: Wantootni dhangala'oon yommuu ho'ifaman gara faalkaa gaasiitti yookiin hurkaatti jijiiramu. Qabxiin teempireecharaa kan dhangala'oon gara faalkaa gaasiitti itti jijiiraman qabxii danfinaa jedhama. Fakkeenyaaaf bishaan qixa diriraa galaanatti digrii seentigireedii dhibba (100°C) irratti danfa. Kunis qabxii danfina bishaaniiti.

GOCHA 2.4

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun yaada keessan barattoota daree keessanii waliin waljijiiraa.

- 1 Meeshaan qabxii baqinaa fi qabxii danfinaa ittiin safaramu maali?
- 2 Teempireecharri dhangala'oon gara jajjabootti itti jijiiraman maal jedhama?
- 3 Teempireecharri jajjaboon gara dhangala'ootti itti jijiiramanii fi dhangala'oon gara jajjabootti itti jijiiraman wal qixaa?

Rukkina: Wantootni hundinuu bakka qabatu. Bakki kunis qabee jedhama. Rukkinni hanga wantichaa qabee isaatiin hiruun kan argamu dha.

$$\text{Rukkina} = \frac{\text{hangaa wantichaa}}{\text{qabee wantichaa}}$$

Yuuniitiin rukkinaa giraamaa / miiliilitira yookiin giraama / liitira dha.

Fakkeenyaa 1. Hangi sibiila tokkoo 10kg, qabeen isaa immoo 0.5cm^3 yoo ta'e, rukkinni isaa meeqa ta'a?

$$\begin{aligned}\text{Rukkinni Sibiilichaa} &= \frac{\text{hangaa sibiilichaa}}{\text{qabee sibiilichaa}} \\ &= \frac{10\text{kg}}{0.5\text{cm}^3} \\ &= 20\text{kg/cm}^3\end{aligned}$$

Fakkeenyaa 2. Rukkinni oksijiinii 1.43g/L , hangi isaa immoo gramii 32 yoo ta'e, qabeen isaa meeqa ta'a?

$$\begin{aligned}\text{Qabeen oksijiinii} &= \frac{\text{hangaa oksijiinii}}{\text{rukkinaa oksijiinii}} \\ &= \frac{32\text{g}}{1.43\text{g/L}} = 22\text{L}\end{aligned}$$

Gilgaala 2.1

- 1 Barataan tokko aluminiyeemii kan dheerinnii isaa seentiimetira 3.52, dhaabbanni isaa seentimeetira 2.55 ta'ee fi dalgeen isaa seentimeetira 2.67 ta'e tokko safare. Hangi aluminiyeemii kanaa giraama 61.68 yoo ta'e rukkinni isaa meeqa ta'a?
Hamma rukkinaa argatte kana hamma rukkina aluminiyeemi isa beekamaa ta'een waliin madaali. (rukkina aluminiyeemii beekamaa ta'e kitaabolee keemistirii adda addaa irraa argachuu ni dandeessa)
- 2 Rukkinni wantaa fi teempireecharri hariiroo isaan qaban ibsi.

4 Dabarsuu elektiriikii fi ho'aa

Amalli kun dandeetti dabarsuu elektiriikii fi ho'aa wantootaati. Dandeettiin akkasii kun amala fizikaalaa sibiilotaa kanneen akka koopparii, aluminiyeemii, ayiranii, meetii fi ziinkii ti. Yaaliwwan armaan gadii amaloota fizikaalaa wantoota tokko tokkoo qo'achuuf ni fayyadu.

Yaalii 2.1

Mata duree: Amaloota fiizikaala wantootaa qo'achuu.


Kaayyoo yaalichaa: Rukkinaa wantootaa fi dabarsoo ta'uun isaanii qo'achuu.

Meeshaalee barbaachisan: Saantimoota abbaa shantamaa sadii, madaala biimii, bishaan, siliindarii safaraa, dhagaa baatirii, ija baatirii fi shiboo koopparii citaa lama.

A Rukkina wantootaa qa'achuu

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu:

- 1 Madaala biimii fayyadamuun hanga saantima abba shantamaa sadeen safarii galmeessi.
- 2 Siilindarii safaraa kan saantimootni kunneen keessa seenuu danda'u fudhachuun
 - a bishaan miliilitira shantama siliindarii safarichaatti naqi.
 - b Saantimoota abbaa shantamaa sadeen hangi isaanii safarame siilindarii safaraa kana keessa tartiiba tartiibaan buusi. *Fakkii 2.1* ilaali. Jijiirama qabee bishaanichaa erga saantimootni keessa bu'anii argite galmeessi.



Fakkii 2.1 Rukkina wantootaa barbaaduu


Hubannoo fi Xiinxallii

- i Hangi waliigalaa saantimoota sadeenii hammami?
- ii Qabeen waliigalaa saantimoota sadeenii hammami (qabee saantimootaa = qabee erga saantimootni itti naqamanii galmaa'e – mililiitira shantama)
- iii Rukkinni saantima abbaa shantamaa tokkoo meeqa?

B Dabarsoo elektirikii wantootaa qo'achuu

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu:

Mismaara tokko fudhachuun shiboon dhagaa baatirii gara pozeetiivii fi negaatiivii walitti qabsiisi. *Fakkii 2.2* ilaali. Shiboo lamaan giddutti immoo ija baatirii hidhuun akka inni ifu fi dhiisu ilaali.



Hubannoo fi Xiinxallii

Fakkii 2.2 Dabarsummaa elektiriikii wantootaa

Iji baatirichaa ifa kennee jiraa? Kun maal agarsiisa?

Waan hubatte gabaasuun daree keessatti irratti mari'adhaa.

2.1.2 Amaloota Fiizikaalaa Isaanii Irratti Hundaa'uu Wantoota Addaan Baasuu

Wantootni lama karaa hundaan amaloota fiizikaalaa walfakkataa qabaachuu ni danda'u?

Wanti hundi amala fiizikaalaa kan mataa isaa qaba. Amalli kunis wanta tokko isa biroo irraa addaan baasuuf nu fayyada. Wantootni lama amaloota fiizikaalaa walfakaataa qabaachuu ni danda'u. Garuu amalootni fiizikaalaa isaanii marti walfakkaatoo ta'uu dhiisu ni danda'u.

Yaalii armaan gadii irraa amaloota fiizikaalaa isaanii irratti hundaa'uu wantoota addaan baasuu akka dandeessuuf ogummaa argatta. Yaalii kana gareen mari'achaa hojjedhaa.

Yaalii 2.2

Mata duree: Wantoota hin beekamne amaloota fiizikaalaa isaanii irratti hundaa'uu addaan baasuu.

Kaayyoo yaalichaa: Amaloota fiizikaalaa wantootaa tokko tokkoo qorachuu.

Meeshaalee barbaachisan: shukkaara, dhagaa hoofi, daakuu waalgaa (saalfarii), daakuu zinkii, daakuu cilee, bishaan, biikaroota shan, fal'aanaa fi irbaa (mooqaa).

Barsiisaan keessan wantoota hin beekamne shan qubeewan A, B, C, D fi E dhaan moggaasee isinii kenna. Wantootni qubeedhan moggaafaman kunniin shukkaara, dhagaa hoofi, waalgaa (saalfarii), zinkii fi cilee ta'uu nidanda'u. Qajeelfama yaalii armaan gadii irratti hundaa'uu wantoota kanneen addaan baasi.

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu:

- 1 Wantoota shanan qubee A irraa hanga E tti kennaman qorachuun faalkaa fi halluu isaanii ilaachisee waan hubatte barreessi.
- 2 Biikaroota shan fudhachuun bishaan miliilitira shantama tokkoo tokkoo isaaniitti naqi. Kana booda wanta qubee A dhaan moggafame fal'aana tokko biikarii isa jalqabaatti, B fal'aana tokko isa lammataatti, akkuma kanaan C, D fi E falaana tokko tokko biikara isaan sadaffaa, arfaffaa fi shanaffaatti naqi. Makoota biikaroota shanan keessa jiran mooqaan sochoosi (waliin maki). Maal hubatte?

Waan hubatte gabatee armaan gadii keessatti barreessi.

Wantaa	Faalkaa	Halluu	Bulbulamina bishaan keessatti
A			
B			
C			
D			
E			

Hubachisa:

Barsiisaan kee gabatee amaloota wantoota armaan olii of keessatti qabu dhumarratti waan sii kennuf argannoo kee isa gabaticha keessa jiruu waliin walbira qabii ilaali.

Hubannoo fi xiinxallii

- i Wantootni qubeewwan A, B, C, D fi E dhaan moggaafaman maal akka ta'an himi.
- ii Gabaasa laaboraatorii barreessun barsiisaa keetti kenni.

Gocha armaan gadii irraa amaloota fizikaalaa isaanii irratti hundaa'uun wantoota akkamitti adaan baasuu akka dandaa'amu ni hubatta.

GOCHA 2.5

Gareen marii gochuun waan hubattan dareef gabaasaatii yaada waljijiira.

Gabatee 2.1 Amaloota fiizikaalaa elementoota filataman tokko tokkoo.

Elementoota	Qabxii baqinaa (°C)	Qabxii danfinaa (°C)	Rukkina
A	-39	357	13.5
B	660	2467	2.7
C	1085	2570	9.0
D	1530	2861	7.9
E	-7.2	58.5	3.10
F	115.2	444.6	1.96

Gabatee 2.1 keessatti elementootni qubeewwan A irraa hanga F tiin bakka bu'amani qabxii danfinaa, qabxii baqinaa fi rukkina isaanii irratti hundaa'uun akka addaan baaftuuf siif kennamanii jiru.

- 1 Qubeewwan hubannoowwan armaan gadii waliin walsiman barreessi
 - a Elementii digirii seentigireedii 357 tti danfuu fi rukkinni isa 13.5 ta'e.
 - b Elementii qabxiin baqina isaa 1085°C ta'ee fi rukkinni isa 9.0 ta'e.
 - c Elementii qabxiin danfina isaa 2467°C ta'ee fi qabxiin baqina isaa 660°C ta'e.
 - d Elementii qabxiin baqinaa isaa -7.2°C ta'ee fi rukkinni isaa 3.10 g/cm³ ta'e.
- 2 Barsiisaan kee gabatee amaloota fizikaalaa elementoota tokko tokkoo siikenna. Gabatee kana irratti hundaa'uun maqaa elementoota qubeewwan A, B, C, D, E fi F dhaan moggaafaman barreessi.

Yaalii 2.3

Mata duree – Amaloota fizikaalaa isaanii irratti hundaa'uun sibiilota addaan baasuu

Kaayyoo yaalichaa – Amaloota fizikaalaa isaanii hubachuun sibiilota addaan baasuu

Meeshaalee barbaachisan – Meerkurii, koopparii, ayiranii, aluminiiyeemii, liidii, soodiyeemii fi maagineetii.

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu

- 1 Meerkurii irraa kan hafe sibiilotni armaan olii gara magneetiitti harkifamuu fi dhiisuu isaanii mirkanoeffadhu. Sibiila isa kamtu gara magneetiitti harkifama? Isa kamtu immoo hin harkifamne?
- 2 Sibiilota kanneen siriitti ilaaliit waan hubatte gabatee armaan gadii keessatti barreessi. Waan ati barreessite amaloota kanneen akka halluu, faalkaa, ulfaatinaa fi salphina, maagneetawaa fi miti-maagneetawaa qabaachuu qaba.

Amaloota fizikaala hubataman				
Sibiilota	Halluu	Faalkaa	Salphaa ykn ulfaataa	Magneetawaa ykn miti-magneetawaa
Meerkurii				
Koopparii				
Ayiranii				
Alumiiniyeemii				
Liidii				

Hubannoo fi xiinxallii

- i Sibiilli dhengala'aa fi halluu adii-meetawaa qabu isa kami?
- ii Sibilli halluu diimaa – magaalawaa isaatiin beekaamuu danda'u isa kami?
- iii Sibiilli salphaan, halluu adii – meetawaa qabuu fi maagnetitti harkifamu isa kami?
- iv Sibiilli halluun isaa daalacha ta'ee fi rukkina guddaa qabu isa kami?

Gabaasa yaalii barreessuun dareef dhiyeessaatii irratti mari'adha.

Gilgaala 2.2***I Gaaffilee armaan gadii soba yookiin dhugaa jechuun deebisi.***

- 1 Qilleensi bakka hin qabatu, hangas hin qabu. Kanaaf wanta miti.
- 2 Bishaan digirii seentigireedii zeeroo gadittii fi digirii seentigireedii shantama irratti faalkaalee adda addaatiin argama.
- 3 Amalootni wantootaa kan utuu rukkina isaanii hin jijjiiramin hubataman amaloota fizikaalaati.
- 4 Ayiraniin dabarsoo ho'aa ta'uun isaa amala keemiikaalaa isaati.
- 5 Wantootni adda ta'an amaloota wal fakkaataa qabaachuu ni danda'u.
- 6 Teempireecharri jajjaboon itti baqanii fi dhengala'oone gara jajjabootti itti jijjiiraman wal qixa.
- 7 Amalootni fizikaalaa, wantoota addaan baasanii beekuuf ni fayyadu.

II Gaaffilee araan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

- 8 Amalli wantootaa kan safaramuu danda'u isa kami?
- A Rukkina C dhandhama
 B Halluu D foolii
- 9 Qabxiin teempireecharii kan wantootni dhangala'oon gara jajjabotti itti jijiiraman maal jedhama?
- A qabxii danfinaa C qabxii diilallinaa
 B qabxii baqinaa D qabxii hurkinaa
- 10 Elementoota araan gadii keessaa kamtu caalaa dabarsoo elektirikii ti?
- A ayiranii C kaarboonii
 B koopparii D Walgaa (saalfarii)
- 11 Jechoota araan gadii keessaa kan dhadhama hin addeessine kami?
- A hadhaa'aa C gurraacha'aa
 B mi'aa D dhangaggaa'aa
- 12 Amaloota fiizikaalaa araan gadii keessaa kan qaama miiratiin addaan ba'uu hin dandeenye kami?
- A halluu C rukkina
 B dhandhama D foolii
- 13 Kanneen araan gadii keessa kan dhadhamaa fi haallu bishaanii addeessan isaan kamii?
- A hadhaa'aa fi hallu-dhabeessa
 B dhangaggaa'aa fi adii
 C minyaa'waa fi hallu-dhabeessa
 D dhandhama-dhabeessaa fi hallu-dhabeessa

III Gaaffilee araan gadiif deebii gabaabaa kenni

- 14 Jechoota araan gadii keessaa isaan kam akka amaloota fiizikaala ibsaaniif isaan kamtu amaloota kemiikaalaa akka ibsan addaan baasi.
- a Cileen qilleensa keessatti yommuu gubatukaarboondaayooksaayidii uuma.
 b Itaanooliin digirii sentigireedii torbaatamii saddeet (78°C) irratti danfa.
 c Walgaan (saalfariin) tempireechara dareetti halluu keeloo qaba.
 d Meerkuriin sibiila dhangala'aa fi halluu adii – metawaa qaba.
 e Meetiin dabarsaa elektirikiti.
 f Bakka jiidhaa fi qilleensi jiranitti ayiraniin dandaa'uun oksaayidii uuma.
 g Beenzinni dhangala'aa gubachuu danda'u dha.
- 15 Wantoota araan gaditti cimdiin kaa'aman addaan baasuuf amaloota fiizikaalaa fayyadan lama barressi.
- a Koopparii fi meetii C Waalgaa fi ayiranii
 b Bishaanii fi beenzina

2.2 WANTOOTA RAMADUU

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ wantoota, wantoota qulqulluu fi makaatti ni ramadda;
- ✓ hiiikaa wantoota qulqulluu ni kennita;
- ✓ hiiikaa elementootaa fi kompaawundootaa ni kennita,
- ✓ elementoota sibiilota, sibiilalootaa fi gariin sibiilotaatti ni ramadda;
- ✓ fakkeenyota sibiilota, sibiilalootaa fi garii sibiilotaati ni kennita;
- ✓ garaagarummaa elementootaa fi kompaawundootaa ni ibsita;
- ✓ garaagarummaa makootaa fi kompaawundootaa addaan baasuuf gareen yaalii ni gaggeessitu;
- ✓ kompawundoota gara oksaayidootaa, asiidotaa, beezotaa fi ashaboolleetti ni ramadda;
- ✓ fakkeenyota oksaayidootaa, asiidotaa, beezotaa fi ashaboollee ni kennita;
- ✓ hiiikaa makootaa ni kennita;
- ✓ hiiikaa makoota gos-tokkee fi makoota gos-addee ni kennita;
- ✓ makoota gos-tokkee fi makoota gos-addee waliin ni madaalta, waliinis ni dorgomsiista.

Keemistootni maaliif wantoota qulqulluutti fayyadamuu fi maloota qulqulleessuu wantootaa barachuu barbaaduu?

2.2.1 Wantoota Qulqulluu fi Makoota

Wantoota haala ruqoolee isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti ramaduun ni danda'ama. Isaanis *wantoota qulqulluu* fi *makoota* dha. wanti qulqulluun ruuqoo tokko yookiin tokkoo ol of keessaa qabaachuu danda'a. Wanti tokko ruqoolee lamaa fi isaa ol reeshoo adda addaan walitti makamanii of keessaa yoo qabaate makaadha. Ruqooleen makootaa makaa keessattii amaloota isaanii hin jijjiiran.

GOCHA 2.6

Gocha armaan gadii gareen hojjechuun waan hubattan irratti yaada wal jijjiiraa.

Wantoota naannoo keetti argaman kanneen akka bishaan ujummoo yookiin bishaan albuudaa saamsamee, qalamaa, aannanii, ayiraanii, oksijiinii, koopparii, warqii, shukkaara, ashaboo nyaataa fi kaarboondaayoosaa yidii tarreessi. Wantoota tarreessite kanneen wantoota qulqulluu fi makootatti ramadi. Ulaagaaleen wantoota kana ittiin ramadde maali?

Gilgaala 2.3

- 1 Fakkeenyota wantoota qulqulluu kan armaan olitti kennaman irraa adda ta'an tarreessi.
- 2 Wantoonni kanneen akka qalamaa, aannnanii fi qilleensa maaliif makoota akka ta'an ibsi.

2.2.2 Elementootaa fi Kompaawundoota

GOCHA 2.7

Barattoota garee kee keessa jiran waliin mari'achuun yaada keessan wal jijiiraa.

- 1 Wantootni qulqulluun armaan gadiitti kennamanii jiru; ayiranii, bishaan, oksijinii, koopparii, warqii, shukkaara, ashaboo nyaataa, kaarboondaayooksaayidii, walga, kaarboonii, haayidiroojinii, meetii, kiloorinii, meerkurii, biroominii fi soodiyeem haayidrooksaayidii.
Wantoota qulqulluu armaan olii keessaa
 - a elementootaa kan ta'an isaan kami?
 - b kompaawundoota kan ta'an isaan kami?
- 2 Wantoota guyaa guyyaan itti fayyadamtu keessaa yoo xiqaate ja'a tarreesuun wantootni kenneen elementoota, kompaawundota yookiin makoota ta'u isaanii himi.

Wantootni qulqulluun *elementootaa* fi *kompaawundoota* jedhamuun ramadamu.

Elementoota

Elementoonni wantoota qulqulluu kanneen wantoota xixiqqoo birootti haala keemikalawaa salphaatiin hin digamne dha. Elementoonni atoomota akaakuu tokkoo ta'an qofa irraa kan ijaarramani dha. Elementootni maatarii gosa tokkicha qabu. Fakkeenyaaaf elementiin warqii, atoomota warqii qofa qaba.

Yeroo ammaatti gara elementoota 117 tu jiru. Isaan keessa 92 uumamaan kan argaman yommuu ta'u kanneen hafan immoo elementoota nam-tolchee dha.

Elementootni sibiilotaa, sibiilalotaa fi gariin sibiilotaa jedhamuun bakka sadiitti qoodamu.

Sibiilot: Sibiilotni elementoota biroo irraa addaan ba'anii kan ittiin beekaman amaloota mataa isaanii qabu. Isaan keessaa beekamoo kan ta'an sibiilotni ni calaqqisu, dabarsoo elektiriikii fi ho'aa ti, ni shibooffamu, tumamuun ni batteeffamu. Teempireechara dareetti, meerkurii fi gaaliyeemii irraa kan hafe, sibiilotni hunduu jajjaboo dha.

Sibiilaloot: Sibiilalootni elementoota amaloota sibiilaa hin qabnee dha. Sibiilalootni faalkaalee sadanuun argamuun ni danda'u.

Teempireechara dareetti sibiilalootni faalkaa gaasii qaban oksijiinii, haayidiroojiinii, naayitiroojiinii, kiloorinii fi kan kana fakkaatani dha. Kaarbooniin, ayoodiniin, foosfarasiinii fi waalgaan jajjaboo yommuu ta'an biroominiin garuu dhangala'oo dha.

GOCHA 2.8

Gocha kana gareen mari'achuun yaada keessan waljijiiraa.

Elementoonni armaan gadiitti kennamanii jiru:

Ayiranii, Oksijiinii, Koopparii, Warqii, Waalgaa, Kaarboonii, Meetii, foosfarasii, Ayoodinii, Ziinkii, Aluminiyeemii, Liidii, Soodiyemii, Filoorinii fi Kaalsiyemii.

- 1 Elementoota armaan olii sibiila fi sibiilaloota tti ramadi. Ramaddii kanaaf ulaagaan ati fayyadamte maali?
- 2 Sibiilaloota kan ta'an (kan armaan olii keessaa) teempireechara dareetti kan jajjaboo, gaasii fi dhangala'oo taa'an addaan baasi.

Gariin sibiilota: Elementootni kuniin amaloota sibiilotaa tokko tokkoo fi amaloota sibiilalootaa tokko tokko kan qabaniif dha. Elementootni kun amaloota giddugaleessa sibiilotaa fi sibiilalootaa waan qabaniif gariin sibiilota jedhamu. Fakkeenyaaaf booroonii, silikoonii, jermaaniyeemii, arsanikii, antiimoonii, teluriyeemii fi polooniyeemiin elementoota gariin sibiilotaa ti.

Kompaawundoota

kompaawundoonni wantoota qulqulluu elementoota akaakuu lamaa yookiin lamaa ol irraa uumamanii dha. Kara biroon elementootni gara garaa walnyaatiinsa keemikaalaa gaggessuun kompaawundoota uumu.

GOCHA 2.9

Armaan gaditti kompaawundooni atoom gos lameen tokko tokko isinii kennamanii jiru.

Gareen ta'uun elementoota kompaawundoonni kunnii irraa uumaman himaa.

- a Soodiyem kiloraayidii
- b Pootaasiyem biroomaayidii
- c Maagniiziyem ayyoodayidii
- d Ayiran salfaayidii
- e Kooppar oksaayidii

Kompaawundoonni adeemsa keemikaalaatiin gara elementoota irraa uumamaniitti gargar diigamuu ni danda'u. Garuu adeemsa fizikaalaatin qabiyyee isaaniitti gargar diiguun hin dandaa'amu. Sababiin isaa kompaawundoonii elementootaa jijjiirama keemikaalaa gaggeessuun malee kan walmakanii makaa uuman waan hin taaneefi. Amaloonni kompaawundii amaloota elementoota irraa uumaman irraa adda. Fakkeenyaaaf bishaan kompaawundii elementoota haayidroojiinii fi oksijiinii irraa uumamee dha. Tempireechara dareetti bishaan dhangala'oo dha. Oksijiinii fi haayidiroojiinii garuu gaasota. Haayidiroojiinii ni gubata, bishaan garuu hin gubatu.

Kompaawundoonni akaakuu elementoota of keessaa qabanii fi amaloota keemikaalaanisaanii irratti hundaa'uun garee adda addaatti ramadamu. Gareen kunniin oksaayidoota, asiidota, beezaataa fi ashaboolee dha.

GOCHA 2.10

Barsiisaan keessan gara mana yaalii manbarnootaa keessaniitti akka isin geessuu gaafadhaa. kana boodas kompaawundoota mana yaaliichaa keessatti argaman walitti qabuun gareewwan armaan oliitti (oksaayidoota, asiidota, beezaataa fi ashabooleetti) ramadaa.

Oksaayidoota

Oksaayidoonni kompaawundoota atoom-goslamee elementii oksijinii fi elementii biroo of keessaa qabaanii dha. Fakkeenyaaaf: kaarboon daayooksaayidii, salfar daayooksaayidii, alumiiniyem oksaayidii, soodiyem oksaayidii fi kan kanaa fakkaatan oksaayidoota dha. Mee Fakkeenya oksaayidootaa kanneen biroo dabalataan kenni.

Asiidota

Cuunfaan loomii fi burtukaanaa maaliif dhangaggaa'a?

Asiidoonii kompaawundoota walnyaatiinsa oksaayidoota sibiilalawoo fi bishaan giddutti ta'uun uumamanii dha. Fakkeenyaaaf asiidoonni kanneen akka kaarboonik asidii, salfarik asiidii, naayitirik asiidii fi foosfarik asiidii karaa kanaan kan uummanii dha. Mee oksaayidoota sibiilalawoo bishaanii wajjin walnyaachuun asiidootaa kanneen uuman maqaa isaanii himi. Asiidoonni tokko tokko kompaawundoonni haayidroojiinii fi sibiilaloota biroo bishaan wajjin yommuu walnyaatan uumamuu ni danda'u. Fakkeenyaaaf haayidroojin kiloraayidiin bishaan keessatti haayidrookiloorik asidii kenna. Haala kanaan haayidroojin salfaayidiin bishaan keessatti maal kenna?

Asiidonni uumamanis naannoo keenyatti argamu ni danda'u. Mee fakkeenya asiidota uumamaan argaman tokko tokko akka fakkeenyatti tarreessi. *Fakkiin 2.3* Asiidota tokko tokko agarsiisa.



Fakkiin 2.3 Asiidoota tokko tokko

Beezota

Oksaayidoonni sibiilawoon bishaan waliin walnyaatiinsa taasisuun beezota uumu. Beezonni bishaan keessatti bulbulamuun ayoonota haayidrooksaayidii(OH⁻) kennan alkaalaayota jedhamu. Fakkeenyaaaf: Soodiyem haayidrooksaayidii, kaalsiyem haayidrooksaayidii (bishaan nooraa) fi bulbulli amooniyaa (amooniyem haayidirooksaayidiin) alkaalaayota.




Fakkii 2.4 Beezota tokko tokko

Ashaboollee

Ashaboolleen kompaawundoota walnyaatinsa asiidootaa fi beezota gidduutti gaggeeffamuura uumamanii dha. Walnyaatinsi kun walnyaatinsa hinbaabsawoo jedhamu.

Fakkeenyaaaf: soodiyem kiloorayidiin, koopar salfeetii fi soodiyem haayidroojin salfeetiin ashaboollee dha. Mee fakkeenyaaashaboollee kannen biroo beektu tokko tokko dabalatan himi.



Fakkii 2.5 Ashaboollee tokko tokko

Gilgaala 2.4

- 1 Kompaawuudoota armaan gadiitti maqaan isaanii kenne garee isaanii addaan baasii barreessi.

A Siitiriik asiidii D Salfar daayooksaayidii
B Maagniziyem salfeetii E Alumiinyem kilooraayidii
C Pootaasiyem haaydrooksaayidii F Ayiran kaarbooneetii
G Kaalsiyem biroomaayidii

2 Jechoota armaan gadiif hiikkaa isaanii kenni.

A Asiidii C Oksaayidii
B Beezii D Ashaboo

Makoota

Gocha 2.11

Waantoota armaan qadii qara dareetti fiduun makoota isaanii irratti mari'adhaa.

- ⇒ Cirrachaa fi qamadii
 - ⇒ Daakuu ayiranii fi daakuu salfarrii
 - ⇒ Sukkaaraa fi bishaan
 - ⇒ Ashaboo nyaataa fi cirracha



Makkota armaan olii keessaa kanneen ruqooleen isaanii ijaan hinarqamne isaan kami?

Kanneen ruqooleen isaanii ijan argaman hoo? Bulbula sukkaaraa keessaa sukkaara deebisanii argachuun ni danda'amaa? yoo ni daada'ma ta'e mala kamiin?

Wantoonni akaakuu lamaa yookiin lamaa ol ta'an adeemsa fizikaalaan walitti yoo makaman makaa jedhamu. Wantoonni adeemsa kanaan walitti makaman kunniin makicha keessatti amaloota fizikaalaa adda addaa qabu. Garaagarummaan kunis makoota ruuqoolee isaaniitti gargar dhiluuf faayidaa irra oola.

Fakkeenyaaf:

- ⇒ *Aannan makaa bishaanii, cooma, pirootinii fi kaarboohaayidreetii ti*
 - ⇒ *Shaayiin makaa bishaanii, suukkaaraa fi cuunfaa baala shaayii ti.*
 - ⇒ *Qilleensi makaa gaasota adda addaa kanneen akka naayitiroojiinii, oksijinii, kaarboon daayooksaayidii, gaasota luujii fi hurka bishaanii ti. Mee makoota biroo beektu akka fakkeenyatti dabalataan kenni.*



Fakkii 2.6 Makoota tokko tokko

Makoonni bakka gurguddoo lamatti ramadamu. Isaanis: makoota gos addee fi makoota gostokkee dha.

Makoota Gos tokkee


Makoonni gos tokkeen makoota ruqooleen keessa jiran maal akka fakkaatanii fi maal fa'a akka ta'an ijaan yookiin maayikrooskoopiin ilaaluun beekuun hin dandaa' amnee dha. Ruuqooleen makaa gos tokkee erga walitti makamanii walfudhatanii booda waan bifa tokko qabaataniif addaan baasanii beekuun hin danda' amu. Fakkeenyaaaf: bulbul sukkaaraa fi bishaanii, qilleensi, balbulli ashaboo nyaataa fi bishaanii makoota gos tokkee dha.




Fakkii 2.7 **Copper (II) Salfeetii fi bishaan, Makaa gos tokkee**

Makoota Gos addee

Ruqooleen makaa tokkoo maal akka fakkaatanii fi maal fa'a akka ta'an ijaan yookiin maayikrooskoopiin ilaaluun beekuun yoo dandaa' ame makichi makaa gos addee jedhama. Mee fakkeenyaa makoota gos addee tokko tokko himi.



Fakkii 2.8 a) Dhiigaa, makaa gos addee



b) Giranaayitii , makaa gos-addee

30 KEEMISTIRII KUTAA 7

Makoota gos tokkee fi gos addee waliin madaaluuf *Gabatee 2.2* ilaali.

Gabatee 2.2 Makoota gos tokkee fi gos addee waliin madaaluu.

Makoota Gos tokkee	Makoota Gos addee
⇒ Qabiyyeen isaa adda bahe hinmul'atu	⇒ Qabiyyee gosa adda addaa of keessa qabu.
⇒ Ruqoolee isaanii gidduu daangaan ifatti mul'atee argamu hinjiru.	⇒ Ruqoolee isaanii gidduutti daangaan ni mul'ata.
⇒ Ruqooleen isaanii ijaan yokiin maayikirooskoopiin gargar ba'anii hin beekaman	⇒ Ruqooleen isaanii ijaan yookiin maayikirooskoopiin gargar ba'anii ni beekamu.
⇒ Bifa tokko qofa qabu	⇒ Bifa tokkoo ol qabu.

Yaalii 2.4

Mata duree – Garaagarummaa koompaawundii fi makaa hubachuu.


Kaayyoo yaalichaa – Garaagarummaa koompaawundii fi makaa qo'achuu.

Meeshaalee barbaachisan – Maageneetii, daakuu ayiranii, daakuu salfarii, ujummoo yaalii, gubduu bansanii, fuullee guddisaa, bishaan, biikarii.

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu

Kutaa I.

- ⇒ Ayiranii graama 10 fi daakuu salfarii graama 6 waliin maki. Makaa kana fuullee guddisaa jalatti ilaali.
- ⇒ Walakkaa makaa kanaa waraqaa xiqqoo irratti naquun mataa maageneetii (harkisaa) gartokkoon gara makichaatti siqsi.



Fakkii 2.9 a) Makaa ayiranii fi salfarii b) Makaa ayiranii fi salfarii keessaa ayiranii addaa baasuu
Hubannoo fi xiinxallii

- i Maageneetii gara makaa ayiranii fi salfaritti yommuu siqsite maal hubatte?
- ii Makaa kana fullee guddisaa jalatti yommuu ilalte maal hubatte?

Kutaa II.

- ⇒ Makaa isa hafe uujummooy aaliitti naqi. Ujummooy yaalii makaa qabu kana gubduu baansanii irra qabuun hoo'isi.
- ⇒ Walnyaatinsi erga raawwatee booda ujummooy yaalii kana gara hoo'aa isaa bishaan qabbanaa'aa biikarii keessa jiru keessa cuubuun akka inni cabu godhi.
- ⇒ Firii argamee fudhachuu erga daaktee booda fuullee guddisaa jala kaa'uun ilaali. Maagneetii gara firii argattee kanatti siqsi.



Fakkii 2.10 Gubiinsa makaa ayiranii fi salfarii.

Hubannoo fi xiinxallii

- i Daakuu firii argamee kana fuullee guddisaa jalatti yommuu ilaalte maal hubatte?
- ii Maagneetii (harkisaa) gara daakuu kanaatti yommuu siqsite maal hubattee?
- iii Yaaliwwan armaan olii (yaalii I fi II) keessaa kan kompaawundii mul'isu isa kamii? Kan makaa mul'isu hoo?
- iv Yaalii isa kam keessatti jijiiramni keemikaalaa gaggeeffamee? Jijiiramni fizikaalaa hoo?

Amalooni waliigalaa makootaa fi kompaawundootaa *Gabatee 2.3* keessatti kennamanii jiru.
Gabatee 2.3 Amaloota waliigalaa makootaa fi kompaawundootaa.

Kompaawundii	Makaa
⇒ Qabiyyee dhaabbataa ta'e qaba	⇒ Qabiyyee gegeedaramaa qaba.
⇒ Amala wantoota jalqabaa irraa adda ta'e qaba	⇒ Ruuqoleen isaa amaloota isaanii isa jalqabaa eegatanii hafu.
⇒ Foormulaa dhaabbataa ta'e qaba.	⇒ Foormulaa dhaabbataa ta'e hin qabu.
⇒ Sababa jijiirama keemikaalaatiin uumama	⇒ Sababa jijiirama fizikaalaatiin uumama
⇒ Ruuqoleen isaa adeemsaa keemikaalaa qofaan gargar ba'u.	⇒ Ruuqoleen isaa adeemsaa fizikaalaatiin gargar ba'u.
⇒ Qabxii baqinaa fi qabxii daafinaa murtaa'aa ta'e qaba.	⇒ Qabxii baqinaa fi qabxii danfinaa murtaa'aa ta'e hin qabu.
⇒ Anniisaan haala ifaa yookiin hoo'aa tiin ni ba'a yookiin ni fudhatama.	⇒ Anniisaan haala ifaa yookiin hoo'aaan ba'u yookiin fudhatamu hin jiru.

Gilgaala 2.5

- 1 Waantoota armaan gadii elementii, kompaawundii fi makaatti ramadi.
- | | |
|-------------|------------------------------|
| A Aannan | F Qalama |
| B Ashaboo | G Qilleensa |
| C Sukkaara | H Bishaan qulqulluu |
| D Siilvarii | I Saantima |
| E Waraqaan | J Bulbulashaboo fi bishaanii |
- 2 Wantoonni armaan gadii wantoota qulqulluu yookiin makoota ta'uu isaanii gargarbaasuun barreessi.
- | | |
|--------------------|----------------------------------|
| A Bishaan galaanaa | E Alkoolii |
| B Warqii | F Kaarboonik asiidii |
| C Zayita | G Pootaasiyem haayidrooksaayidii |
| D Dhiiga | H Beenzina |
- 3 Kanneen armaan gadii keessa makoota gos tokkee kan ta'an isaan kami? Makoota gosaddeen hoo?
- | | |
|-------------|-------------------------------|
| A Aannan | E Makaa zayitaa fi bishaanii |
| B Dhiiga | F Makaa ashaboo fi sukkaaraa |
| C Biyyee | G Shaayii |
| D Qilleensa | H Makaa alkoolii fi bishaanii |
- 4 Bishaanni kompaawundii malee makaa akka hintaane sababa lama kenni?

2.3 JIJJIRAMOOTA NAANNOO KEENYAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ hiikkaa jijiirama fiizikaalaa ni keennita;
- ✓ fakkeenyota jijiirama fiizikaalaa ni kennita;
- ✓ hiikkaa jijiirama keemikaalaa ni kennita;
- ✓ fakkeenyota jijiirama keemikaalaa ni kennita;
- ✓ amaloota isaanii fayyadamuun garaagarummaa jijiirama fiizikaalaa fi jijiirama keemikaalaa ni ibstita;
- ✓ gareen ta'uun jijiiramoota fiizikaalaa fi keemikaalaa irratti gochaalee sasalphoo hojjechuun gareen ni dhiyeessita.

GOCHA 2.12

- 1 Naannoo keessanitti buddeenni maal irraa hojjetama?
Mee wanti buddeen irraa hojjetamu kun xaafidha ha jennu. Xaafin callaa isatii jalqabee hanga buddeen ta'ee nyaatamuun qaama namaaf bu'aa kennuutti jijiiramoota akkamii keessa akka darbu tarreessuun gareen irratti mari'adhaa.
- 2 Jijiiramoota naannoo keessanitti argaman kanneen biroo barreessuun irratti mari'adhaa.
Waan barressitan barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

Wantoota naannoo keenyatti argaman keessatti yeroo baay'ee jijiiramni ni gaggeeffama. Namoonni ni dhalatu, ni guddatu, ni du'u. Biqilooni adda addaa ni dhaabamu, ni guddatu, ni daraaru, firii ni godhatu, ni gogu. Boba'aan gubachuun konkolaataan akka deemu godha, cabbii baquun gara dhangala'oo (bishaanii) tti jijiirama. Walumaa galatti jijiiramni wantoota naannoo keenyaa uumaman yookiin haala adda addaan adeemsifamuu ni danda'a.

Jijiiramooni naannoo keenya keessatti gaggeeffaman bakka lamatti ramadamu. Isaanis: Jijiirama fiizikaalaa fi jijiirama keemikaalaa ti.

2.3.1 Jijiirama Fiizikaalaa

Jijiiramni fiizikaalaa jijiirama wanti tokko utuu qabiyyeen isaa hin jijiiramiin gaggeeffamuu dha. Karaa biroon jijiirama wanticha gara wanta haaraa biraatti hin jijiirree dha. Fakkeenyaaaf: Salfarii daakuun, ashaboo bishaan keessatti bulbuluun, cabbii baqisuun, bishaan danfisuun jijiiramoota fiizikaalaa ti. Mee jijiiramoota fiizikaalaa biroo dabalaataan kenni. Walumaa galatti jijiiramni fiizikaalaa salphaatti kan duubatti deebi'u danda'u fi kan wanta haaraan keessatti hin uumamnee dha.

2.3.2 Jijiirama keemikaalaa

Wanta tokko irratti jijiiramni gaggeeffamee jijiirama kana keessatti wanti haaraan yoo uumame jijiiramni kun jijiirama keemikaalaa jedhama. Fakkeenyaaaf gubachuun waraqaa, daanda'uun ayiranii, adeemsi fotosinteesisi jijiirama keemikaalaa ti. Walumaa galatti jijiiramaa keemikaalaa duubatti deebisuun rakkisaa dha. Armaan gaditti maloota kanneen tokko tokkoon ilaalla.

Gocha 2.13

Jijiiramoota armaan gadii irratti yaaliwwan sasalphoo daree keessatti gaggeefamuu danda'an fayyadamuun jijiiramoota fiizikaalaa yookiin jijji ramoota keemikaalaa ta'uun isaanii qoradhaa. Qarannoo boodas gareen gabaasa dhiyeessuu irratti mari'adhaa.

- | | |
|---|-------------------------------|
| ⇒ Baquu cabbii | ⇒ Riibani maagniiziymii gubuu |
| ⇒ Dandaa'uun lilmoo waraqaa | ⇒ Danfuu bishaanii |
| ⇒ Ulee sibiila ayiranii maagneetawaa gochuu | |

Gilgaala 2.6

- 1 Jijiiramoota armaan gadii jijiirama fiizikaalaa fi jijiirama keemikaalaatti ramadi.

A Ayiranii baqsuu	D Dungoo bobeessuu
B Dhangagga'uun aannanii	E Waraqaa gubuu
C Fixeensa'uun hurkaa	

2.4 MAKOOТА DHILUU FI FAAYIDAA ISAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ maloota makoota ittin dhilan ni tarreessita;
- ✓ maloota makoota ittin dhilan ni ibsita;
- ✓ fakkeenyota makoota beekamoo kanneen dhinbiibuun, calaluun, hurkisiisuun, distileeshinii salphaaf fi maagneetiin, dhullee dhiltuu fayyadamuun dhilaman ni kennita;
- ✓ meeshaalee calaluuf, dhinbiibuuf, distileeshenii salphaaf fi dhullee dhiltuu fayyadamuun dhiliuf gargaaran maqaa isannii ni himta;
- ✓ meeshalee calaluuf, hurkisiisuuf, distileeshinii fi mala dhullee dhiltuu fayyadamuun dhiliuf gargaaran ni qindeesita; fi
- ✓ meeshaalee naannootti fayyadamuun maloota kanneen gochaan hojii irra oolchuu fi gabaasa qopheessuun dareef ni dhiyeessitu.

2.4.1 Maloota Makoota Ittiin Dhilan

Gocha 2.14

Barnoota saayinsii walsimataa kutaa 6 keessatti maloota makkoota ittiin dhilan tokko tokko barattanii jirtu. Gareen ta'uun maloota kanneen tarreessaa. Fayidaalee isaanii irrattis mari'adhaa.

Maloonni makoota ittiin dhilan maloota makoota garaa ruuqoolee isaanii kanneen jalqbaatti ittiin deebisanii dha. Jecha biroon maloota wantoonni qulqulluun ittiin argama nii dha.

Maagneetiin Gargar Dhiluu

Malli kun wantoota maagneetawoo ta'aniifi hin taane dhiliuf gargaara. Fakkeenyaaaf makaa daakuu salfarii fi bullaa'aa ayiranii mala kanaan gargar dhiluun ni dandaa'ama.


Makaan kun gos-tokkee dha moo gos-addeedha?

Mala kana hubachuuf **Yali 2.4** kutaa I irra deebi'ii hojjedhu.

Dhinbiibuu

Malli kun dhangala'oo fi jajjaboo hin bulbulamne gargar dhiliuf fayyada. Waraqaan dhinbiibuuf faayadu waraqaan dhinbiibbaa jedhama. Adeemsa dhinbiibuu keessatti wanti jajjabaan waraqaan dhinbiibbaa irratti yoomuu hafu dhangala'aan immoo waraqaticha keessa gad darba. Wanti jajjabaan waraqaan dhinbiibbaa irratti hafu **kuufata** yommuu jdhamu, dhangala'aan waraqaticha keessa gad darbu immoo **taliila** jedhama.

Mana yaalii keessatti adeemsi dhinbiibuu kan gaggeeffamu makaa dhullee waraqaan dhinbiibbaa keessa kaa'ame irratti gadi naquun ta'a. Kana gochuuf jalqaba waraqaan dhinbiibbaa akka dhulleetti ta'utti dachaasuu barbaachisa. Fakkiin armaan gadii akkaataa itti waraqaan dhinbiibbaa dacha'u agarsiisa.



Fakkii 2.11 Waraqaan dhinbiibbaa dachaasuu.

Makoonni kanneen akka bishaanii fi biyyee,cirrachaa fi ashaboo, boronqii fi bishaanii mala dhinbiibuun dhilamu.

Yaalii 2.5

Mata duree – Dhinbiibuu

Kaayyoo yaalichaa – Makaa boronqii fi bishaanii dhiluu.

Meeshaalee barbaachisan – Bikaarii, waraqaan dhinbiibbaa, dhullee, filaaskii, daakuu boronqii, bishaan.

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu

- ⇒ daakuu boronqii biikaarii bishaan qabutti naquun bulbuli.
- ⇒ meeshaa dhinbiibbaa akka fakki armaan gadiitti qindeessi.
- ⇒ makaa boronqiifi bishaanii kana dhullee waraqaan dhinbiibbaa keessa kaa'amee keessatti gadi naqii.
- ⇒ taliila waraqaan dhinbiibbaa keessa gad darbee kana filaaskiitti walitti qabi.

Hubannoo fi xiinxallii

- 1 Boronqiin bishaan keessatti ni bulbulamaa? Makaan kun gos-tokkee dha moo gos-addee dha?
- 2 Wanti akka taliilaatti filaaskii keessatti walitti qabame maali?
- 3 Wanti waraqaan dhinbiibbaa irratti hafe maali?



Fakkii 2.12 Dhinbiibuu

Hurkisiisuu

Hurkisiisuun mala faalkaa dhangala'aatiin jiru tokko gargaarsa hoo'aatiin gara faalkaa gaasiitti jijiiruu ti. Malli kun wantoota jajjaboo bulbulamanii fi dhangala'oo dhiluuf gargaara. Fakkeenyaaaf bishaan galaanaa bulbula ashaboolleeti. Bulbuli kun yommuu hoo'uu bishaanni gara hurkaatti jijiiramuu yommuu ba'u, ashaaboon qofaatti hafa.

Yaalii 2.6

Mata duree – Hurkisiisuu

Kaayyoo yaalichaa – Bulbula ashaboo fi bishaanii dhiluu.


Meeshaalee barbaachisan – Ashaboo, bishaan, gubduu baansomii, saahinii hurkisisuu, shiboo gaa'uuzii, biikarii, istaandii

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu

- ⇒ Ashaboo graama 10 ta'u bishaan miliilitira 30 ta'u keessatti bulbuli.
- ⇒ Bulbula kana saahinii hurkisiisuu irratti naqi ([Fakkii 2.13 ilaali](#))
- ⇒ Bubula kana hamma dhangala'oon hundii isaa keessaa ba'utti danfisi

Hubannoo fi xiinxallii

- 1 Saahinii hurkisiisuu keessatti maal hubattee?
- 2 Bishaanni bulbulicha keessaa akkam ta'e?



Fakkii 2.13 Hurkisiisuun bulbula ashaboo fi bishaanii gargar dhiiluu .

Calaluu

Gocha 2.15

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'a chuun gabaasa barreessaa. Gabaasa keessan barsiisaa keessanitti agarsiisaa.


- 1 Bunni erga danfee booda akkuma ibidda irraa fuudhameen jabanaa keessaa gara finijaalatti ni buufamaa? Maaliifi?
- 2 Bishaanni naannoo keessanii booruu yoo ta'e yookiin wantoota jajjaboo yoo qabaate akkamiti akka dhugaatiif ta'utti qopheessuun danda'amaa?

Malli calaluun dhiluu kan fayyadu danda'u ruuqoolee makaa keessaa inni tokko dhangla'aa, inni biroo immoo jajjaboo dhangala'icha rukinaan caaluu yoo ta'ee dha.

Fakkeenyaaaf:

Makaan cirrachaa fi bishaanii mala kanaan dhilamuun danda'a.

Dhangala'oone tokko tokko yommuu bishaan wajjin walitti naqaman hamma fedhellee yoo sochoofaman walfudhatanii makaa gos tokkee hin uuman. Dhangala'oone akkasii yoo walitti makaman baqqaana lama uumu. Dhangala'oone rukkina irra caalaa qabu baqqaana gara jalaatti yoo galu kan rukkina xiqqaa qabu immoo gubbaatti hafa. Fakkeenyaaaf: zayitii nyaataa fi bishaan yoo walitti naqaman baqqaanota lama uumu. Baqqaana gubba kan qabatuu mali? baqqaana jalaa hoo?



Fakkii 2.14 Dhulle dhiltuu fayyadamuun makaa zayitii nyaataa fi bishaan dhiluu.

38 KEEMISTIRII KUTAA 7

Makoota kanneen akka makaa zayita nyaataa fi bisaan dhulle dhiltuu fayyadamuun gargar dhiluu ni danda'ama. [Fakkii 2.14](#) mala dhulle dhiltuu fayyadamuun makoota dhiluu agarsiisa.

Distileeshinii salphaa

Distileeshinii salphaan mala dhangala'oowwan walkeessatti bulbulamoo ta'anii fi qabxii danfinaa adda addaa qaban ittiin gargar dhilamanii dha. Fakkeenyaaaf makaa bisaanii fi alkoolii akkasumas bulbula ashaboo irraa bisaan qulqulluu argachuuf malli kun ni fayyada. Makaa bisaanii fi alkoolii akkamitti akka gargar dhiltu hubachuuf yaalii armaan gadii of eeggannoona hojjedhu.

Yaalii 2.7


Mata duree – Bulbula alkoolii (etaanolii) fi bisaanii gargar dhiluu.

Kaayyoo yaalichaa – Mala distileeshinii salphaatti fayyadamuun bulbula alkoolii (etaanolii) fi bisaanii gargar dhiluu.

Meeshaalee barbaachisan – Filaaskii distileeshinii, qabbaneessoo (kondeensarii), gubduu bansanii,, teermoomeetirii, biikarii, istaandii, alkoolii (etaanolii), bisaan, saddeeqa danfinaa (boiling chips).

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffamu

- ⇒ Bulbula (makaa) etaanolii fi bisaan filaskii distileeshiniitti naqi.
- ⇒ Uraa qabbaneessoo (kondansarii) gara gadii jiru ujummoo bisaan qorraan keessaa ba'u wajjin wal quunnamsiisi.
- ⇒ Bulbula (makaa) filaaskii distileeshinii keessa jiru hoo'isun tempireechara isa cobni inni jalqabaa itti bu'e galmeessi.
- ⇒ Yaalicha akka fakkii armaan gadiitti of eeggannoona qindeessii.



Fakkii 2.15 Distileeshinii salaphaa.

Hubannoo fi xiinxallii

- 1 Dhangala'aan jalqaba gara hurkaatti jijiirame isa kamii? Akkamitti addaan baasuu dandeese?
- 2 Dhangala'aan gara dhumaatti gara hurkaatti jijiirame isa kami?
- 3 Teempireecharri dhangala'aan inni jalqabaa gara hurkaatti jijiirame meeqa?
- 4 Yaalii kana irraa maal hubatte?

Yeroo tokko maloota lama yookiin lamaa ol fayyadamuun makoota dhiluun ni dandaa'ama. Fakkeenyaaaf makaa ashaboo fi cirrachaa dhiluuf jalqaba makichatti bishaan naquun bulbuluu. Itti aansuun immoo dhinbiibuun bulbula ashaboo fi cirrachaa adda baasuu fi dhuma irratti bulbulicha hukisiisuun ashaboo argachuu dha.

Gocha 2.16

Daakuun gurraachii dhagaa baatirii keessaa makaa daakuu kaarboonii fi maangaaniiz (IV) oksayidii kanneen hinbulbulamnee fi amooniyem kilooraayidii bishaan keessatti bulbulamaa ta'e of keesaa qaba.

Makaa armaan olitti kennname ilaalchisuun armaan gadiitti gaaffileen kennamanii jiru. Gaaffilee kanneen irratti gareen mari'achuun gabaasa gabaaba barreessaa. Gabaasa keessan irrattis barattoota daree keessanii waliin yaada waljijiiraa.

- 1 Makaa kana keessaa amooniyem kilooraayidii qulqulluu argachuuf jalqaba maal gochuu qabduu?
- 2 Malli inni lammataa maalii? Mala kanaan maaliif maaltu gargar dhilama?
- 3 Malli inni dhuma maali? Mala kanaan maal argatani?

Pirojeektii

Naannoo keessanitti araqeen akkamitti akka baafamu maatii keessan yookiin namoota biroo gaafachuun gareen gabaasa gabaabaa barreessaa. Gabaasa keessanis gara dareetti fiduun barattoota daree keessanii waliin yaada waljijiiraa. Gabaasni keessan gaffilee armaan gadii irratti hundaa'uu ni danda'a.

- ✓ *Araqeen maal irraa qophaa'aa?*
- ✓ *Meeshaaleen araqee baasuuffayyadan maal fa'a?*
- ✓ *Adeemsi araqee baasuu kun maloota makoota itti dhilan keessaa isa kam waliin wal fakkaata?*

Gilgaala 2.7

- 1 Maloota makoota armaan gadii dhiluuf fayyadan barreessi.

A Cirrachaa fi bishaan	D Ashaboo fi cirracha
B Alkoolii fi bishaan	E Daakuu ayiranii fi daakuu salfarii
C Bishaan dhoqqa'ee boora'e	

K eessa-deebii Boqonnichaa

Jechoota Ijoo

↳ Amaloota fiizikaalaa	↳ Sibiilotaa	↳ Makoota gos addee
↳ Qabxii baqinnaa	↳ Sibiilalootta	↳ Jijiirama fiizikaalaa
↳ Qabixii daafinaa	↳ Gariin sibiilotaa	↳ Jijiirama keemikaala
↳ Rukkina	↳ Kompaawundota atoom gos lamee	↳ Guuruu (funaanuu)
↳ Faalkaa	↳ Oksaayidootaa	↳ Gingilchuu
↳ Wantoota qulqulluu	↳ Asiidotaa	↳ Dhinbiibuu
↳ Elementootaa	↳ Beezota	↳ Calaluu
↳ Kompaawundootaa	↳ Ashaboolee	↳ Hurkisiisuu
↳ Makoota	↳ Makoota gos tokkee	↳ Distileeshinii salphaa

CUUNFAA BOQONNICHAA

- ✓ Maatariin wanta bakka qabatuu fi hanga qabuu dha. Bishaan, qilleensi, shukkaarri, aannan, bineensotnii fi biqiltoonni fakkeenyota maatarii ti.
- ✓ Wantootni akkakuu maatarii keessaa isaan tokko fi haala murtaawaa keessatti amaloota dhaabbataa qabanii dha.
- ✓ Keemistootni wantoota addaan baasuuf amaloota bakka lamatti qoodanii qo'atu. Isaanis: amaloota keemikaalaa fi amaloota fiizikaalaa ti.
- ✓ Amalootni keemikaalaa amaloota wantootni yommuu jijiiraman wantoota haraa uumuu isaanii agarsiisanii dha.
- ✓ Amalootni Fiizikaalaa wantootaa, jijiirama wantootni waan haraa osoo hin uumin agarsiisanii dha.
- ✓ Amalootni fiizikaalaa beekamoon: amaloota fiizikaalaa qaama miiraan addaan ba'an, faalkaalee fiizikaalaa, amaloota fiizikaalaa safaramuu danda'anii fi elektiriikii fi ho'a dabarsuu dha.

Bishaan

- ✓ Wantoota haala ruqoolee isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti ramaduun ni dandaa'ama. Isaanis: wantoota qulqulluu fi makoota dha.
- ✓ Wantootni qulqulluun elementootaa fi kompaawundoota jedhamuun ramadamu.
- ✓ Elementootni wantoota qulqulluu kanneen wantoota xixiqqoo birootti haala keemikaalawa salphaatiin hin digamnee dha.
- ✓ Elementootni sibiilota, sibiilaloota fi gariin sibiilota jedhamuun bakka sadiiitti qodamu.
- ✓ Koompaawundoonni wantoota qulqulluu elementoota akaakuu lama yookiin lamaa ol irraa uumamanii dha.
- ✓ Kompaawundoonni akkakuu elementoota of keessaa qabaniif amaloota isaanii irratti hundaa'uun Oksaayidoota, asiidota, beezotaa fi ashabool ee jechuun ramadamu.
- ✓ Beezonni kompaawundoota yommuu Oksaayidoonni beezawoo bishaaniin walnyaatan uumamanii dha.
- ✓ Ashaboolen kompaawundoota walnyaatinsa asiidotaa fi beezotaa gidduutti gaggeeffamuun uumamanii dha.
- ✓ Asiidotni kompaawundoota walnyaatinsa Oksaayidoota sibiilalawoo fi bishaan gidduutti ta'uun uumamanii dha.
- ✓ Oksaayidoonni kompaawundoota atoom-goslamee elementii oksijiniif elementii biroo of keessaa qabaniif dha.
- ✓ Wantoonni akaakuu lamaa yookiin lamaa ol ta'an adeemsaa fizikaalaan walitti yoo makaman makaa jedhamu.
- ✓ Makoonni gos-tokkeen makoota ruuqooleen isaanii maal akka fakkaatanii fi maal fa'a akka ta'an ijaan yookiin maayikrooskoopiin ilaaluun beekuun hin danda'amnee dha.
- ✓ Ruqooleen makaa tokkoo maal akka fakkaatanii fi maal fa'a akka ta'an ijaan yookiin maayikrooskoopiin ilaaluun yoo danda'ame makichi makaa gosaddee jedhama.
- ✓ Jijiiramni fizikaalaa jijiirama wanti tokko utuu qabiyyeen isaa hin jijiiramin gaggeeffamuun dha.
- ✓ Wanta tokko irratti jijiiramni gaggeefamee jijiirama kana keessatti wanti haaraan yoo uumame jijiiramni kun jijiirama keemikaalaa jedhama.

- ✓ Maloonti makoota ittiin dhilan maloota makoota gara ruqoolee isaanii kanneen jalqabaatti ittiin deebisanii dha.
- ✓ Wantoota maagneetawoo ta'anii hin taane gargar dhiluu fi mala maageneetiin gargar dhiluutti faayadamma.
- ✓ Dhinbiibun dhangala'oo fijajjaboo hinbulbulamne gargar dhiluuf fayyada.
- ✓ Hurkisiisuun mala faalkaa dhangalaa'aatiin jiru tokko gargaarsa hoo'atiin gara falkaa gaasiitti jijiiruu ti. Malli kun wantoota jajjaboo bulbulamanii fi dhangala'oo dhiluuf gargaara.
- ✓ Distileeshinii salphaan mala dhangala'oowwan walkeessatti bulbulamoo ta'anii fi qabxiin danfinaa adda addaa qaban ittiin gargar dhilamanii dha.

GILGAALA KEESSA DEEBII BOQONNAA 2^{FFAA}

I *Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'an fili.*

- 1 Amaloota fiizikaalaa armaan gadii keessaa kan qaamolee miiraatiin addaan ba'uun danda'u isa kami?

A Qabxii baqinaa	C Dhandhama
B Rukkina	D Hundi deebii dha.
- 2 Kanneen armaan gadii keessaa kan wanta qulqulluu hin ta'in isa kami?

A Warqii	C Shukkaara
B Soodiyem kilooraayidii	D Qilleensa
- 3 Amaloota armaan gadii keessaa tokko amala sibiilotaa miti.

A Dabarsoo elektirikiiti	C
B ni shibeffamu	
C faalkaalee sadanuun argamuun ni danda'u	
D tumamuun ni batteeffamu.	
- 4 Jijiiramoota armaan gadii keessa kan jijiirama keemikaalaa ta'e isa kami?

A Danda'u ayiranii	C Bulbulamuu ashaboo
B Baquu ayiranii	D Salfarii daakuu

- 5 Kompaawundoonni yommuu oksaayidoonni beezawoo bishaanii wajjin walnyaatan uumaman maal jedhamu?
- A Beezota C Oksaayidoota
 B Ashaboollee D Asiidota
- 6 Kanneen armaan gadii keessaa makaa gos tokkee kan ta'e isa kami?
- A qillensa
 B bulbula ashaboo fi bishaanii
 C makaa qamadii fi xaafii
 D A fi Bn deebii dha.
- 7 Malli faalkaa dhangala'aatiin jiru tokko gargaarsa hoo'aatiin gara faalkaa gaasiitti jijiiruu maal jedhama?
- A Dhinbiibuu C Calaluu
 B Hurkisiisuu D Maagneetiin dhiluu
- 8 Makaa ashaboo fi cirrachaa dhiluuf maloota barbaachisaan tartiibaan yomuu ka'aman kanneen armaan gadii keessa tartiiba sirrii kan ta'e isa kami?
- A dhinbiibuu, bulbuluu, hurkisiisuu
 B hurkisiisuu, dhinbiibuu, bulbuluu
 C bulbuluu, hurkisiisuu, dhinbiibuu
 D bulbuluu, dinbiibuu, hurkisiisuu
- II *Himoota armaan gadiitti kennaman yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii ta'uu batan immoo "Soba" jechuun deebisi.***
- 9 Bishaan keessatti bulbulamuun ashaboo nyaataa jijiirama keemiikaalaati.
 10 Sibilalooni hundi tempireechara dareetti gaasii dha.
 11 Araqee baasuun mala distileeshinii salphaa fayyadamuu ti.
 12 Sibilaloota keessaa kan dabarsoo elektiriikii ta'e hin jiru?
 13 Bishaan makaa haayidroojiinii fi oksijiinii ti.
 14 Buddeena tolchuun jijiirama fizikaalaati.
 15 Aannan makaa gos addee dha.

III Jechoota yookiin yaad-rimeewwan ‘B’jalatti argamanii fi kanneen “A’jalatti barreeffaman walitti firoomsi.

A

- 16 Ashaboo
- 17 Asiidii
- 18 Beezii
- 19 Meerkuurii
- 20 Girafaayitii
- 21 Rasaasa dhukaasuu
- 22 Xaafii qulleessuu
- 23 Makaa bishaanii fi alkoolii

B

- a Sibiila dhangala’aa
- b Cuunfaa loomii
- c Soodiyem kilooraayidii
- d Sibiilalaa dabarsoo electirikii kan ta’e
- e Bulbula amooniyaa
- f Jijiirama fiizikaalaa
- g Jijiirama keemikaalaa
- h Dhinbiibuu
- i Distileeshinii salphaa
- j Sibiilala dhangala’aa


IV Gaaffilee armaan gadiif deebiwwan sirrii kenni.

- 24 Garaagarummaa amaloota fiizikaalaa fi amaloota keemikaalaa wantootaa ibsi.
- 25 Amaloota fiizikaalaa qaamolee miiraatiin addaan ba’uu danda’an tarreessi.
- 26 Gariin sibiilota jechuun maal jechuu dhaa? Fakkeenya kennuun ibsi.
- 27 Wantoota qulqulluun maal fa’a?
- 28 Maloota makoota dhiluuf gargaaran tarreessuun faayidaa tokkoo tokkoo isaanii ibsi.
- 29 Kompaawundoonni bakka meeqatti qoodamuu? maal fa’a?

3

BOQONNAA

AFAAN KEEMISTIRII



MATA-DUREEWAN GURGUDDOO

- 3.1 IDDO-BU'EEWWAN ELEMENTOOTAA
- 3.2 FOORMULAAWWAN KEEMIKAALAA
- 3.3 BARBAACHISUMMAA AKAAKUMMAA
FI HAMMOOMA IDDO-BU'EEWWANII FI
FOORMULAAWWANII KEEMIKAALAA
- 3.4 WALNYAATINSA KEEMIKAALAA SASALPHOO FI
WALQIXXAATTOTA
 - ⇒ Keessa Deebii Boqonnichaa
 - ⇒ Gilgaala Keessa-deebii

BU'AALEE BOQONNICHAA

Adeemsaa fi xumura boqonnaa kanaatti:

- ✓ iddo-bu'eewwan elementoota beekamoo tokko tokkoo barreessuu fi iddo-bu'eewwan irraa maqaa elementotaa himuu ni dandeessa;
- ✓ formulaa elementoota atoom-lamee fi kompaawundoota sasalphoo tokko tokkoo ni barreessita;
- ✓ maqaa kompaawundoota sasalphoo tokko tokkoo ni himta;
- ✓ hikcaa akaakummaa fi hammooma iddo-bu'eewwanii fi foormulaa keemikaalaa ni ibsita;
- ✓ walqixxaattota walnyaatinsa keemikaalaa sasalphi barreessuu fi walqixxaattota jechaa gara walqixxaattota formulaatti ni jijiirta;
- ✓ walqixxaattota keemikaalaa sasalphoo mala yaalii fi mala H.W.X fayyadamuun ni madaalta;
- ✓ Ogummaalee qo'anno saayinsawwaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ramaduu, waliin madaaluu fi waldorgomsiisuu, qunnamuu, gaaffilee gaafachuu, yaada xumuraa kennuu, yaad-rimee hojji irra oolchuu gochaan agarsiisuu ni dadeessa.

GOCHA KA'UMSAA

Maqaa miseensota garee keessanii barreessuun gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

- 1 Afaan maqaan tokko tokkoo miseenssa garee keessanii ittin barreefame maali?
- 2 Maddi maqaa tokko tokkoo keessanii hoo?
- 3 Hikkaan maqaa tokko tokkoo keessanii maali?

YAADANNOO SEENAA



Joon Daalteenii
(1766 – 1844)

Bara qo'annoon keemistirii jalqabame keessa, keemistootatti kan dhukkubbii mataa ta'e bakka bu'eewwan, foormulaawwanii fi walqixaattota barreessuu dha. Kana salphisuuf abbaa keemistirii ammayyaa kan ta'e keemistiin biyya Ingilizii Joon Daalteen (1766–1844), yaad-rimee tiyoorii atoomaawwaa maaterii fi iddo-bu'eewwan elementootaa fi koompaawundoota irratti yeroo jelqabaaf yaada bu'uuraa kenne.

Seensa

Akkuma dameewwan saayinsii kanneen biroo, keemstiriinis iddo-bu'eewwan saayinsii fi jechoota gosa barnootichaaf adda ta'an qaba. Isaan keessas kanneen akka iddo-bu'eewwan elementootaa, foormulaawan keemikaalaa fi maqaa apparaatasii fi adeemsotaa akka fakkenyaatti kaasuun ni dandaa'ama. Boqonnaa kana keessatti iddo-bu'eewwan keemikaalaa elementootaa maal akka ta'an, eessaa akka maddanii fi foormulaawan keemikaalaa maal akka ta'an ni baratta. Iddo-bu'eewwan elementootaa fi foormulaawan keemikaalaa fayyadamuun walnyaatinsa keemikaalaa sasalphoo tokko tokko barreessuun akka dandaa'amus boqonnaa kana keessatti ni baratta.

3.1 IDDO-BU'EEWWAN ELEMENTOOTAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ hiikkaa iddo-bu'eewwan keemikaalaa ni kennita;
- ✓ iddo-bu'eewwan elementoota beekamoo tokko tokkoo ni barreesita;
- ✓ iddo-bu'eewwan isaanii irraa maqaa elementootaa ni barreesita.

GOCHA 3.1

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun deebii keessan dareef gabasaa.

- 1 Tokkoon tokkoon keessan maqaa utuu qabdanii barsiisaan keessan daree keessatti maaliif lakkofsa isiinii keennuun lakkofsichaan isin waama?
- 2 Lakkofsi isiinii kenname kun maal irratti hundaa'eeti?
- 3 Lakkofsi keessan kun iddo-bu'eewwan elementootaa waliin maaliin wal-fakkata?

Iddo-bu'eewwan keemikaalaa elementootaa maqaa elementootaa gabaabsanii barreessuu dha. Kunis qabee jalqabaa maqaa elementii yookiin qabee jalqabaa fi qabee kan biroo fayyadamuun barreessuu ta'uun ni danda'a. *Gabatee 3.1* keessatti iddo-bu'eewwan keemikaalaa elementootaa beekamoo tokko tokkoo kan qabee jalqabaa maqaa ingilifaa isaanii qofaan barreeffaman kennamanii jiru.

Gabatee 3.1 Iddo-bu'eewwan keemikaalaa elementootaa tokko tokkoo kan qabee jalqabaa maqaa ingilifaa isaanii qofaan barreeffaman.

Elementii	Maqaa Elementii Ingiliffaan	Iddo-bu'ee
Haayidroojinii	Hydrogen	H
Oksijinii	Oxygen	O
Filoorinii	Fluorine	F
Naayitiroojinii	Nitrogen	N
Kaarboonii	Carbon	C

Iddo-bu'een elementii qabee tokko qofa yoo ta'e, yeroo hundaa qabee guddaadhaan barreeffama. Yoo qabee lama ta'e garuu qubeen inni duraa yeroo mara qabee guddaadhaan si'a barreeffamu inni lammaffaan immoo qabee xiqaadhaan barreeffama.

Gabatee 3.2 Iddo-bu'eewwan maqaa elementootaa afaan ingilifaa irraa fudhatamani kan qabee lamaan bakka bu'an.

Elementii	Maqaa elementii ingiliffaan	Iddo-bu'ee
Kaalsiyemii	Calcium	Ca
Aluminiyeemii	Aluminium	Al
Zinkii	Zink	Zn
Maagniziymii	Magnesium	Mg
Kiloorinii	Chlorine	Cl

Idoo-bu'eewwan elementootaa tokko tokkoo maqaa isaanii wajjin hariiroo hin qaban. Kun kan ta'eef iddo-bu'eewwan elementootaa kanneenii maqaa afaan laatinii yookiin afaan biroo irraa waan fudhatamaniif. *Gabatee 3.3* keessati fakkeenyaaleen iddo-bu'eewwan elementootaa kan afaan laatiinii irraa fudhafaman tokko tokkoo kennamanii jiru.

Gabatee 3.3 Iddo-bu'eewan elementootaa tokko tokkoo kan afaan laatiinii irraa fudhataman.

Elementii	Maqaa elementichaa afaan Ingiliffaan	Maqaa elementichaa afaan laatiiniin	Iddo-bu'ee elementichaa
Kopparii	Copper	Cuprum	Cu
Warqii	Gold	Aurum	Au
Ayiranii	Iron	Ferrum	Fe
Liidii	Lead	Plumbum	Pb
Soodiyemii	Sodium	Natrium	Na

GOCHA 3.2

Gabatee armaan gadii dabtara kee irratti barreessuun iddo-bu'eewan keemikaalaa elementootaa beekamoo kan biroo kanneen maqaan isaanii qubee tokkoo fi qubee lamaan iddo-bu'ame digdama barreessi. Kan barreessites kanneen miseensotni garee keti barreessanii waliin walbira qabuun yaadaa waljijiiraa.

Elementii	Maqaa elementichaa afaan Ingiliffaan	Maqaa elementichaa afaan laatiiniin	Iddo-bu'ee elementichaa
Fosfarasii	Phosphorus	-	P
Siilkoonii	Silicon	-	Si
Meetii	Silver	Argentium	Ag

Gilgaala 3.1

Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni

- 1 Iddo-bu'eewan keemikaalaa elementootaa maali?
- 2 Iddo-bu'eewan keemikaalaa elementootaa qubee lamaan yoo ta'an akkamiti barreeffamuu? fakkeenyaan ibsi.
- 3 Iddo bu'eewan keemikaalaa elementootaa tokko tokkoo maqaa isaanii wajjin wal hin fakkaatani. Kun maaliif ta'ee?

3.2 FOORMULAAWWAN KEEMIKAALAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ hikkaa foormulaawwan keemikaalaa ni kennita;
- ✓ foormulaawwan elementootaa atoom-lamee ni tarreessita;
- ✓ lakkoofsi vaalaansii humna walnyaatinsa elementootaa jechuun hikcaa ni kennita;

- ✓ foormulaawwan kompaawundoota atoom-gas lamee tokko tokko ni barreesita;
- ✓ kompaawundoota atoom-goslamee ni moggaasta;
- ✓ hiikkaa ayoonota atoom-baay'ee ni kennita;
- ✓ fakkeenyota ayoonota atoom-baay'ee ni kennita;
- ✓ vaalaansota elementoota beekamoo fi ayoonota atoom-baay'ee ni tarreessita;
- ✓ foormulaawwan keemikaalaa kompaawundota ayoonota atoom-baay'ee of keessaa qaban ni barreessita
- ✓ kompaawundota ayontta atoom-baay'ee of keessaa qaban ni moggaasta.

Gocha 3.3

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

- 1 Kompaawundootni akkamitti uumamu?
- 2 Kompaawundoota atoom-gos lamee shan fakkeinya kennuun elementoota kompaawundoonni kunniin irraa uumaman tarreessaa.
- 3 Armaan olitti (gaaffi 2ffaa keessatti) elementoota kompaawundootni atoom-gos lameen irra uumaman akka fakkeinyaatti kennitan tarresitaniittu. Mee iddo-bu'eewan keemikaalaa elementoota kanneenii barreessaa.

Maqaan elementii tokkoo iddo-bu'ee keemikaalaa elementichaan si'a barreffamu, maqaan kompaawundii tokko immoo foormulaa keemikaalaa kompaawundiitiin barreffama. **Foormulaan keemikaalaa kompaawundiin** tuuta iddo-bu'eewan elementootaa kanneen kompaawundicha keessatti argamaniiti. Walumaa galatti foormulaan keemikaalaa barreffama gabaabaa maqaa molekiyulii elementii tokkoo yookiin molekiyulii kompaawundii tokkoo bakka bu'a.

Fakkeinyaaf

- ⇒ H_2 – foormulaa molekiyulii haayidroojinii
- ⇒ N_2 – foormulaa molekiyulii naayitroojinii
- ⇒ H_2O – foormulaa molekiyulii bishaanii
- ⇒ CO_2 – foormulaa molekiyulii kaarboondaayoksaaydii

3.2.1 Foormulaawwan Elementoota Atoom-lamee

Gaasota luujiin alatti elementoonni hundi akka atoomiitti bilisaan dhaabbanii jiraachuu hindanda'ani. Elementootni molekiyulooti isaanii atoomii lama qaban elementoota **atoom-lamee** jedhamu. Gabateen armaan gadii foormulaa keemikaalaa molekiyuloota elementoota atoom-lamee tokko tokkoo agarsiisa.

50 KEEMISTIRII KUTAA 7

Gabatee 3.4 Foormulaawwan keemikaalaa molekiyuloota elementoota atoom-lamee tokko tokkoo.

Maqaa Molekuyulii	Foormulaa Keemikaalaa Molekuyulichaa
Haayidroojinii	H ₂
Oksijinii	O ₂
Naayitroojinii	N ₂
Kiloorinii	Cl ₂
Filoorinii	F ₂
Biroominii	Br ₂
Ayoodinii	I ₂

Molekiyulootni elementoota kanneen akka foosfarasii (P₄) fi saalfarii (S₈) molekiyuloota atoom-baay'ee jedhamu.

3.2.2 Lakkoofsa vaalaansii

Tokkootokkoon elementii foormulaakompaawundii keessatti argamuuhumna walnyaatinsaagara garaa qabu. Humni walnyaatinsaalelementii kun [lakkoofsa vaalaansii](#) jedhama.

Gabatee 3.5 Keessatti lakoofsi vaalansii elementoota beekamoo tokko tokkoo kennamaniru.

Gabatee 3.5 Lakkoofsa vaalaansii elementoota beekamoo tokko tokkoo.

Maqaa Elementii	Iddo-bu'ee Elementichaa	Vaalansii Elementichaa
Soodiyemii	Na	1
Pootaasiyemii	K	1
Kooparii	Cu	1
Kilooriinii	Cl	1
Biroomiinii	Br	1
Ayoodiinii	I	1
Maagniiziyemii	Mg	2
Kaalisiyemii	Ca	2
Ayiraanii	Fe	2
Kooparii	Cu	2
Oksijinii	O	2
Salfarii	S	2
Aluminiyemii	Al	3
Ayiranii	Fe	3

Elementoonni tokko tokko vaalaansii tokkoo ol qabaachuu danda'u. Fakkeenyaaf Ayiranii, kooparii, naayitiroojiinii, salfarii, liidii fi tiiniin vaalaansii lamaa fi lamaa ol qabu. Elementoonni kunnii haalaa adda addaa keessatti humna walnyaatinsaaddaaddaa qabu jechuudha. Atoomiin ayiranii tokko atoomota kilooriinii 2 yookiin 3 wajjiin walnyaachuu danda'a. Vaalaansiin ayiranii yoo 2 ta'e foormulaan kompaawundii ayiranii

fi kilooriinii FeCl_2 (ayiran (II) kilooraayidii) ta'uun barreefama. Valaansiin ayiranii 3 yoo ta'e immoo kompaawundiin ayiranii fi kilooriinii FeCl_3 (ayiran (III) kilooraayidii) ta'uun barreefama. Haaluma kanaan koopariin oksaayidoota lama yoo qabaatu isaanis Cu_2O (koopar (I) oksaayidii) fi CuO (koopar (II) oksaayidii) jedhamu. *Oksaayidoota kanneen keessatti vaalaansiin kooparii meeqa akka ta'e himi.*

3.2.3 Foormulaawan Kompaawundoota Atoom-gos lamee

Kompaawundooni atoom-gos lameen koompaawundoota elementoota lamaa of keessaq qabani dha. Fakkeenyaaaf: soodiyeem kilooraayidii (NaCl), haayidiroojiin biroomaayidii (HBr), fi koopar (II) oksaayidii (CuO).

Foormulaa kompaawundii atoom-gos lamee kaneen vaalaansiin isaani 'x' fi 'y' ta'ee barreessuuuf dhawaata armaan gadii ilaali.

☞ Iddo-bu'eewwan elementootaa kanneen molekiyulli kompaawundii tokkoo keessa jiran wal cinaatti barreessuu.

Fakkeenyaaaf: AB

☞ Tokko tokko iddo-bu'eewwanii irratti vaalaansii elementootaa barreessuu
Fakkenyaaf: A^xB^y

☞ Vaalaasiwwan elementoota kanneen wal-jala dabarsuun karaa mirgaa barreessi.
Fakkenyaaf: A_yB_x

Haala kanaan foormulaa aluminiyem oksaayidii barreessuuuf .

- 1 Iddo-bu'eewwan elementootaa - AlO
- 2 Vaalaasiwwan elementootaa - Al^3O^2
- 3 Vaalaasiwwan wal-jaladbarsuu - Al_2O_3
- 4 Foormulaa aluminiyem oksaayidii - Al_2O_3

Foormulaawaan kompaawudota sibiilotaa fi sibiilalootaa kan vaalaansiin isaanii walqixaa ta'e of keessa qaban, lakkofsi atoomota isaanii walqixa ta'a.

Fakkeenyaaaf:

Vaalaansiin soodiyeemii fi kiloorinii 1waan ta'eef foormulaan soodiyeem kilooraayidii NaCl ta'a. Foormulaa kana keessatti atoomiin soodiyeemii fi kilooriinii walqixa.

Vaalaansiin elementoota kompaawundii keessa jiranii yoo walqixa ta'u baatan, lakkofsi atoomotaa walqixa hin ta'an.

Fakkeenyaaaf:

Vaalaansiin maagniiziyeemii 2 yoo ta'u vaalaansiin kilooriinii immoo 1 dha. Haala kanaan foormulaan maagniiziyeem kilooraayiidii MgCl_2 ta'a jechuu dha. Foormulaa kana keessatti atoomiin maagniiziyeemii fi kilooriinii walqixaa?

GOCHA 3.4


Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuuun deebii kennaa.

- 1 Foormulaawwan kompaawundoota sibiilotaat fi sibiilalootaa kanneen vaalaansiin isaanii walqixa ta'e shan barreessaa. Atoomiin elementoota tokko tokko kompaawundii kanneen keessa jiranii walqixaa?
- 2 Foormulaawwan kompaawundoota sibiilotaat fi sibiilalootaa kanneen vaalaasiin isaanii adda adda ta'e shan barreessaa. Atoomiin elementoota tokkoo tokkoo kompaawundoota kanneen keessa jiranii walqixaa?

3.2.4 Kompaawundoota Atoom-gos lamee Moggaasuu

Maqaaleen kompaawundoota atoom-gos lamee kan moggaafamu maqaa elementii isa gara bitaatti jiru barreessun maqaan sibiilalaa gara mirgaatti argamuu jecha "yidii" tiin akka dhumu gochuun ta'a.

Fakkeenyaaaf:



GOCHA 3.5

Gabateen armaan gadii isinii kennamee jira.

Gareen ta'uun maqaa yookiin formulaa kompaawundii gabatee kana keessatti argamanii barreessaa.

Maqaa kompaawundii	Formulaa kompaawundii
Maagniisiyem Oksaayidii	
	CaO
Soodiyem haayidiraayidii	
Caarboonmonoksaayidii	
	NaBr

3.2.5 Ayoonota Atoom-baay'ee

Atoomonni gareen ta'anii kompaawundoota adda addaa baay'ee keessatti argamuu nidanda'u. Tuuti atoomotaa kanneen kompaawundoota hedduu keessatti argamanii fi kan kophaa isaanii jiraachuu hindandeenyeye ayoonota atoom-baay'ee jedhamu.

(*Gabatee 3.6* ilaali)

Gabatee 3.6 Maqaa, formulaa fi vaalaansii ayoonota atoom-baay'ee beekamoo tokko tokko

Maqaa ayoonii atoom-baay'ee	Formulaa ayoonichaa	Vaalaansii ayoonichaa
Amooniyemii	NH_4^+	1
Haayidrooksaayidii	OH^-	1
Naayitreetii	NO_3^-	1

Saalfeetii	SO_4^{2-}	2
Kaarbooneetii	CO_3^{2-}	2
Foosfeetii	PO_4^{3-}	3

3.2.6 Foormulaawwan Keemikaalaa Kompaawundoota Ayoonota Atoom-baay'ee of Keessaa Qaban Barreessuu

Foormulaawwan keemikaalaa kompaawundoota ayoonota atoom-baay'ee of keessaa qaban barreessuuf dhawaatota foormulaawwan kompaawundota atoom-goslamee barreessuuf kennametti fayyadamuun ni danda'ama.

Fakkenyaaf: Foormulaa amooniyem kilooraaydii barreessuuf


Dhawaata 1 iddo-bu'ee kiloorinii fi foormulaa amooniyemii walcinatti barreessuu



Dhawaata 2 vaalaansiwwan isaanii barreessuu



Dhawaata 3 vaalaansiwwan wal-jala jijiiruu



Dhawaata 4 foormulaa amooniyem kilooraayidii barreessuu



Haaluma kanaan mee foormulaawwan pootaasiyem haayirooksaayidii, kaalsiyem haayirooksaayidii fi kaalsiyem salfeetii barreessi.

GOCHA 3.6

Gaaffilee araan gadii irratti gareen mari'achuun deebii isaanii barreessaa.

Gabatee 3.5 fi 3.6 fayyadamuun foormulaawwan, kompaawudoota araan gadii barreessaa .

- | | |
|-------------------------------|-----------------------------|
| a Soodiyem haayidrooksaayidii | d Soodiyem saalfeetii |
| b Maagniiziym naayitireetii | e Ayiran (II) naayitireetii |
| c kaalsiyem kaarboonetii | f Ammooniyem kilooraayidii |

3.2.7 Kompaawundoota keemikaalaa sasalphoo moggaasu

Kompaawundootni ayoonota atoom-baay'ee qaban yeroo baay'ee kompaawundota sibiilotaa fi ayoonota atoom-baay'ee ti. Maqaa kompaawundoota kanneenii moggaasuuf dura maqaa sibiilichaa moggaasuu, itti aanuun immoo maqaa ayoonii atoom-baay'ee ee moggaasuu dha. *Gabateen 3.7* maqaa kompaawundoota ayoonota atoom-baay'ee qabanii akka fakkeenyatti qabatee jira.

Gabatee 3.7 Maqaalee kompaawundoota ayoonota atoom baay'ee tokko tokko

Foormulaa Kompaawundi	Maqaa kompaawundichaa
KNO_3	Potaasiyem naayitireetii
NaBr	Soodiyem biromaayidii
$(\text{NH}_4)_2\text{SO}_4$	Amooniyem saalfeetii
CaCO_3	Kaalsiyem kaarbooneetii
$\text{Mg}(\text{OH})_2$	Maaginiiziyem haayidrooksaayidii
K_2SO_4	Pootaasiyem saalfeetii

Gilgaala 3.2

- 1 Foormulaawwan keemikaalaa maali?
- 2 Fakkenya elementoota atoom-lamee afur kenni?
- 3 Lakkoofsa vaalaansii jechuun maaljechuu dha?
- 4 Foormulaawwan kompaawundootaa
 - a elementoota vaalaansii adda addaa qaban shan barreessi
 - b sibiilotaa fi sibiilaloota vaalaansii walqixa qabanii shan barreessi
- 5 Maqaa kompaawundoota armaan gadiitti foormulaawwan isaanii kennname moggaasi.

a AlCl_3	e $(\text{NH}_4)_3\text{PO}_4$
b NaI	f $\text{Ca}(\text{NO}_3)_2$
c MgSO_4	g FeCl_3
d $\text{Al}(\text{NO}_3)_3$	h $\text{Cu}(\text{NO}_3)_2$
- 6 Kompaawundoota armaan gadiitti maqaan isaanii kennnameef foormulaawwan isaanii barreessi.

a Pootaasiyem naayitireetii	d Ayiran (II) kiloraayidii
b Amooniyem saalfeetii	e Kooppar (II) oksaayidii
c Aluminiyem saalfeetii	f Maaginiiziyem haayidraayidii

3.3 BARBAACHISUMMAA AKAAKUMMAA FI HAMMOOMAA IDDO-BU'EEWWANII FI FOORMULAAWWAN KEEMIKAALAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ hiikkaa sabiskiriiptii kenuun barbaachisummaa isaa ni ibsita;
- ✓ hiikkaa koofiishantii kenuun barbaachisummaa isaa ni ibsita;
- ✓ hiikkaa akaakummaa iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwan kemikaalaa ni ibsita;
- ✓ hiikkaa hammoomaa iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwan kemikaalaa ni ibsita.

GOCHA 3.7

Armaan gadiitti waa'ee barattoota kutaa torbaffaa ilaachisee jechootii kennaman jiru. Jechoota kana irratti gareen mari'achuun gaaffilee dhiyataniif deebii kennaa.

- a kutaa torbaffaa keessa barattoota 150 tu jiru.
- b barattootni kutaa torba keessa jiran amalli isaanii gariidha.
- c kutaa torbaaffaa keessa shamarran 80 tu jiru.
- d barattootni kutaa torbaa barnoota isaaniit cimoo dha.
- e barattootni kutaa torbaa barsiisota isaanii ni kabaju.

Jechoota armaan olii keessaa

- 1 Kanneen akaakummaa baratoota kutaa torbaa ibsan isaan kami?
- 2 Kanneen hammooma ibsani hoo?

3.3.1 Hiikkaa Akaakummaa

Akaakummaan iddo-bu'eewwanii wa'ee akaakuu elementii maqaan isaa iddo-bu'een barreeffamee tokkoo irraatti xiyyeffata.

Fakkeenyaaaf:

H - Elementii haayidroojinii jechuu dha.

N - Elementii naayitiroojiinii jechuu dha.

Haayidroojiinii fi naayitiroojiinii irraa kan hafe elementoonni biroon kan iddo-bu'eewwan isaanii H fi N ta'an hinjiran.

Foormulaawwan keemikaala keessatti akaakummaa yoo jedhamu gosa elementoota foormulaa keemikaalaa keessa jiranii jechuu dha.

Fakkeenyaaaf:

- ⇒ Molekiyuliin bishaanii, H_2O , elementoota, haayidroojinii fi oksijinii of keessa qaba.
- ⇒ Soodiyem naayitireetiin, $NaNO_3$, elementoota soodiyemii, naayitiroojinii fi oksijinii of keessa qaba.

3.3.2 Hiikkaa hammooma

Iddo-bu'eewan ilaalchisee hammooma jechuun hamma yookiin lakkofsa atoomota elementii jechuu dha.

Fakkeenyaa: H - atoomii haayidiroojinii tokkoof dhaabate

Na - atoomii soodiyemii tokkoof dhaabate

Foormulawwan keemikaala keessatti hammooma jechuun baay'ina tokko tokkoon elementootaa yookiin garee atoomotaa kompaawundii keessatti argamanii jechuu dha.

Fakkeenyaa:

- ✓ Molekiyuliin bishaanii tokko, H_2O , atoomii haayidiroojinii lamaa fi atoomii oksijinii tokko qaba.
- ✓ Foormulaan soodiyem naayitireetii, $NaNO_3$, atoomii soodiyemii tokko fi garee naayitireetii tokko qaba.

Yeroo tokko tokko lakkofsonni iddo-bu'eewan yookiin foormulaawwan waliin ni barreffamu. Lakkofsonni iddo-bu'eewan yookin foormulaawwan miila jalatti barreffaman **sabiskiriiptii** jedhamu. Sabiskiriiptiin kara mirgaa iddo-bu'ee elementichaatti yoo barreffamu elementichi akka molekiyuliitti argamuu isaa ibsa. Elementoonni sabiskiriiptiin isaanii lama (2) ta'ee **molekiyuloota atoom-lamee** jedhamu.

Fakkeenyaa: Cl_2 - molekiyulii kiloorinii

O_2 - molekiyulii oksijinii

H_2 - molekiyulii haayidiroojinii

H_2O - molekiyulii bishaanii

Lakkofsonnii iddo-bu'eewan yookiin foormulaawwan fuulduratti barreffaman **kofishantii** jedhamu. Isaaniis lakkofsa atoomii elementicha yookiin lakkofsa molekiyulii kompaawundichaa ibsu.

Fakkeenyaa:

$3H_2$ - jechuun molekiyuloota haayidiroojinii sadii jechuu dha.

$2Fe$ - jechuun atoomota ayiranii lama jechuu dha.

$4H_2O$ - jechuun molekiyuloota bishaanii afur jechuu dha.

Lakkofsi foormulaa duraatti yoo barreffamu elementii isa duraa qofaaf osoo hintaane elementootaa molekiyuliicha yookiin kompaawundicha keessa jiran maraaf dhaabata.

Fakkeenyaa:

$2HNO_3$ - jechuun molekiyulii naayitirik asidii lamaa yoo ta'u innis atoomota haayidiroojinii 2, atoomota naayitiroojiinii 2 fi atoomota oksijiinii 6 qaba jechuudha.

Gilgaala 3.3

1 Jechoota armaan gadiif hiikkaa isaanii kenni

a akaakummaa

c sabiskiriiptii

b hammooma

d koofishantii

- 2 Gabatee armaan gadii keessatti iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwan elementootaa fi koompaawundoota tokko tokkoo kenamanii jiru. Iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwan kanneen akkakummaa fi hammooman ibsi.

Iddo-bu'ee /foormulaa	Akaakummaa	Hammooma
2Cl_2		
4Cl		
H_2SO_4		
CaO		
$\text{Mg}(\text{NO}_3)_2$		

- 3 Kanneen armaan gadii gidduu garaagarummaa jiruu barreessi.
- a N_2 fi 2N
 b 2H_2 fi 4H

3.4 WALNYAATINSA KEEMIKAALAA SASALPHOO FI WALQIXXAATTOTA KEEMIKAALAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ Hiikcaa walnyaatinsa keemikaalaa ni kennita;
- ✓ gareen ta'uun yaalii walnyaatinsa keemikaalaa sasalphoo ni agarsiista;
- ✓ seera walgita hangaa ni eerta;
- ✓ mala yaalii fi mala H.W.Xn (Hiramaa walii xiqqichaan) walqixxaattota keemikaalaa madaaluu ni ibsita;
- ✓ walqixxaattota keemikaalaa jechaa gara walqixxaattota foormulaatti ni jijjiirata;
- ✓ mala yaaliitiin walqixxaattota keemikaalaa sasalphoo ni madaalta;
- ✓ mala H.W.Xn (Hiramaa walii xiqqichaan) walqixxaattota keemikaalaa sasalphoo ni madaalta.

GOCHA 3.8

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaa. Maree boodas barattoota daree keessanii waliin yaada waljijiiraa.

- 1 Jijjiiramoota keemikaalaa jechuun maal jechuu dha?
- 2 Bishaan elementoota meeqa of keessa qaba? atoomonni isaa hoo meeqa?
- 3 Ashaboon nyaataa maal irraa hojjetama?
- 4 Mukti (Jirmi) guddaan tokko yoo gubate gara maaliitti jijjiirama? hangi isaa osoo hingubatinii fi erga gubatee booda walqixa ta'a? Maaliif?

Adda addumaan jijiirama keemikaalaa fi jijiirama fiziikaalaalaa maali?

Walnyaatiinsa keemikaalaa jechuun jijiirama keemikaalaa kan wantootni haarawaan amaloota haaraa qaban keessatti uumamanii dha. Walnyaatinsa keemikaalaa keessatti wantoonni jalqabaa **wal-nyaattota** yommuu jedhaman, wal-nyaatinsaan booda wantoonni haaraan uumaman immoo **Firii wal-nyaatinsaa** jedhamu.

Walnyaattota → Firiiwwan

Walnyaatiinsa keemikaalaa keessatti, walnyaattonni gara bitaa xiyyaatti yoo barreeffaman firiiwwan immoo gara mirgaa xiyyaatti barreeffamu. Xiyyaan jecha “**nikenna**” yookiin “**ni uuma**” jedhu bakka bu’ a. Mallattoon “**+**” jecha “**Walnyaachuun**” jedhu bakka bu’ a. **Fakkeenyaaaf:** haayidiroojiniin oksijiinii wajjin walnyaacuun bishaan uuma jecha jedhu akka armaangadiitti gabaabsuun barreessun ni danda’ama.



Yaalii 3.1


Mata duree yaalichaa – Walnyaatinsa salphaa gaggeessuu

Kaayyoo yaalichaa – Riibanii maagniiziyemii gubuun walnyaatinsaa salpha qo’achuu

Meeshaaifi Keemikaalootayaalichaafbarbaachisan – qabduu, maraa maagniiziyemii, ibidda (waadduu bansanii), kibritii, kirusibilii

Tartiiba yaalichi ittin gaggeeffamu

- ✓ Riibanii maagniiziyemii xiqoo kutuun qabduun qabaatii waadduu baansanii irra qabaa.
- ✓ Daaraa maagniiziyemii gubatee kana kirusibilii keessatti walitti qabaa.
- ✓ Waan hubattaan barreessaa.



Hubannaa fi xiinixalii

Fakkii 3.1 Riibanii maagniiziyemii gubuu

- 1 Magniiziyemiin yoomuu gabatu ifti isaa maal fakkaata?
- 2 Gubuun maagniiziyemii fakkeenyaa maaliti?
- 3 Yaalii kana keessatti walnyaattotni isaan kami? Firiini hoo?
- 4 Mee walnyaatinsa keemikaalaa yaalii kana irraa hubattan jechaan barreessaa.

3.4.1 Seera walgita hangaa

Wantoota akka dungoo, waraqaa, qoraanii fi kan kana fakkaatan gubuun jijiirama maaliitii?

Yeroo baay'ee gubuu jechuun wantoota dhabamsiisuu fakkaata. Hata'u malee akka seera wal gita hangaatti wantoota gubuu jechuun oksijinii wajjin walnyaatinsa gaggeessuu jechuu dha.

Seerri wal gita hangaa kan inni ibsu walnyaatinsa keemikaalaa keessatti hangi kan hin badnee fi hin umamnee yaada jedhuu dha. Jecha biroon gaggeeffama walnyaatinsaa keessatti jijiirama iddo malee atoomiin baduu yookiin uumamu akka hinjirre kan ibsuu dha.

Yaalii 3.2

Mata duree yaalichaa – Seera walgita hangaa mirkaneessuu

Kaayyoo yaalichaa – Makaa salfarii fi daakuu ayiranii gubuun seera walgita hangaa mirkaneessuu

Meeshaalee fi Keemikaaloota yaalichaaf barbaachisan – Madaallii, uujumoo yaalii, gubduu baansomii, daakuu ayiranii, daakuu salfarii fi kibiritii, qabduu

Akkaataa yaalichi itti gaggeeffama

- ✓ Daakuu ayiranii fi daakuu salfarii ujummoo yaalii tokkotti naquun madaalii hanga isaa barreessaa (a)
- ✓ Ujummoo makaa daakuu lamaanii qabu kana boba'aa gubduu baansomii irra qabuun hamma wantii gurraachi uumamutti hoo'isaa.
- ✓ Ujummoo wanta guraacha qabu kana madaaluun hanga isaa barreessaa (b).



Fakkii 3.2 Makaa daakuu ayiramii fi salfarii ho'isuu

Hubannoo fi xiinixalii

- 1 Makaa daakuu ayiranii fi salfarii yommuu gubdan wanti gurraachi uumame maalii?
- 2 Hangii a fi b wal qixaa?
- 3 Yaalii kana irraa maal hubattan?

3.4.2 Walqixxaattota keemikaalaa sasalphoo

Karaan ittin walnyaatinsa keemikaalaa ibsan inni guddaan iddo-bu'eewanii fi foormulaawwan keemikaalaa wantoota walnyaatinsa keessatti qooda fudhatanii fayyadamuun walqixxaattota keemikaalaa barreessuu dha. Walqixxaataan keemikaalaa

waa'ee wantoota walnyaatinsa keessatti qooda fudhatanii gabaabinaan kan ibsuu dha. Kunis akaakummaa wantoota kanaa qofa osoo hintaane, hammooma wantoota kanaa yokiin hamma walnyaattotaa fi firiwwanii kan ibsuu dha.

Malli iddo-bu'eewwanii fi foormulaawan keemikaalaa fayyadamuun walnyaatinsa keemikaalaa gabaabinaan barreessuun **walqixxaataa keemikaalaa** jedhama.


Fakkeenyaaaf:

- 1 Gubiinsa kaarbooniin oksijinii keessatti taasisuu ibsuuf
Kaarboonii + Oksijinii → Kaarboondaayooksaayidii
- 2 Walnyaatiinsa maagniziyeemii fi oksijinii ibsuuf
Maagniziyeemii + Oksijinii → Maagniziyeem oksaayidii

Walqixxaattoon keemikaalaa fakkeenyalee armaan olii keessatti ilaalle jechaan kan barreffamanii dha. Walqixxaattoo keemikaalaa jechaan barreessuun akkaakummaa wantoota walnyaatinsa keessatti hirmaatanii qofa ibsa.

Walqixxaattoon keemikaalaa akaakummaa fi hammooma wal faana akka ibsan gochuuf iddo-bu'eewanii fi foormulaawan fayyadamuun walqixxaattoo keemikaalaa barreessuun barbaachiisaa dha. Fakkeenyota armaan oliitti jechaan barreffaman gara iddo-bu'eewwanii fi foormulaatti jijiruun yoo barreessinu:

Fakkeenyaaaf:



3.4.3 Walqixxaattota keemikaalaa sasalphoo barreessuu

Walqixxaattota keemikaalaa barreessuuf dhawaatota armaan gadii ilaali.

- Dhawaata 1** Walqixxaattoo keemikaalaa jechaan barreessuu.
- Dhawaata 2** Walqixxaattoo jechaan barreffame gara walqixxattoo iddo-bu'eewwanii fi foormulaatti jijiruu.
- Dhawaata 3** Walqixxaattoon keemikaalaa akka seera walrita hangaa kabajuu gochuuf madaaluu.

Fakkeenyaaaf: Maagniziyeemiin oksiijinii wajjin walnyaachun maagniziyeem oksaayidii uuma. walqixxaattota keemikaalaa isaa yommuu barreessinu:

- Dhawaata 1.** Walqixxaattoo keemikaalaa jechaan barreessuu
Maagniziyeemii + Oksijinii → Maagniziyeem oksaayidii
- Dhawaata 2.** Kan jechaan barreffame gara iddo-bu'eewwanii fi foormulaatti jijiruu
 $\text{Mg} + \text{O}_2 \rightarrow \text{MgO}$
- Dhawaata 3.** Walqixxaattoo madaalamaa barreessuu
 $2\text{Mg} + \text{O}_2 \rightarrow 2\text{MgO}$

3.4.4 Walqixxaattota keemikaalaa sasalphoo madaaluu

Walqixxaattooni keemikaalaa seera walgita hangaa irratti hundaa'uu qabu. Akka seera walgita hangaatti walnyaatinsa keemikaalaa keessatti atoomoonni hin badanis hin uumamanis. waan kana ta'eef lakkofsi atoomota gara walnyaattotaa (wantoota gara bitaa) irra fi kanneen gara firriwaanii (wantoota gara mirgaa) irra jiranii walqixxee ta'u qaba. Adeemsii atoomota gara bitaa fi mirgaa walqixeessuuf godhamu kun walqixxaattuo keemikaalaa madaaluu jedhama. Walqixxaattuo keemikaalaa kara lamaan madaaluun ni dandaa'ama. Isaanis: **mala yaalii fi mala H.W.X (Hiramaa Walii Xiqicha)** ti.

1 Mala yaaliin madaaluu

Mala kanaan walqixxaattota keemikaalaa madaaluuf dhawaatota armaan gadii hordofuu barbaachisaa dha.

- a Walnyaattotaa fi firriwan addaan baasuun walnyaatinsa keemikaalaa jechaan barreessuu. Walnyaattotaa fi firriwan gidduu xiyyaa kaa'uu.
- b Walnyaattota kana iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwaniin fayyadamuun walqixxaattuo keemikaalaa barreessuu.
- c Lakkofsoota barbaachisoo ta'an iddo-bu'eewwan yookiin foormulaawan duratti katabuun lakkofsa tokkoo tokkoo atoomota elementii wal-qixeessuu.

Hubachisa:

erga Foormulaan barreffamee booda walqixxaattota madaaluf sabiskiriptii jijiiruun hinbarbaachisu.

Fakkeenyawwan:

- 1 Haayidroojinii fi oksijiniin walnyaatanii bishaan uumuu.
 - a Haayidroojinii + Oksijinii → Bishaan (walnyaatinsa keemikaalaa jechaan barreessuu)
 - b $H_2 + O_2 \rightarrow H_2O$ (iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwan fayyadamuun walqixxaatto keemikaalaa barreessu)
 - c $2H_2 + O_2 \rightarrow 2H_2O$ (walqixxaatto madaalamaa)
- 2 Walqixxaattota keemikaalaa armaan gadii madaali
 - a $H_2 + N_2 \rightarrow NH_3$

Lakkofsa atoomotaa tokko tokko elementii walnyaattotaa fi firii keessatti argamanii barreessi.

Walnyaattota: H = 2, N = 2

Firii: H = 3, N = 1

Walqixxaattoon kana madaaluuf dursinee lakkofsa haayidroojinii madaalla. Kunis 3, foormulaa H_2 duratti, 2 immoo foormula NH_3 duratti barreessun ta'a.

Haala kanaan




Walqixxaattuo kun madaalamuu isaa hubachuuf:

Walnyaattota: H = 6, N = 2

Firii: H = 6, N = 2

62 KEEMISTIRII KUTAA 7

walqixxaattoon madaalameera.




Lakkoofsa atoomii tokkoo tokkoo elementii gara bitaa fi mirgaa barreessuu.

Walnyaattota: C = 1, H = 4, O = 2

Firii: C = 1, H = 2, O = 3


Lakkoofsa 2 formulaa H_2O duratti yoo barreessine, haayidroojiniin ni madalama.



Walnyaattota: C = 1, H = 4, O = 2

Firii: C = 1, H = 4, O = 4

Lakkoofsa oksijinii madaaluuf, lakkooftsa 2 foormulaa O_2 duraatti barreessuu. Hala kanaan.






Walnyaattota: C = 1, H = 4, O = 4

Firii: C = 1, H = 4, O = 4

Walqixxaattoon madalameera.

Gilgaala 3.4

1 Walnyaattota keemikaalaa armaan gadii mala yaaliin madaala.



2 Mala H.W.X (Hiramaa walii xiqqicha)

GOCCHA 3.9

Gaa'ffillee armaan gadii irratti gareen mari'achuun yaada waljijiira.


- 1 Barnoota herreegaa keessatti hiramaa walii xiqqicha jechuun maal jechuu dha?
- 2 Hiramaa walii xiqichii 2,3 fi 4 barbaadaa.

Walqixxaattoota keemikaalaa mala H.W.Xn madaaluuf fakkeenya armaan gadii haa ilaallu.


Fakeenya 1.

- 1 Aluminiyemiin oksijinii wajjin walnyaachuun aluminiyem oksaayidii uuma.

Dhawaata 1: Walqixxaattoo keemikaalaa jechaan barreessuu.




Dhawaata 2: Iddo-bu'eewwanii fi foormulaa walnyaattotaa fi firii barreessuu.



Dhawaata 3: Mataa tokkoo tokkoo atoomii irra walitti qaba vaalaansii isaa kaa'uun H.W.X (Hirama wali xiqqicha) barbaaduu. Gama walnyaattotaatiin:


Vaalaansiin alumiiniyeemii 3. Kana mataa iddo-bu'ee alumiiniyeemii irra kaa'u. Atoomiin oksijinii tokko vaalaansiin isaa 2. Molekiyulii oksijinii tokko keessa atoomii oksijinii lamatu jira. Kanaafuu, mataa molekiyuulii oksijinii irra $2 \times 2 = 4$ kaa'u.

Gama firiitiin immoo Al_2O_3 keessa atoomii alumiiniyeemii lama, kan tokkoo tokkoon isaanii vaalaansii 3 qabantu jiru. Kanaaf walitti qabaan vaalaansii $2 \times 3 = 6$ mataa Al irra kaa'u. Atoomiin oksijinii firicha keessaa immoo sadii yoo ta'u tokkoo tokkoon isaa vaalaansii 2 qabu. Walitti qabaan vaalansii $3 \times 2 = 6$ mataa oksijinii irra kaa'u. Kana booda H.W.X isaanii barbaaduu.



H.W.Xn 3,4 fi 6 = 12

Dhawaata 4: H.W.X kana vaalaansota mataa tokkoo tokkoo wantootaa irra jiruuf hiruu. Kunis lakkofsa molekiyuulii tokko tokkoo wantoota madaaluuf gargaaru kenna. Lakkofsa kana tokko tokkoo molekiyuulii fulduratti barreessuu.





Dhawaata 5: Lakkofsa atoomota bitaa fi mirgaan ilaali.

Gara bitaan: Al = 4, O = 6

Gara mirgaan: Al = 4, O = 6


Kanaafuu walqixxaatichi madaalameera jechuu dha.

Fakeenya 2:



Gilgaala 3.5

Walqixxaattota keemikaalaa armaan gadii mala H.W.Xn madaalaa.



K eessa-deebii Boqonnichaa



Jechoota Ijoo

- ↳ Iddo-bu'eewwan elementootaa
- ↳ foormulaa elementootaa atoom-lamee
- ↳ foormulaawwan keemikaalaa
- ↳ kompaawundoota atoom-gos lamee
- ↳ ayoonota atoom baay'ee
- ↳ akaakummaa fi hammooma iddo-bu'eewwanii fi foormulaa
- ↳ walqixxaattota keemikaalaa
- ↳ lakkofsa vaalaansii
- ↳ sabiskiriiptii
- ↳ koofishantii
- ↳ mala yaalii
- ↳ mala H.W.X
- ↳ seera walgita hangaa
- ↳ firiwwan walnyaattota

CUUNFAA BOQONNICHAA

- ✓ Iddo-bu'eewwan keemikaalaa elementootaa maqaa elementootaa gabaabsanii barreessuu dha.
- ✓ Iddo-bu'een elementii qubee tokko qofa yoo ta'e yeroo hundaa qubee guddaadhan barreeffama. Yoo qubee lama ta'e garuu qubeen inni duraa yeroo mara qubee guddaan si'a barreeffamu qubee inni lammaffaan immoo qubee xiqaan barreeffama.
- ✓ Iddo-bu'eewwan elementootaa tokko tokko maqaa isaanii wajjin hindeeman. Kun kan ta'eef iddo-bu'eewwan kanniin maqaa afaan laatinii yookiin afaan biroo irraa waan fudhatamaniifi.
- ✓ Maqaan elementii tokkoo iddo-bu'ee keemikaalaan si'a barreefamu maqaan kompaawundi tokko immoo foormulaa keemikaalaan barreeffama.
- ✓ Foormulaan keemikaalaa kompaawundi tuuta iddo-bu'eewwan elementootaa kanneen kompaawundiicha keessatti argamanii ti.

Bishaan

- ✓ Elementoonni molekiyuloonni isaanii atoomii lama qaban elementoota atoom-lamee jedhamu.
- ✓ Humni walnyaatiinsaa elementii lakkofsa vaalaansii jedhama.
- ✓ Elementoonni tokko tokko vaalaansii lamaa ol qabaachuu danda'u. Fakkeenyaaf ayiraniin kompaawundoota tokko tokko keessatti vaalaansii 2 kan akka ayiraan (II) tti barreffamuu yoo qabaatu, kan biroo keessatti immoo vaalaansii 3 kan akka ayiraan (III) tti barreffamuu qaba.
- ✓ Foormulaawwan kompaawundoota sibiilota fi sibiilaloota kan vaalaansiin isaanii walqixa ta'e of keessaa qaban lakkofsi atoomota isaanii walqixa ta'a.
- ✓ Maqaan kompaawundoota atoom-goslamee kan moggaafamu maqaan sibiilalaa gara mirgaatti argamuu jecha "yidii" tiin akka dhumu gochuun ta'a.
- ✓ Tuuti atoomotaa kanneen kompaawundoota hedduu keessatti argamanii fi kan kophaa isaanii jiraachuu hin dandeenye ayoonota atoom-baay'ee jedhamu.
- ✓ Maqaa kompaawundoota ayoonota atoom-baay'ee qabanii moggaasun dura maqaa sibiilichaa moggaasuu, itti aanuun immoo maqaa ayoonii atoom-baay'ee moggaasuu dha.
- ✓ Akaakummaan iddo-bu'eewwanii waa'ee akaakuu elementii maqaan isaa iddo-bu'een barreffamee tokkoo irratti xiyyeffata.
- ✓ Foormulawwan keemikaalaa keessatti akaakummaa yoo jedhamuu gosa elementoota foormulaa keemikaalaa keessatti argamanii jechuu dha.
- ✓ Iddo-bu'eewwan ilaalchisee hammooma jechuun hamma yookiin lakkofsa elementii jechuu dha.
- ✓ Foormulaawwan keemikaalaa keessatti hammooma jechuun baay'ina tokko tokkoon elementoota yookiin garee atoomootaa kompaawundi keessatti argamanii jechuu dha.
- ✓ Lakoofsonni iddo-bu'eewwan yookiin foormulaawwan miila jalatti barreffaman sabiskiriiptii jedhamu.
- ✓ Lakkoofsonni iddo-bu'eewwaan yookiin foormulaawwan fulduratti barreffaman kofishantii jedhamu.
- ✓ Walnyaatinsa keemikaalaa jechuun jijiirama keemikaalaa kan wantoonni haarawaan amaloota haaraa qaban keessatti uumamanii dha.
- ✓ Walyaatiinsa keemikaalaa keessatti wantoonni jalqabaa walnyattota yoo jedhaman wantoonni haaraan uumaman immoo firiwwan jedhamu.
- ✓ Seerri walgita hangaa kan inni ibsu walnyaatiinsa keessatti hangi kan hin bannee fi hin uumamnee ta'uu isati.
- ✓ Walqixxaattoon keemikaalaa mala iddo-bu'eewwanii fi foormulaawwan fayyadamuu walnyaatinsa keemikaalaa gabaabsanii barreessu ti.
- ✓ Akka seera walgita hangaatti walnyaatiinsa Keemikaalaa keessatti atoomonni hin badan, hin uumamanis.

- ✓ Malli walnyaatinsa keemikaalaa keessatti atoomota gara bitaa fi mirgaa walqixxeessuu, walqixxaattoo keemikaalaa madaaluu jedhama.
- ✓ Walqixxaattoo keemikaalaa mala yaalii fi mala H.W.Xn madaaluun ni dan daa'ama.

GILGAALA KEESSA DEEBII BOQONNA

3^{FFAA}

I *Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e fili.*

- 1 Walnyaatinsa keemikaalaa keessatti wantoonni jalqabaa

A Firiwwani	C Walqixxaattota
B Walnyaattoota	D Deebii hinqabu
- 2 Iddo-bu'een keemikaalaa elementii tokkoo

A Yeroo hundaa qabee lama ta'uu qaba.	C Qabee tokko yoo ta'e qabee xiqlaan barreeffamuu qaba.
B Yeroo hundaa maqaa elementii wajjin walfakkaachuu qaba.	D Qabee lama yoo ta'e qabee inni duraa qabee guddaa, inni lammata immoo qabee xiqlaan ta'uu qaba
- 3 Akka seera walgita hangaatti walnyaatinsa keemikaalaa keessatti

A Hangi atoomoota karaa bitaa fi mirga xiyyaa walqixa.	B Atoomiin hin dhabamsiifamu, hin uumamus
C Hangi hin dhabamsiifamu, hinuumamus	D Kan armaan olii hundii sirriidha.
- 4 Iddo-bu'een kaarboonii kan armaan gadii keessa isa kamii?

A Ca	B Co	C Cl	D C
------	------	------	-----
- 5 Alumiiniyeem saalfeetiin, alumiiniyeemii (Al^{+3}) fi ayoonii atoom-baay'ee (SO_4^{2-}) of keessaa qaba. Kan armaan gadii keessaa foormulaan alumiiniyeem saalfeetii isa kamii

A $\text{Al}(\text{SO}_4)_3$	C $\text{Al}_2(\text{SO}_4)_3$
B Al_2SO_4	D $(\text{AlSO}_4)_3$
- 6 Lakkoofsi iddo-bu'eewan yookiin foormulaawwan keemikaalaa milla jalatti barreeffaman maal jedhamu?

A Kofishantii	C Ayoonii atoom-baay'ee
B Sabiskiriiptii	D Deebii hinqabu.
- 7 Maqaan kompaawundii foormulaan isaa FeS ta'ee kan armaan gadii keessa isa kami?

A Ayiran salfeetii	C Ayiran salfaayidii
B Saafeet ayiranii	D Ayiran salfaayitii

- Bishaan**
- 8 Vaalaansii aluminiyeemii 3 kan oksijinii immoo 2 yoo ta'e, foormulaan alumiiniyeem oksaayidii kan armaan gadii keessa isa kami?
- A AlO C AlO₃
 B Al₃O₂ D Al₂O₃
- 9 Kan armaan gadii keessa 4H₂O ilaachisun kan soba ta'e kami?
- A Molekiyulii bishaanii afur bakka bu'a
 B Lakkofsi 4 haayidiroojinii qofaaf dhabbatta
 C Molekiyulii bishaanii afur keessa atoomii oksijinii afurtu jira
 D Lakkofsi 4 koofiishantii dha
- 10 Malli walnyaatinsa keemikaala gabaabsanii barreessuun maal jedhama?
- A Iddo-bu'ee keemikaalaa C Foormulaa keemikaalaa
 B Walqixxattoo keemikaalaa D Seera walgita hangaa

II *Kanneen “B” jalatti barreffaman kannen “A”jalaaa wajjiin walitti firoomsi.*

“A”	“B”
_____ 11 Firiwwan	A Walnyaatinsa oksijinii fi wanta biroo
_____ 12 Vaalaansii	B H ₂
_____ 13 Soodiyemii	C Wantoota haaraa walnyaatinsa keessatti uumaman
_____ 14 Elementii atoom-lamee	D Na
_____ 15 Gubiinsa	E S
	F Human walnyaatinsa elementii
	G Seera walgita hangaa

III *Kanneen armaan gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaane immoo "Soda" jechuun deebisi.*

- 16 Vaalaansiin elementoota hundaa dhaabbataa dha.
- 17 Foormulaa keemikaalaa keessatti hammooma jechuun akaakuu elementoota kompaawundi tokko keessatti argamanii jechuu dha.
- 18 Elementoonni sabiskiriiptiin isaanii lama ta'e akka molekiyuuliitti argamu.
- 19 Walqixxaattota keemikaalaa madaaluun hin dandaa'amu.
- 20 Iddo-bu'een ayiranii I dha.

IV Bishaan Bakka duwwaa ta'e jechoota sirriiidhaan guuti.

- 21 _____ garee atoomotaa kan kompaawundoota hedduu keessatti argamanii fi kophaa isaanii garuu dhaabbachuu hin dandeenyee ti.
- 22 Walqixxaattota keemikaalaa mala _____ fi _____ n madaaluun ni dandaa'ama.
- 23 _____ kan inni ibsu walnyaatinsa keemiikaalaa keessatti atoomonni hin uumaman, hin dhabamsiifamanis yaada jedhuu dha.
- 24 Walnyaatinsa keemikaalaa yommuu barreessinu walnyaattotaa fi firriwan gidduutti _____ barreessina.
- 25 Walnyaatinsa keemikaalaa keessatti _____ gara bitaa _____ immoo gara mirgaatti barreeffamu.


V Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii kenni.

- 26 Kompaawundoota elementoota armaan gaditti vaalaansiin isanii hammattuu keessatti kananman irraa uumamaniif foormulaawwan isaanii barreessi.
- A Soodiyemii (1) fi salfarii (2)
 - B Alumiiniyeemii (3) fi naayitiroojiinii (3)
 - C Kaalsiyemii (2) fi kaarbooneetii (2)
 - D Soodiyemii (1) fi saalfeetii (2)
 - E Ayiranii (3) fi kiloorinii (1)
- 27 Walqixxaattota keemikaalaa armaan gaditti jechaan barreeffamaniif walqixxaattota foormulaawwanii barreessuun madaali.
- A Haayidroojinii + Naayitiroojiinii → Amooniyaa
 - B Ayiranii + Kiloorinii → Ayiran (II) oksaayidii
 - C Kaalsiyemii + Kiloorinii → Kaalsiyem kilooraayidii
 - D Salfariik asiidii + Ziinkii → Ziink salfeetii + Haayidroojiinii
 - E Kooparii + Oksijiinii → Koopar (II) Oksaayidii
- 28 Walqixxaattota keemikaalaa armaan gadii madaali.
- A $\text{Al} + \text{N}_2 \rightarrow \text{AlN}$
 - B $\text{P} + \text{O}_2 \rightarrow \text{P}_2\text{O}_5$
 - C $\text{NaBr} + \text{Cl}_2 \rightarrow \text{NaCl} + \text{Br}_2$
 - D $\text{Mg} + \text{N}_2 \rightarrow \text{Mg}_3\text{N}_2$
 - E $\text{NaCl} + \text{H}_2\text{SO}_4 \rightarrow \text{Na}_2\text{SO}_4 + \text{HCl}$

4

BOQONNAA

CAASAA WANTOOTAA



MATA-DUREEWAN GURGUDDOO

- 4.1 SEENAA GUDDINA BEEKUMSA
ATOOMUMMAA WANTOOTAA
- 4.2 TIYOORII ATOOMAAWAA
- 4.3 CAASAA ATOOMAAWAA
- 4.4 MOLAKIYUULOTA
 - ⇒ Cuunfaa Boqonnichaa
 - ⇒ Gaaffilee Keessa-deebii

BU'AALEE BOQONNICHAA

Adeemsa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ✓ Seenaa guddina beekumsa uumamaan atoomummaa wantootaa ni ibsita ,
- ✓ Tiyoorii atoomaawaa Daaltanii fi Tiyoorii atoomaawaa ammayyaa ni eerta,
- ✓ Caasaa atoomaawaa ni ibsita,
- ✓ Jechoota akka lakk. atoomaawaa, lakk. hangaa, hanga atoomaawaa fi ayisootooppotaa ni ibsita,
- ✓ Amaloota wantootaa hubachuu keessatti faayidaa qorannaan suudoowwan cita atoomaawaa qabu sirriitti nihubatta,
- ✓ Akkaataa raabsama elektiroonotaa gulantaa anniisa gurguddoo keessatti itti raabsaman ni ibsita, akkasumas raabsa elektiroonotaa elementoota 18 jalqabaa ni barreessita,
- ✓ Molakiyulota elementootaa fi molakiyulota kompaawundoottaa addaan ni baafta,
- ✓ Ogummaalee qo'anno sayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilalanii hubachuu, waliin madaaluu fi waldorgomsiisuu, qunnamuu, gaaffilee gaafachuu fi moodeelota hojjechuu gochaan agarsiisuu ni dandeessa.

GOCHA KA'UMSAA

Gareen gocha armaan gadii dalagaa. Waan gochicha irraa hubattan barattoota daree keessaniif dhiyeessuun yaada irratti waljijiiraa.

- 1 Cittuu shiboo koopparii, gumaa ashaboo, haanxii mukaa yookiin coba bishaanii fudhattanii yoo hamma dhumaatti gargar hiraa adeemtan, dhuma irratti maal argachuu dandeessu? Kana jechuun fakkeenyaaaf cittuu shiboo koopparii fudhattanii walakkaatti, walakkichaa immoo kurmaanatti akkasumas kurmaanicha bakka tokkosaddeettaffaatti kukkutaa, kukkutuu kana haaluma kanaan yoo itti fuftan, hiruun kun waanuma daangaa malee itti fufu isintti fakkaata moo, suudoo 'itti fufanii gargar kukkutuu hin danda'amne irra waan ga'amu isintti fakkaata?
- 2 Maatarii xiqaan inni dhuma ni jiraa?
- 3 Elementiin maali? Eddattoo elementii tokkoo gara wanta haarawa birootti adeemsagaadeessan jijiiruun ni danda'amaa?
- 4 Shiboo koopparii furdaa dheeraa fi qal'aa gabaabaa fudhattanii yoo kukkuttan, dhumarratti suudoowwan xixiqqoo shiboo waan kanneen lamaan kukkutuu argattan giidduu garaagarummaan ni jiraa?

YAADANNOO SEENAA



Joon Daaltan

Joon Daaltan bara 1766 A. L A Biyya Ingilaandiitti maatii harka qalleessa irraa dhalate. Hojji isaa kan calqabaa, umurii waggaa 12tti barsiisummaan eegale. Wagga torba booda dura taa'aa mana barumsaa ta'e. Bara 1793 koolleejji keessatti herregaa fi fiizksii barsiisuuf Maanchiistar dhaqe. Umurii isaa keessaa harka caalaa achitti barsiisuu fi qorannoo adeemsiisuun dabarse. Bara 1808 tiyoorii atoomaawaa haaraawaa isaa, kan qu'annaa maatariif bu'uura ture dhiyeesse. Tiyooriin atoomaawaa isaa kun yeroo calqabaaf kan argannoowwan yaaliin deeggaramee dhiyaate ture. Daaltan tiyoorii atoomaawaan haa beekamu malee, qorannoo meetirooloojji keessattis gumaacha hedduu godheera.


4.1 SEENAA GUDDINA BEEKUMSA ATOOMUMMAA WANTOOTAA

Adeemsaa fi xumuura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ Seenaa guddina beekumsa atoomummaa wantootaa ni ibsita;
- ✓ Tiyoorii walirraa hincinnee fi ciccitoo ta'uun maatarii waliin ni madaalta; waliinis ni dorgomsista.

Yeroo Giriikota durii irraa kaasee hamma har'aatti, maatariin maal irraa ijaarame yaadni jedhu ka'aa tureera. Kanumaan walqabatee, gaaffileen armaan olitti gocha seensaa keessatti ka'anii fi kanneen biroos bara dheeraan dura, falaastota hedduun, keessumattuu falaastoota Giriikiitiin ka'aa turaniiru. Falaastoonni Giriikii kunniin gaaffii bu'uraa "Maatarii xiqlaan inni dhumaajira?" jedhuuf deebii kennan irratti hundaa'uun, yaadawwan gurguddoo garaagaraa lama dhiyeessuun, falmii adeemsiisaa turaniiru. Falmiin kunis yaada Aristootiili fi yaada Dimokiraatasii dhiyeessan irratti ture.

Yaadawwan lameen kunniniis kanneen armaan gadii turan



Aristootil



Dimokiraatas

Yaadni inni tokko, wantoota walitti fufinsaan yoo **ciccirre**, **hiruun** kun daangaa malee ittuma fufa. Suudoo qeenxee xiqlaun irra ga'amu tasumaa hin jiru. Kanaafuu maateeriin walitti fufaa yookiin kan waliraa hinciccinneedha kan jedhu ture. Yaada kana kan deeggaru **Aristootil** ture.

Yaadni inni lammataa immoo wanta tokko fudhannee itti fufinsaan yoo kukkunne yookiin caccabsine, dhuma irratti suudoo qeenxee daran hiramuu hin dandeenye ("cittuu" itti fufanii gargar kutuun hin danda'amne) arganna kan jedhu ture. Jecha gara biiraatiin, wantoonni suudoowwan xiqlaun irraa ijaaraman. Kanaafuu maatariin ciccitoodha kan jedhuudha. Yaada kana kan burqisiise, dhaloota kiristoos dura bara 400tti, **Dimokiraatas** ture. Dimokiraatasiin, suudoo qeenxee daran gargar hin hiramne kana **atoomii jedhee** moggaase. Atoomiin jecha Giriikii "**Atoomas**" jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas suudoo suudoota isaa gadii xiqlaun ta'an kan biraatti, daran hin hiramne jechuudha.

Dimokiraatas atoomonni suudoo duudaa kantara, caaseeffama keessoo hin qabnee fi kan gidduu isaanii bakki duwwaan yookiin vaakiyumiin jiru jechuun ibseera.

Akka amantaa, Dimokiraatasiitti, wantoonni hundinuu suudoo xiqlaun isa dhuma of keessaa qabu. Wantoota yoo kukkunne, itti fufuun kukkutuun kan danda'amu 'suudoo xiqlaun isa dhuma kana bira amma ga'amutti qofa. Mee waa'ee yaada addaan cicciinsa wantootaa kana hubachuuf yaalii armaan gadii hojjadhaa.

Yaalii 4.1

Mata duree: Bulbula halluu qabeessaa callabbeessuu.

Kaayyoo: Bulbula callabbeessuun suudoowwan xixiqqotti hiramuu wantootaa hubachuuf.

Wantoota yaalichaaf barbaachisan: Biikaarii xiqqaa, biikaarii guddaa, bishaan, pootaasiyem maangaaneetii(VII), yookiin wanta halluu qabu kan biroo, ujummoo yaalii.

Akkaataa yaalichi itti hojjatamu:

- ✓ Akka *Fakkii 4.1* irratti agarsiifametti, gumaa (kiriistaala) pootaasiyem maangaaneetii(VII) xiqqoo ishee bishaan 10mL keessatti bulbulaa. Halluu bulbulichaa hubadhaa ilaala.
- ✓ Bulbulicha biikaarii guddaatti garagalchuun bishaan 20mL itti dabala.
- ✓ Hamma hallun bulbulichaa mul'achuu dhiisuutti bishaan itti dabaluun bulbulicha callabbeessuu itti fufaa. Waan hubattan galmeessaa.



Fakkii 4.1: Bulbula pootaasiyem maangaaneetii(VII) callabbeessuu

Hubannoo fi Xiinxaallii

- 1 Yommuu bulbulichi daran callabbeeffamaa adeemu kiriistaalichi pootaasiyem maangaaneetii(VII) maal ta'e?
- 2 Hammuma daran bishaan itti dabalamaa adeemu hallun bulbulichaa daalachaa'aa adeema. Kun maaliif ta'a isinitti fakkaata?
- 3 Dhumarratti hallun bulbulichaa gara sadarkaa mul'achuu dhiisuutti adeema. Sababiin hallun pootaasiyem maangaaneetii(VII) dhumarratti bishaan keessaa mul'achuu dhiiseef kun maali? Yommuu bulbulichi callabbaa'aa adeemu, pootaasiyem maangaaneetii (VII)n waan bishaan keessaa badu isinitti fakkaataa?
- 4 Suudoowwan xixiqqoo hedduun pootaasiyem maangaaneetii(VII) keessa jiran bulbulicha keessa yommuu tamsa'an, xinneenya isaanii irraa kan ka'e ijaan arguun hin danda'amu. Suudoowwan kana bulbulicha keessaa akkamitti dhiluun danda'ama?
- 5 Gocha kana yaada wantoonni hundinuu suudoowwan baay'ee xixiqqoo irraa ijaaraman jedhuun akkamitti walqabsiiftu?

Wanta foolii qabu tokko alaala yoo jiraanne, fooliin isaa akkamitti bakka jirrutti nu bira ga'ee nutti urgaa'uu yookiin xiraa'uu danda'a?

Cobni xiqqoon wanta foolii qabu tokkoo, kutaa bal'aa tokko keessatti yoo cobsame fooliin isaa battaluma kuticha keessa tamsa'ee walga'a. Kunis cobni dhangala'ichaa gara hurkaatti waan jijiiramuufi. Jecha gara biraatiin suudoowwan xixiqqoon coba dhangala'ichaa keessa jiran daree keessa waan tamsa'aniifidha. Suudoowwan xixiqqoon coba dhangala'ichaa keessa turanii fi suudoowwan xixiqqaan yommuu dhangala'ichi gara hurkaatti jijiiramu hurkicha keessatti argaman tokkuma. Sababa kanaaaf, fooliin dhangala'ichaa fi hurkichaa tokko ta'a. Suudoowwan kunniin baay'ee xixiqqoo waan ta'aniif ijaan arguu hin dandeenyu. Haa ta'u malee kuticha keessa jiraachuu isaanii foolii isaaniitiin beekuun ni danda'ama. Taateen kunis kan agarsiisu, suudoowwan foolif sababa ta'an baay'ee xixiqqa ta'uu isaaniitii fi copha tokko keessatti hedduun isaanii akka argamaniidha.

Mee waa'ee yaadrimee atoomii caalaatti hubachuuf gocha armaan gadii dalagaa.

Gocha 4.1


Gocha armaan gadii gareen hojjachuun, gaaffilee gochichatti aananii jiran deebisaa. Yommuu xumurtan barattoota garee biraa wajjin yaada waljijiiraa.

- ✓ Saanduqa haammattuuwwan waraqaa (agraafii) hammi isaanii walqixa ta'ee fi halluun isaanii walfakkaatu of keessaa qabu fudhaa.
- ✓ Haammattuuwwan waraqaa saanduqicha keessaa yaasuun bakka qixxee lamatti qoodaa




Fakkii 4.2: Haammattuuwwan waraqaa

- ✓ Amma immoo walakkaa isa tokko fudhaatii, bakka lamatti walakkicha immoo kurmaanatti akkasumas kurmaanicha bakka tokko-saddeettaffaatti qooduun hanga haammattuun waraqaa tokko kophatti hafuutti itti fufaa.



Fakkii 4.3: Haammattuu waraqaa kophatti hafe

- ✓ Hamma ttuu tokkicha kana qaxxaamuraan bakka lamatti muraa.



Fakkii 4.4: Cittuu Haammattuu waraqaa

- ✓ Cittuu isa tokkoon waraqaa walitti qabsiisuu yaalaa.

Gaaffilee marii

- 1 Haammattuuwwan waraqaa bakka lama lamatti hiraayommuu adeemtan, dhumarratti qabduun waraqaa tokkotu hafe. Haammatuun waraqaa tokkichi dhumarratti argattan kun isaan kan biroo irraa garaagarummaa ni qabaa? Hammattuu waraqaa dhu'marratti kophatti hafe kanaan waraqaa qabsiisuu ni danda'amaa? Qabduun waraqaa tokkichi kophatti hafe kunii fi atoomiin Dimokiraatasii maaliin walfakkaatu?
- 2 Hammattuu waraqaa tokkicha dhumarratti hafe, erga bakka lamatti murtanii booda hoo cittuuwwan kanneeniin waraqaa walitti qabuuf itti fayyadamuun ni danda'amaa?
- 3 Gochi kun, yaada wantoonni hundinuu suudoowwan xixiqqoo atoomota jedhaman irraa ijaaraman jedhu ilaachisee maal isin hubachiisa?
- 4 Eddattoo elementii tokkoo fakkeenyaaf, shiboo koopparii fudhannee yoo caccabsine dhumarratti suudoo xiqqoo amala elementichaa qabtu argama. Kunis atoomii elementichaati. Atoomii tokko erga caccabsinee booda amaloota elementichaa agarsiisuu hin danda'u. Yaadrimee kanaa fi waa'ee cittuu qabduu waraqaa akkamitti walbira qabdaniil ilaaltu?

Yeroo Dimokiraatasiin yaadrimee atoomii dhiyeessu sana, gochi yaalii jedhamu hin beekamu ture. Kanaafuu, akka yaadatti dhiyeessuun alatti, yaadicha yaaliin deeggaruuf tattaaffiin godhame hin turre.

Dabalees, Aristootil yaada faallaa Dimokiraatas kan ta'e, "maatarii gidduu bakki duwwaan tasumaa hin jiru; maatariin walitti fufaadha. Kanaafuu, amma dhuma hin qabnetti hiramuu yookiin ciccituu danda'a" jedhu dhiyeessuun mormaa ture. Yeroo sanatti Aristootil dhageettii olaanaa waan qabuuf, yaadni Dimokiraatasii akka fudhatama hin arganne dhiibbaa irratti geessiseera.

Sababa kanneen lamaan irraa kan ka'e, amma bara Joon Daaltaniitti (1976-1984 A.L.A), beekumsi waa'ee yaadrimee atoomii dadhabee ture. Haa ta'u malee, yaadni Dimokiraatasiin burqisiise, tiyoorii atoomaawaaf ka'umsa gaarii ta'eera.

Gocha 4.2

Garee uumuun kitaabolee yookiin madda odeeffannoo biroo fayyadamuun, waa'ee tiyoorii suudoowwan bu'uura wantoonni irraa ijaaramanii, kanneen hayyoota Giriikii bara duriitiin dhiyaate qoradhaa. Adeemsa qorannoo keessa, gaaffilee armaan gadii deebisuu yaalaa. Argannoo keessan barattoota daree keessaniif dhiyeessuun irratti mari'adhaa.

- 1 Falaastonni Giriikii kanneen akka Dimokiraatas maaliif saayintistoota jedhamuuf milkaawoo hin ta'in ture?
- 2 Dimokiraatasiin, wantoonni hundinuu suudoowwan xixiqqoo atoomota jedhaman irraa ijaaraman jechuun isaa sirrii akka ta'e ni beekna. Haa ta'u malee, namoonni yaada Dimokiraatasi kana yeroo dheeraaf maaliif osoo hin fudhatiin turan?

Gilgaala 4.1

- 1 Dimookiraatasiin atoomii akkamitti ibse?
- 2 Yaadni atoomaawaa Dimokiraatas karaa adeemsaa saayinsaawaan yommuu ilaalamu maal dhabe?
- 3 Yaadota Aristootilii fi Dimokiraatas keessaa kan yaadrimee atoomiif gumaache kami?

4.2 TIYOORII ATOOMAAWAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ Tiyoorii Atoomaawaa Daaltan ni eerta.
- ✓ Hanqina tiyoorii Atoomaawaa Daaltan ni ibsita.
- ✓ Tiyoorii atoomaawaa ammayyaa ni ibsita

4.2.1 Tiyoorii Atoomaawaa Daaltan

Waggoota 2500 dura amantaan wantoonni hundinuu atoomota irraa ijaaraman jedhu turullee, carraaqqiin yaada kana yaaliin mirkaneessuuf taasifame hanga jaarraa 19ffaatti hin turre. Bara 1908 Daaltan Tiyoorii Atoomaawaa isa jalqabaa, argannoowwan yaaliin deeggaree dhiyeesse. Yeroon kun hayyooni saayinsii baay'een kanneen akka Aantoonii Lavooyizarii fi Jooseef piroostil, yeroo seerota jijiirama keemikaalaa adda addaa itti argatan ture. Daaltanis argannoowwan isaanii kanaa fi ragaalee qo'annoo fi qorannoo birootiin deeggarame jiraachuu atoomotaa ibsuun, tiyoorii atoomaawaa isa calqabaa kana baase. Akka Tiyoorii Atoomaawaa Daaltaniitti maatariin hundinuu elementiis ta'ee kompaawundiin yookiin immoo makaan suudoowwan xixiqqoo atoomota jedhaman irraa ijaaraman.

Yaadonni Tiyoorii Atoomaawaa Daaltan haala armaan gadiin ibsamuu danda'u.

- 1 *Elementoontti hundi suudoowwan xixiqqoo atoomota jedhaman of keessaa qabu.*

Fakkeenyaaaf, eddattoon elementiin koopparii atoomota koopparii irraa ijaarame.

- 2 *Atoomonni gargar hin qoqqoodaman. Atoomonni dhabamsiifamuus ta'ee uumamuu hin danda'an.*

Fakkeenyaaaf, atoomonni kooppariii hin dhabamsiifaman yookiin hiramuun atoomota biroo hin uuman.

- 3 *Atoomonni elementii tokkoo hangas dabalatee amala fiizikaalaa fi keemikaalaa tokko qabu; jechuunis waan hundaanuu walfakkaatu.*

Fakkeenyaaaf, atoomiin koopparii tokko atoomota koopparii biroo waliin waanuma hundaan walfakkaata. Hangi atoomii koopparii tokkoo hanga atoomota elementichaan kanneen biroo waliin walqixa.


4 Atoomonni elementii tokkoo, atoomota elementii biroo kamirraayyuu adda.

Fakkeenyaaaf, atoomonni elementiikaarboonii atoomota elementii oksijiinii irraa adda. Garaagarummaan atoomota elementoota adda addaa gidduu jiru keessaa tokko garaagarummaa hanga isaaniiti.

5 Atoomonni, reeshoo lakkofsa xiqaatiin walnyaatu.

Atoomiin elementii tokkoo yommuu atoomii elementii biroo wajjin walfudhatu kompaawundiit uumama. Daaltan tiyoorii isaa keessatti, kompaawundii kam keessattuu atoomonni elementoota adda addaa kompaawundicha keessa jiran reeshoo lakkofsa xiqaatiin akka walfudhatan ibseera. Fakkeenyaaaf, kompaawundii bishaanii keessatti, suudoon bishaanii tokko atoomii oksijiinii tokkoo fi atoomota haayidiroojiinii lama irraa ijaarama. Reeshoon haayidiroojiinii fi oksijiinii 2:1 dha.

Akka yaada Daaltaaniitti atoomiin duqunqula (isfeerii) baay'ee xiqaat hookkoolee(dirtuu) gidduu isaati qabuudha. *Fakkii 4.5* ilaali.



Fakkii 4.5: Moodeeliin atoomii Daaltan duqunqula

Atoomiin elementii tokkoo atoomii elementii biraa wajjiin yommuu walnyaatan, hookkoolee kanaan walitti hidhamuun (diramuun) kompaawundii uumu. Baay'inni hookkoolee atoomii tokko humna walnyaatinsa isaatiif murteessaadha

GOCHA 4.3

Gocha araan gadii gareen hojjadhaa. Yommuu xumurtan barattoota daree keessanii dhiiyeessaa.

- 1 Boqonnaa sadii keessatti , lakkofsi vaalaansii humna walnyaatinsa elementootaa akka ta'e barattanii jirtu. Walitti dhuufeenyi **hookkoolee** atoomii Daaltanii fi lakkofsa vaalaansii gidduu jiru maali?
- 2 Waa'ee seera walgitiinsa hangaa, boqonnaa sadii keessatti barattaniirtu. Seerri kun tiyoorii atoomaawaa Daaltan keessatti akkamitti ibsame?
- 3 Yommuu walqixxaattoon keemikaalaa madaalamu sabiskiriiptiin xuqamuu akka hin qabne barattaniirtu. Kunis akka seera qabiyyee murtawaatti (dhaabbataatti), reeshoon elementoota kompaawundii tokko keessa jiranii murtawaawaa waan ta'eefidha. Seerri kun hoo Tiyoorii Atoomaawaa Daaltan keessatti hima kamiin ibsame?

Tiyooriin adda addaa haa ba'u malee, argannoo qorannoo saayinsii haarawaa irratti hundaa'uun tiyorichi foyya'uun yookiin guutumaa guututti jijiiramuun ni danda'a. Haaluma kanaan qorannoona waa'ee elektiriisiitii irratti gaggeeffameen, atoomoota hunda keessatti suudoowwan baay'ee xixiqqoon chaarjii negaativii qaban akka argaman beekameera. Suudoowwan kanneen kan argate **Jooseef Joon Toomsan** ture. Isaanis **elektiroonota** jedhamuun moggaafaman. Suudoon chaarji qabeessi atoomota keessa jiru elektiroonii qofa miti. Yaalii fiiziksiitiin beekamaan **Gooldistan** jedhamu adeemsiiseen, suudoowwan **chaarjii poozativii** qabanis akka atoomota keessa jiran beekameera. Suudoowwan kunniinis boodarra pirootoonota jedhamanii moggaafaman. Saayintistiin biroo kan **Chaadwik** jedhamu immoo, suudoowwan gara biroo kan **chaarji-dhabeessa** ta'an atoomota keessa akka jiran argate. Isaan kunis **niwutiroonota** jedhamanii moggaafaman. Suudoowwan xixiqqoon atoomota keessatti argaman kunniin walumaagalatti, suudoowwan **cita-atoomaawaa** jedhamuun beekamu.

Gocha 4.4

Gocha araan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota daree keessaniif dhiyeessun yaada irratti wal jijiiraa.

- 1 Suudoowwan cita-atoomii atoomota keessa jiraachuun isaanii beekamuun, Tiyoori Atoomaawaa Daaltan irratti jijiirama akkamii fide ?
- 2 Argannoon qorannoo waa'ee suudota cita- atoomaawaa jedhaman kun, yaadota Tiyoori Daaltan keessa jiran keessaa, isaan kam irratti fooyya'insa/yookiin jijiirama fida isinitti fakkaata? Argannoowwan araan olii bu'uureeffachuuun yaadota tiyoori Daaltan keessa isaan dogoggora ta'an addaan baasaa barreessaa.

4.2.2 Tiyoori Atoomaawaa Ammayyaa

Yaadrimeen Tiyoori Atoomaawaa Daaltan, inni “atoomiin suudoo baay’ee xiqqoo isa dhumaan kan gargar qoodamuu hin dandeenye,” jedhu, saayintistrooni hedduun qorannoo jaarraa 20^{tafa} keessa adeemsiisan, akka sirrii hin ta'in mul'isaniiru. Argannoowwan kunniinis, akkuma araan olitti ibsame, atoomonni suudoota xixinnoo cita-atoomaawaa jedhaman akka ofkeessaa qaban kan agarsiisaniidha. Atoomonni elementii tokkoos suudoowwan kanneen keessaa, lakkofsa niwutiroonotaa garagaraa qabaachuu akka danda'anis beekameera.

Argannoowwan kanneen irratti hundaa'uun, tiyooriin atoomaawaa ammayyaa kan odeeaffannoo caasaa atoomaawaa, amala atoomotaa fi kan kana fakkaatan ibsu baheera. Tiyooriin Atoomaawaa Ammayyaa keessatti yaadrimeewwan argaman kan araan gadiitti tarreeffamaniidha.

- 1 Wantootni hundinuu suudoota baay’ee xixiqqaa atoomota jedhaman irraa uumaman /ijaaraman/.

- 2 Atoomonni mataa isaaniitiin suudoowwan cita-atoomaawaa kanneen pirootoonoota, elektiroonotaa fi, niwutiroonoota jedhaman irraa ijaaraman. Kanaafuu, suudoowwan kanatti hiramuu danda'u.
- 3 Atoomonni elementii tokkoo hundinuu lakkofsa pirootoonotaa fi elektiroonotaa walqixa qabu. Garuu lakkofsi niwutiroonotaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Kanaafis, amalooni fiizikaalaa isaanii kan akka rukkinaas (hangaas) garaagarummaa ni qabaatu. Amalooni keemikaalaa isaanii garuu walfakkaata.
- 4 Atoomonni elementii tokkoo atoomota elementii biroo kamirraayyuu adda. Kanaafuu, atoomotni elementootaa adda addaa amaloota keemikaalaa fi fiizikaalaa garaagaraa qabu.
- 5 Yeroo elementoonni lama yookiin lamaa ol ta'an walnyaatan, atoomonni isaanii reeshoo lakkofsa hundaa xiqlaatiin walfudhatanii kompaawundii uumu. Kanaafuu, kompaawundii kamiyyuu keessatti, akaakuun elementootaa fi reeshoon atoomota elementootaa yeroo hunda walfakkaataadha.
- 6 Walnyaatinsa keemikaalaa gadeessaan (idleen) atoomonni hin uumaman, hin barbadeeffaman, gara atoomota birottishin jijiiraman.

GOCHA 4.5

Kanneen armaan gadii irratti mari'achuun, yaada keessan barattoota daree keessaniitiif dhiyeessaatii yaada irratti wal jijiiraa.

- 1 Haayidiroojiinii fi oksijjiinii akka fakkeenaatti fudhachuu, tokkoon tokkoo yaadota tiyoorii atoomaawaa ammayyaa keessa jiran ibsaa.
- 2 Tiyoorii Atoomaawaa Daaltan fi Tiyoorii Atoomaawaa Ammayyaa, walbiraqabuun dubbisaa.
 - a Yaadota Tiyoorii Daaltan keessaa isaan kamtu Tiyoorii Ammayyaa keessatti akka jijiiraman addaan baasaa barreessaa.
 - b Jijiirama yookiin fooyya'insa yaadota kanneeniif, argannoowwan qorannoo bu'uura ta'an kamfaa akka ta'an ibsaa.
- 3 Akka tiyoorii atoomaawaa Daaltanittis ta'ee, akka tiyoorii atoomaawaa ammayyaatti atoomonni, reeshoo lakkofsa xiqlaatiin walnyaachuun kompaawundii uumu. Akka yaadrimee kanaatti;
 - a Akaakuu molakiyulota bishaanii kanneen coba bishaanii tokko keessa jiranii fi kanneen bishaan finjaala tokko keessa jiran gidduu garaagarummaan ni jiraa?
 - b Bishaan qulqulluu maddoota adda addaa irraa argame, yookiin bishaan qulqulluu karaa walnyaatinsa adda addaatiin qophaa'e keessa, akaakuu molakiyulootaa jiran gidduu garaagarummaan ni jiraa?

Gilgaala 4.2

I *Himoota armaan gadii keessaa akka Tiyoorii Atoomaawaa Daaltanitti kan fudhatama qaban isaan kami?*

- A Atoomonni suudoota xixiqqoo isa dhumaan maatariiti.
- B Hangi atoomii ayiraanii hanga atoomii koopparii irraa garaagara.
- C Tokkoon tokkoo atoomii salfarii atoomota salfarii isaan biroo waliin tokkuma.
- D kompaawundiin tokko walfudhanna keemikaalaa elementoota lama yookiin isaa oliin uumama.
- E Elementiin tokko atoomota adda addaa irraa ijaarama.
- F Kompaawundiin tokko elementoota lama yookiin lamaa ol irraa adeemsa jijiirama fizikaalaatiin uumama.
- G Akaakuun molakiyuuloota bishaanii kan bishaan qulqulluu finjaala tokkoo fi kan bishaan qulqulluu hubboo tokko keessa jiranii tokkuma. Garuu baay'inni isaanii walcaala.

II *Himoota keemikaalaa (fakkenyawwan) gara bitaatti barreeffamanii fi tiyoorii atoomaawaa gara mirgaatti barreeffameen walitti firoomsi.*

Hima keemistirii (Fakkenyawwan)	Tiyoorii Atoomaawaa
1 $2H_2 + O_2 \rightarrow 2H_2O$, kan uumamu H_2O dha malee NaCl miti.	a Elementooni hundi suudoowwan xixiqqoo atoomoota jedhaman of keessaa qabu.
2 Elementiin tokko atoomoota mataa isaa qaba	b Atoomonni elementii tokkoo atoomoota elementii biroo kamirraayyuu adda.
3 $C + O_2 \rightarrow CO_2$; "CO ₂ " n CO yookiin CO ₃ miti.	c Atoomonni elementii tokkoo sirriin walfakkaatu. Garuu, atoomonni elementii tokko hanga walqixa qabaachuu dhiisuu ni danda'u
4 Kaarboonii giraama ja'a keessaa atoomota hedduu (3.01×10^{23}) jira.	d Atoomonni elementii tokkoo hundinuu lakkofsa pirootoonotaa fi electiroonotaa walqixa qabu.
5 Eddattoo kilooriinii keessaa atoomota kilooriinii hangi isaanii 35 ta'ee fi atoomota kilooriinii hangi isaanii 37 ta'etu jiru. Atoomonni kilooriinii kunniin hundinuu amaloota keemikaalaa tokko qabu.	e walnyaatinsa keemikaalaa gadeessaan (baramaan) atoomonni hin tolfaman, hin barbadeeffaman, gara atoomota biroottis hin jijiiraman. Garuu bifa haaraan qixxeeffamuun kompaawundi uumu.
6 Amaloonni atoomoota kaarboonii kan atoomota haayidiroojiinii irraa garaagara. Hangas dabalatee amaloota adda addaa qabu.	f Yeroo elementooni lamayookiin lamaa ol ta'an walnyaatan, atoomonni isaanii reeshoo lakkofsa hundaa xiqlaatiin walfudhatanii kompaawundi uumu

III Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirii ta'e fili

- 1 Yaadrimeewwan armaan gadii keessaa kan Joon Daaltaniin hin hubatamiin isa kami?
- A Wantoonni hundinuu atoomota irraa uumamuu isaanii.
 B Atoomonni elementoota lama yookiin isaa olii walnyaachuun kompaawundoota uumuu isaanii.
 C Atoomonni suudoowwan xixiqqoo cita-atoomaawaa jedhaman qabaachuu isaanii.
 D Atoomonni elementoota adda addaa amaloota garaagaraa qabaachuu isaaniiti.
- 2 Yaadota tiyoorii atoomaawaa Daaltan kanneen armaan gadii keessaa boodarra akka dogoggora ta'e qorannaan kan mirkaneeffame isa kami?
- A Maatariin kamyuu atoomii irraa ijaarame.
 B Elementiin tokko atoomoota akaakuu tokko qofa irraa ijaarama.
 C Elementooni lama yookiin isaa ol yoo walfudhatan kompaawundii uumu.
 D Atoomonni elementii tokkoo hundinuu karaa hundaanuu walfakkaatu.
- 3 Falaasafaan Giriikii durii kan calqaba yaadrimee atoomii maddisiise eenu ?
- | | |
|-----------------|----------------|
| A Paayitaagoras | C Dimokiraatas |
| B Aristootil | D Sokiraatas |

4.3 CAASAA ATOOMAAWAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ Niwukilasii fi gulantaa anniisaa elektiroonotaa akka qaamman atoomii lamaaniitti ni ibsita,
- ✓ Hiikkaa lakkoofsa atoomaawaa fi lakkoofsa hangaa ni kennita.
- ✓ Lakkoofsa atoomaawaa fi lakkoofsa hangaatti fayyadamuun lakkoofsa elektiroonotaa, pirootoonotaa fi niwutiroonotaa ni shallagda
- ✓ Hiikkaa ayisootooppotaa ni kennita.
- ✓ Ayisootooppota haayidiroojiinii, kilooriinii fi kaarboonii akka fakkeenyatta ni kennita,
- ✓ Hiikkaa hanga atoomaawaa ni kennita,
- ✓ Hiikkaa gulantaa anniisaa ni kennita,
- ✓ Gulantaa anniisaa qubeewwanii fi lakkoofsaan bakka buusta,
- ✓ Lakkoofsa elektiroonotaa olaanaa gulantaan anniisaa tokko qabaachuu danda'u ni ibsita,

- ✓ Hiikcaa raabsa elektiroonawaa elementootaa ni kennita,
- ✓ Raabsa elektiroonawaa elementoota 18jalqabaa gulantaawan annisaa gurguddoo keessatti argamanii ni barreessita,
- ✓ Danaa raabsa elektiroonawaa elementoota 18ttan jalqabaa ni agarsiista.
- ✓ Moodeela atoomii elementootaa 18ttan duraa keessaa kan isa tokkoo ni tolchita,
- ✓ Hiikcaa elektiroonota vaalaansii ni kennita,
- ✓ Lakkoofsa elektiroonota vaalaansii elementoota 18ttan jalqabaa ni argarsiifta,
- ✓ Hiikcaa ayoonotaa ni kennita,
- ✓ Fakkeenya ayoonota poozatiivii fi ayoonota negaatiivii ni kennita

4.3.1 Suudoowan cita-atoomaawaa

Akka tiyorii atoomaawaa ammayyaatti, atoomiin akka hiramuu (caccabuu) danda'u ilaalleerra. Atoomonni hundinuu suudoowan cita atoomii irraa ijaaramu.

Garuu atoomiin matuma isaatinuu hammam ga'aa?

Atoomonni suudoowan baay'ee xixiqqoo dha. Wantoota baay'ee xixiqqoodha jennee sammuu keenyatti yaadnu kam irraayyuu xixiqqoodha. Fakkeenyaaf, atoomonni koopparii 100,000 000 walcinnaa yoo hiriifaman sarara 1cm dheeratu uumu.

Atoomiin hammam akka ga'u daran xinxaluuf mee hamma sadhaatawaa wantoota gabatee armaan gadii keessatti ibsamani walbira qabuun xinxali.

Gabatee 4.1 Amaloota waliigalaa makootaa fi kompaawundootaa.

Hamma sadhaatawaa	
Raadiyeesii (meetiraan)	Fakkeenya
10^{-10}	Atoomii haayidiroojiinii
10^{-9}	Molakiyuulii bishaanii
10^{-8}	Molakiyuulii himoogiloobiinii
10^{-4}	Gumaa cirrachaa tokko

Kanarraa ka'uun atoomiin hagam xiqaan akka ta'e tilmaamuun ni danda'ama. Atoomiin suudoo baay'ee xiqqoo ta'us, gara suudoowan xixiqqoo suudoowan cita atoomaawaatti akka hiramuu danda'u ilaalleerra.


Wantoonni addunyaa kana irratti argaman martinuu suudoowan xixiqqoo kanneen irraa ijaaraman.

Atoomonni suudoowan cita-atoomaawaa sadii ofkeessaa qabu. Isaanis [pirootoonii](#), [elektiroonii fi niwutiroonii](#) dha.

Suudoowwan cita atoomaawaa kunniin atoomota keessatti bakka kamitti argamu?

Qaamni atoomii bakka lamatti qoodama.

Qaamni inni tokko wiirtuu atoomichaa kan ta'ee fi kan **chaarjii poozativii** qabuudha. Innis **niwukilasii** jedhamee waamama. **Fakkii 4.6** ilaali. Qaamni kun bakka hangi atoomaawaa itti kuufamee fi qabee baay'ee xiqqa qabu dha. Niwukilasiin hamma atoomii kan waliigalaa keessaa $\frac{1}{100,000}$ dha. **Pirootoononii** fi **niwutiroononii** qaama kana keessatti argamu.



Fakkii 4.6: **Qaama atoomii**

4.3.2 Hanga sadhaatawaa fi chaarjii suudoota cita atoomii

Suudoowwan cita atoomii amaloota mataa isaanii qabu.

Pirootoonii: Pirootooniin niwukilasii keessatti argama. Chaarjiin isaa poozatiiviidha. Kunis koloombiin yommuu safarame 1.602×10^{-19} dha. Chaarjiin sadhaataawaan isaa immoo +1 dha. Hangi pirootoonii giraamaan 1.67×10^{-24} yommuu ta'u, yuuniitii hangaa atoomaawaan 1 dha.

Elektiroonii: Suudoon kun sheelii keessatti kan argamuu fi niwukilasiitti kan marsuu dha. Chaarjiin isaa neegaativii dha. Chaarjiin sadhaataawaan elektiroonii 1 dha. Chaarjiin elektiroonii kun koloombiin 1.602×10^{-19} dha.

Hangi elektiroonii giraamaan 9.11×10^{-28} dha. Kanaafuu, hangi pirootoonii waliin yommuu ilaalamu garmalee baay'ee xiqqa fi kan lakkofsa keessa hin galledha.

Niwutiroonii: Niwutirooniin niwukilasii keessatti pirootooniin walmakee argama. Niwutirooniin chaarji-dhabeeessa. Kanaafuu, wal-dhiibbaa pirootoonota gidduu jiru hir'isa. Hangi isaa 1.67×10^{-24} g yookiin yuuniitii hanga atoomaawaan (YHA) 1 dha. Hangi isaa kun tilmaamaan kan pirootooniin walqixa.

Gabateen armaan gadii chaarjii fi hanga suudoowwan cita-atoomaawaa sadanii gabaabbinaan mul'isa.

Gabatee 4.2 Hangaa fi chaarjii Suudoowwan cita-atoomaawaa


Maqaa suudoo cita-atoomaawaa	Hanga (giraamaan)	Hanga sadhaataa (YHA)	Chaarjii Sadhaataawaa	Atoomii keessatti bakka itti argamu
Elektiroonii $\left(e^- \right)$	$9.11 \times 10^{-28} \text{ g}$	0 (garmalee xiqqaa dha)	-1	Niwukilasiin alatti
Pirootoonii $\left(p^+ \right)$	$1.673 \times 10^{-24} \text{ g}$	1	+1	Niwukilasii keessa
Niwutiroonii (n)	$1.675 \times 10^{-24} \text{ g}$	1	0 (chaarji dhabeessa)	Niwukilasii keessa

Lakkoofsi piroootonotaa fi elektiroonotaa atoomii hinbaabsaawaa (chaarji-dhabeessaa) tokkoo walqixa.

GOCHA 4.6

Gocha araan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota dareef dhiyeessuun yaada irratti wal jijiiraa.

- 1 *Gabatee 4.2* keessatti hangi piroootonii fi elektiroonii giraamaan kennmeera. Kanarraa ka'uun hangi piroootonii hanga elektiroonii al meeqa akka ta'u shallagaa.
- 2 Fakkiin araan gadii atoomii elementii tokkoo agarsiisa.



- a Suudoowwan cita atoomii sadan fakkicha irratti agarsiifaman adda baasuun maqeessaa.
- b Chaarjii isaanii fi atoomicha keessatti eessatti akka argaman barreessaa.
- c Baay'inni tokkoon tokkoo akaakuu cita atoomaawaa fakkicha irratti agarsiifaman, meeqa meeqa akka ta'e adda baasaan barreessaa.
- d Suudoowwan kanneen keessaa kan baay'inni isaanii walqixa ta'e isaan kami?

4.3.3 Lakkoofsa Atoomaawaa fi Lakkoofsa Hangaa

Gocha 4.7

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota dareef dhiyeessuun yaada irratti wal jijiiraa.

- 1 Atoomiin aluminiyemii pirootoonota 13, niwukilasii isaa keessaa qaba. Atoomiin elementii biroo kan niwukilasii isaa keessaa pirootoonota 13 qabu ni jiraa? Maaliif?
- 2 Elementoonni adda addaa (fakkeenyaaaf walqaa fi warqin) maaliif, amaloota adda addaa qabaachuu danda'an?

Atoomonni elementii tokkoo hundumtuu, niwukilasii isaanii keessaa baay'ina pirootoonotaa walqixa ta'e qabu. Lakkoofsi pirootoonotaa kun **lakkoofsa atoomaawaa** jedhama. Iddo- bu'een lakkoofsa atoomaawaa Z dha. Lakkoofsa atoomaawaa elementii tokkoo, elementichi kam akka ta'e addaan baasuuf fayyada. Kanaafuu, eenyummaan (maalummaan) atoomii tokkoo kan ittiin beekamus lakkoofsa atoomaawaa isaatiini. Fakkeenyaaaf, atoomiin pirootoonota ja'a niwukilaasiisii isaa keessaa qabu tokko, lakkoofsi atoomaawaa isas 6 ta'a. Atoomonni lakkoofsi atoomaawaa isaanii ja'a ta'e hunduu immoo atoomota elementii kaarbooniiti.

Lakkoofsi pirootoonotaa fi lakkoofsi elektiroonota atoomii tokkoo walqixa waan ta'eef, lakkoofsi atoomaawaa lakkoofsa elektiroonota sheelota atoomichaa keessatti argamanii waliinis walqixa.

Baay'inni pirootoonotaa kanneen atoomonni elementoota adda addaa niwukilasii isaanii keessaa qaban garaagara. Kanaafuu, atoomonni elementoota garaagaraa tasumaa lakkoofsa atoomaawaa tokko qabaachuu hin danda'an. Fakkeenyaaaf, lakkoofsi atoomaawaa atoomii salfarii 16 yommuu ta'u, kan atoomii soodiyemii garuu 11. Garaagarummaa lakkoofsa atoomaawaa (baay'ina pirootoonotaa) kanatu amaloonni elementoota kanneenii akka adda adda ta'u taasisa.

Pirootoononnii fi niutiroononni niwukilasii keessatti akka argamanii fi hangi elektiroonii hanga suudoota kana lamaanii waliin walbira qabamee yommuu ilaalamu, lakkoofsa keessa kan hin galle ta'uu isaa ilaalleerra. Kanaafuu, hangi atoomii tokkoo caalaatti baay'ina niutiroonotaa fi pirootoonota atoomichaa irratti hundaa'a.

Ida'amni lakkoofsa pirootoonotaa fi lakkoofsa niutiroonotaa niwukilasii atoomichaa keessatti argamanii **lakkoofsa hangaa** jedhama. Iddo- bu'een lakkoofsa hangaa 'A' dha.

Atoomiin iddo-bu'een isaa X ta'e, akka ${}^A_Z X$ tti (${}^A_Z iddo - bu'ee$) yommuu barreffamu:

'A' – lakkoofsa hangaa

"Z" – lakkoofsa atoomaawaa agarsiisu.

Fakkeenyaaaf, Atoomiin oksijiinii lakkoofsa atoomaawaa 8 fi lakkoofsa hangaa 16 qabu haala kanaan akka ${}^{16}_8 O$ tti barreffama.

Gocha 4.8

Gocha araan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan cimdiin walitti fiduun irratti mari'adhaa.

- 1 Gabatee peeredikii irraa lakkofsa atoomaawaa elementoota araan gadii barbaadaati barreessaa.

a Salfarii	c Argoonii	e Kaarboonii
b Pootaasiyemii	d Naayitiroojiinii	
- 2 Lakkofsi hangaa atoomii kilooriinii tokkoo 37. Lakkofsi atoomaawaa isaa immoo 17.

a Atoomichi pirootoonota, elektiroonotaa fi niwutiroonota meeqa qaba?	
b Atoomicha iddo bu'ee isaa bifa ^A Z nbarreessuu agarsiisaa.	

4.3.4 Lakkofsa elektiroonotaa, pirootoonotaa fi niwutiroonotaa murteessuu

Hariiroon lakkofsa hangaa , lakkofsa atoomaawaa fi baay'ina tokkoon tokkoo akaakuu suudoota atoomii tokkoo gidduu jiru haala araan gadiitiin gabaabbinaan ibsamuu ni danda'a.


Lakkofsa atoomaawaa(z) = Lakkofsa pirootoonotaa = lakkofsa elektiroonotaa		
Lakkofsa hangaa (A) = lakkofsa + lakkofsa		
Pirootoonotaa niwutiroonotaa		
Lakkofsi niwutiroonotaa = Lakkofsa - Lakkofsa		
hangaa (A) atoomaawaa (z)		

Gilgaala 4.3

- 1 Gabatee araan gadii odeeffannoo sirrii ta'een guuti.

Iddo-bueen agarsiisuu A Z	Lakk Pirootoonotaa	Lakk. Niwutiroonotaa	Lakk. Elektiroonotaa	Z	A	Iddo-buee Elementicha
${}^{20}_{10}Ne$						
	15	16				P
		14	14			Si
				10	21	Ne

- 2 Atoomota araan gadii keessaa elektiroonota, niwutiroonotaa fi pirootoonota meeqatu jira



4.3.5 Ayisootooppota


Gocha 4.9

Gocha araan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yommuu xumurtan miseensota keessanii waliin yaada keessan walitti cuunfuun, yommuu xumurtan barattoota keessaniif dhiyeessaa.

- 1 Gabateen araan gadii suudoowwan niwuklasii atoomota lamaa agarsiisa.

Atoomii	X	Y
pirootoonota	8	8
Niwutiroonota	8	9

- a Lakkofsa hangaa X fi Y barbaadi.
 - b Garaagarummaan atoomota kanneen lamaan gidduu jiru maali?
- 2 Fakkiin araan gadii moodeelii(danaa) atoomota kaarboonii agarsiisa.



Fakki 4.7: Moodeli atoomota kaarboonii

- a Atoomonni sadan kun maaliif hundi isaanitu atoomota kaarbooniiti jedhamu?
- b Baay'ina suudoowwan cita -atoomaawaa, atoomota sadan kanaa gidduu garaagarummaan ni jiraa? Yoo jiraate, garaagarummaan jiru maali?
- c Atoomiin elementii biroo kan lakkofsi atoomaawaa isaa 6 ta'e jiraachuu ni danda'aa? Maaliif?
- d Atoomonni kaarboonii kun sadan, suudoowwan cita atoomaawaa isaan kam walqixa qabu?

Atoomonni elementii tokkoo hundinuu lakkofsi pirootoonotaa isaan niwuklasii isaanii keessaa qabanii fi lakkofsi elektiroonotaa isaan sheelota isaanii keessaa qaban akka walqixa ta'an ilaalleerra. Sababa lakkofsi pirootoonotaa, lakkofsa atoomaawaa ta'eef, lakkofsi atoomaawaa isaaniis tokko ta'a. Garuu, atoomonni elementii tokkoo lakkofsa niwutiroonotaa adda addaa qabaachuu ni danda'u. Kanaafuu, lakkofsi hangaa isaanii garaagara ta'uu ni danda'a. Kana hubachuuf **Gabatee 4.3** kan araan gadii ilaali.

Gabatee 4.3 Garaagarummaa ayisootooppota elementootaa.

Elementti	Ayisootooppota	Lakk. Pirootoonootaa	Lakk. Elektiroonootaa	Niwutiroonootaa	Lakk. Atooma-waa (Z)	Lakk. hangaa (A)
	Haayidiroojiiini – 1 (pirootiyemii) H – 1	1	1	0	1	1
Haayidiroojiiini	Haayidiroojiiini – 2 (ditireyemii) H – 2	1	1	1	1	2
	Haayidiroojiiini – 3 (tirityemii) H – 3	1	1	2	1	3
Kaarboonii	Kaarboonii – 12 C – 12	6				
C	Kaarboonii – 13 C – 13	6				
	Kaarboonii – 14 C – 14	6				
Kilooriiini	Kilooriiini -35, Kilooriiini -37	17				


GOCCHA 4.10

Gabatee 4.3 fayyadamuun, gareen gochoota armaan gadii dalagaa. Yommuu gareen hujattanii xumurtan barattoota garee biroo waliin yaada irratti waljijiiraa.

- 1 Odeeffannoowwan atoomota kaarboonii fi kilooriinii kanneen *Gabatee 4.3* keessatti hin guutamiin guutaa.
- 2 Garaagarummaan atoomota lakkofsa atoomaawaa tokko qaban gidduu jiru maali? Atoomonni kunniin akkamitti addaan bahanii beekamu?

Atoomonni elementii tokkoo kan lakkofsa niwutiroonotaa yookiin lakkofsa hangaa garaagaraa qaban **ayisootooppota** jedhamu. Sababa garaagarummaa hangaa kanaatiin amalooni fiizikaala isaanii kan akka rukkinaa fi kan kana fakkaataniin garaagarummaa qabaachuu ni danda'u. Amalooni keemikaalaa isaanii garuu walfakkaata.

Ayisootoopponti elementii tokkoo, lakkofsa hanga atoomaawaa isaaniitiin addaan baafamanii beekamu. Fakkeenyaaafakkuma *Gabatee 4.3* irraa hubachuun danda'amutti, haayidiroojiiniin ayisootooppota sad qaba (*Fakkii 4.8* ilaali). Isaanis **haayidiroojiinii-1 (pirootiyemii)**, **haayidiroojiinii-2 (ditireyemii)** fi **haayidiroojiinii-3 (tirityemii)** jedhamuu beekamu. Ayisootoopponti haayidiroojiinii kunniin danaan yookiin moodeeliin akka armaan gadiitti agarsiifamuun danda'u.




Fakkii 4.8: Danaa (moodeelii) ayisootooppota haayidiroojiinii

Ayisootooppin kunniin walduraa duubaan iddo-bu'een haala armaan gadiin addaan bahanii barreeffamuu danda'u.

**Gilgaala 4.4**

- 1 Lakkofsa atoomaawaa fi lakkofsa hangaa isaanii gabatee 4.3 keessatti kenname fayyadamuun, ayisootooppota kilooriinii iddo-buee fayyadamuun bifaa ${}_{A}^{Z}A$ addaan baasaa barreessaa.
- 2 Danaa(moodeelii) ayisootooppota kilooriinii kaasaa.
- 3 Atoomota armaan gadii keessaa isaan kamtu ayisootooppota akka ta'an addaan baasaa.



- 4 Atoomota ${}_{6}^{13}C, {}_{6}^{12}C, {}_{6}^{14}C$, fi ${}_{7}^{15}N$ keessaa isaan kamtu lakkofsa niwutiroonotaa walqixa qaba?

- 5 Atoomonni elementii tokkoo kan lakkofsa hangaa tokko qaban, ayisootoppota walii ta'uu ni danda'u? Maaliif ta'uu danda'u? Yookiin immoo maaliif ta'uu hin dandeenye?
- 6 Gabatee armaan gadii fayyadamuun, gaaffilee gabatichaatti aananii jiran deebis.

Elementii	Baay'ina elektiroonotaa	Baay'ina pirootoonotaa	Baay'ina niwutiroo nootaa
A	5	5	6
B	19	19	20
C	5	5	5
D	35	35	46
E	35	35	44

- a Gabatiicha keessatti elementoota akaakuu meeqatu agarsiifame?
- b Atoomota qubeewwaniin agarsiifaman kanneen keessaa ayoosootopponni isaan kami?

4.3.6 Hanga Atoomaawaa

GOCHA 4.11

Gareen gocha armaan gadii dalagaa. Waan gochicha irraa hubattan barattoota daree keessaniiif dhiyeessuun yaada irratti waljijiiraa.

- 1 Gabatee peerediikii irraa hanga atoomaawaa elementoota armaan gadii barbaadaa
- | | |
|-----------------|--------------------|
| a Niiyonii (Ne) | c Kilooriinii (Cl) |
| b Kaarboonii(C) | d Koopparii (Cu) |
- 2 Akka gabatee peerediikii irraa hubachuun danda'amutti, hangi atoomaawaa elementoota tokko tokkoo lakkofsa hundaatii miti . Fakkeenyaaaf, hangi atoomaawaa kilooriinii 35.5 yommuu ta'u kan koopparii immoo 63.5 dha. Hangi atoomaawaa elementoota kanneen lamaanii akkamittiakkana ta'uu danda'an? Atoomonni elementoota lamaan kanneenii pirootoonii walakkaa moo niwutiroonii walakkaa niukilasii isaanii keessaa qabuu laata?

Hangi atoomii tokkoo ida'ama hangoota suudoowwan cita-atoomii isaati kunis

$$\text{Hanga atoomii} = \frac{\text{hanga}}{\text{elektiroonotaa}} + \frac{\text{hanga}}{\text{pirootoonotaa}} + \frac{\text{hanga}}{\text{niwutiroonotaati}}$$

Hangi elektiroonataa yommuu hanga pirootoonotaa fi hanga niwutiroonotaa wajjin walbira qabamee ilaalamu lakkofsa keessa kan hingalleedha. Kanaafuu tilmaaman:

$$\text{Hangi atoomii} = \text{hanga pirootoonotaa} + \text{hanga niwutiroonotaa}$$

Akka kanaa olitti ibsametti, hangoota suudoowwan cita atoomaawaa walitti ida'uudhaan hanga atoomii tokkoo argachuun ni danda'ama. Garuu, elementiin tokko atoomota

lakkoofsa niwutiroonotaa isaanii garagara ta'e qabaachuu ni danda'a. Atoomonni kun ayisootooppota akka jedhaman ilalleerra.

Hangi atoomaawaa (yookiin hanga atoomaawaa sadhaatawaan) elementii tokkoo giddugaleessa hanga ayisootooppota elementichaa kan uumamaan argamaniiti. Kanaafuu, baay'inni (dhibbaantaan) ayisootooppota isaa yoo beekame hanga atoomaawaa elementichaa shallaguun ni danda'ama.

Elementiin tokko ayisootooppota X, Y fi Z yoo qabaate, hangi atoomaawaa sadhaatawaan elementichaa giddugaleessa hanga atoomaawaa ayisootooppota kanaa ta'a. Kunis

$$\text{Hangi Atoomaawaa Sadhaatawaan} = \frac{(\text{Hanga } X \times \text{Baay}'\text{ina } X) + (\text{Hanga } Y \times \text{Baay}'\text{ina } Y) + (\text{Hanga } Z \times \text{Baay}'\text{ina } Z)}{\text{Baay}'\text{ina Ayisootooppota elementichaa}},$$

ta'a.

yookin,

$$\frac{(\text{dhibbentaa } X \times \text{Hanga } X) + (\text{dhibbentaa } Y \times \text{Hanga } Y) + (\text{dhibbentaa } Z \times \text{Hanga } Z)}{100}$$

ta,a

Fakkeenyaaaf, eddattoo elementii kilooriinii keessatti, atoomota kilooriinii 4 keessaa sadi (75%) hanga atoomaawaa 35 qabu. Atoomiin tokko (25%) immoo hanga atoomaawaa 37 qaba. Kanaafuu hangi atoomaawaa elementii kilooriinii:

$$= \frac{(\text{Baay}'\text{ina } {}^{35}\text{Cl} \times \text{hanga } {}^{35}\text{Cl}) + (\text{Baay}'\text{ina } {}^{37}\text{Cl} \times \text{hanga } {}^{37}\text{Cl})}{\text{Baay}'\text{ina Ayisootooppotaa}}$$


$$= \frac{(3 \times 35) + (1 \times 37)}{4} = 35.5$$

$$\text{yookiin} = \frac{(75 \times 35) + (25 \times 37)}{100} = 35.5 \text{ dha.}$$

Hangi atoomaawaa yeroo baay'ee yuuniitii safaraa malee barreeffama.

4.3.7 Gulantaa Anniisaa (Sheelii Atoomaawaa)

Elektiroononni atoomii keessaa bakka sheelootaa yookiin gulantaawwan anniisaa jedhaman qabatanii niwukilasiitti naanna'u (marsu). Sheelonni qubeen yookiin lakkoofsaan moggaafamu. Haaluma kanaan sheelii niwukilasiitti aanee jiru irraa eegaluun lakkoofsaan(n): 1,2,3,4..... yookiin qubeen K,L,M,N,... jedhamuun moggaafamu. **Fakkii 4.9** ilaali Anniisaan sheelota kanaa akkuma sheelichi niwukilasii irraa fagaachaa adeemuun dabalaa adeema. Kunis $K < L < M < N \dots$ jechaa itti fufa. Hammi (guddinni) sheelotaas akkuma sheelichi niwukilasii irraa fagaachaa adeemuun dabalaa adeema.



Fakkii 4.9: Gulantaa anniisaa (Sheelota) elektiroonotaa .

Lakkoofsi elektiroonotaa olaanaan tokkoon tokkoo sheelii (gulantaa anniisaa) qabaachuu danda'an murtawaadha. Lakkoofsi kunis hammuma guddinni sheelichaa dabalu, dabalaan adeema. Kanaafuu, akkuma lakkoofsi gulantaan anniisaa ittiin moggaafame dabaluun, lakkoofsi elektiroonotaa kanneen sheelonni qabaachuu danda'anis dabalaan adeema. Lakkoofsi elektiroonotaa kan sheeliin tokko baachuu danda'u $2n^2$ dha. Foormulaa kana keessatti $n = 1, 2, 3, \dots$ yommuu ta'u, innis lakkofsa gulantaa annisiichaati. Kanaaf, sheeliin inni calqabaa 'K'n gulantaan anniisaa isaa $n = 1$ dha. Kanaafuu, lakkoofsi elektiroonotaa inni baachuu danda'u, $2n^2 = 2(1)^2 = 2$ dha. Sheeliin L yookiin gulantaan anniisaa 2^{ffaan} elektiroonota $2n^2 = 2(2)^2 = 8$, baachuu danda'a.


Gabateen 4.4 armaan gadii gulantaa anniisaa fi baay'ina elektiroonotaa olaanaa isaan baachuu danda'an agarsiisa.

Gabatee 4.4 Gulantaa anniisaa fi lakkofsa elektiroonotaa isaan baachuu danda'an

Gulantaa anniisaa yookiin sheelii	Lakkofsa elektiroonotaa baachuu danda'u ($2n^2$)
K ($n=1$)	$2(1)^2 = 2$
L($n=2$)	$2(2)^2 = 8$
M($n=3$)	$2(3)^2 = 18$

Gilgaala 4.5

- 1 Gulantaan anniisaa sadaffaan baay'inni elektiroonotaa, olaanaan inni baachuu danda'u meeqa?
- 2 Anniisaa sheelii 'N'tii moo kan sheelii 'M'tu caala?
- 3 Danaa qaamota atoomii armaan gadiitti qubeewwaniin agarsiifaman maqeessaa.



- 4 Lakkoofsi elektiroonootaa olaanaan gulantaa anniisaa ‘Y’n agarsiifame baachuu danda’u meeqa?

4.3.8 Raabsa Elektiroonawaa

Akkaataan elektiroononni sheelota itti qabatan akkuma argetti osoo hin taane, sirna mataa isaa qaba. Elektiroononni sheelii anniisaa xiqqaa qabu irraa eegalanii dabaree dabareen sheelota akka anniisaa isaaniitiin guutaa adeemu. Kunis dura sheelii K irraa eegaluun erga ‘K’ n guuteen booda ‘L’, itti aansuun immoo sheelii M guutaa adeemu jechuudha.


Fakkeenyaa

- 1 Lakkoofsi atoomaawaa oksijiini 8 waan ta’eef, elektiroonota 8 qaba. Elektiroonota kanneen keessaa 2 dursanii sheelii K erga qabatanii booda 6’n hafan sheelii L qabatu. Kunis

K	L
2	6


ta’ a jechuu dha

Kunis danaan akka armaan gadiitti agarsiifamuu danda’ a.



Fakkii 4.10: Danaa raabsa elektiroonnaawaa oksijiini

- 2 Atoomiin kilooriinii lakkoofsa atoomaawaa 17 qaba. Kanaafuu, elektiroonota 17 qaba. Raabsa elektiroonota kiloorinii keessatti, elektiroonota kanneen keessaa 2 sheelii ‘K’ erga qabatanii booda, itti aansuun 8 sheelii ‘L’ qabau 7’n hafan immoo sheelii ‘M’ qabatu. Raabsi kun 2,8,7 jedhamee kennama. Kunis akka fakkii armaan gadiitti danaan agarsiifamuu ni danda’a.



Fakkii 4.11: Danaa raabsa elektiroonaawaa kilooriinii

Hojii Pirojektii

Elementoota lakkoofsa atoomaawaa 1-18 qaban keessaa, atoomii elementii tokkoo filadhaa. Wantoota naannoo keessanitti argaman kanneen akka shiboo, hancaqqii, qadaada qaruuraa (qorkii), qadaada gumaa baargamoo fi kan kana fakkaatan irraa moodeelii atoomichaa tolchaa.

Gilgaala 4.6

- 1
 - a. Raabsa elektiroonawaa atoomii argoonii $^{40}_{18}Ar$ barreessaa .
 - b. Maqaa fi lakkoofsa tokkoon tokkoo suudoowwan cita- atoomii niwukilasii atoomii argoonii kana keessa jiran barreessaa.
- 2 Tokkoon tokkoo elementii fakkii armaan gadii jalatti iddo-bu’een isaanii barreeffameef, bakka duwwaa kennameef irratti lakkoofsa elektiroonoota isaanii barreessaa. Sheelota isaanii irratti raabsa elektiroonawaa isaanii ‘x’ fayyadamuun agarsiisaa.



Soodiyemii ($_{11}Na$) _____.







Silikoonii ($_{14}Si$) _____.



Kaarbooni ($_6C$) _____.

- 3 Danaa atoomota niyyonii, soodiyemii, maaginiiziyemii fi argoonii, armaan gadii ilaaun odeeffannoo danichaa irraa argattan fayyadamuun gabatee danichaatti aanee jiru guutaa.



Elementii	Sheelii (Raabsa elektiroonaawaa)			
	K	L	M	N
Ne				
Na				
Mg				
Ar				


- 4 Gabatee armaan gadii dabtara keessan irratti qopheeffachuun raabsa elektiroonawaa atoomota lakkoofsi atoomaawaa isaanii 1-18 ta'e, gabaticha keessatti guutaa. Erga guuttanii booda gaaffilee gabatichaa gadi jiran deebisaa.

Gabatee 4.5 Raabsa elektiroonawaa atoomota elementoota lakkoofsa atoomaawaa 1-18 qabanii.

Elementii	Lakk. Atoomaawaa (Z)	Lakkoofsa Elektiroonota Sheelotaa Keessaa		
		K(1)	L(2)	M(3)
Haayidiroojiinii	1			
Hiliyemii	2			
Liitiyemii	3			
Beriliyemii	4			
Booroonii	5			
Kaarboonii	6			
Naayitiroojiinii	7			
Oksijiinii	8			
Filoorinii	9			
Niyooni	10			
Soodiyemii	11			
Maaginiiziyyemii	12			
Aluminiyemii	13			
Silikoonii	14			

Foosfarasii	15			
Salfarii	16			
Kilooriinii	17			
Argoonii	18			

- a Gabatee peerediikii ilaaluun, elementoonni sheelii alaa keessaa elektiroonota saddeet qaban toora kamiitti akka argaman addaan baasaa barreessaa.
- b Elementoonni kunniin gabaticha keessatti dhuma gara mirgaatii moo gara bitaatti argamu?
- c Elementoonni sheelii alaa isaanii keessaa elektiroonii tokko qaban hoo toora kamitti argamu?
- 5 Danaa atoomota araan gadii kaasaa.



4.3.9 Elektiroonota Vaalaansii

Gocha 4.12


Gaaffilee araan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa. Yommuu xumurtan barattoota daree keessaniif dhiyeessaatii yaada irratti waljijjiiraa.

- 1 Atoomonni elementoota garaagaraa, kanneen amalooniisaanii hamma tokko walfakkaatu jiruu?
- 2 Suudoowwan cita atoomaawaa sadan atoomota keessa jiran keessaa, kan amaloota elementii tokkoo kanneen araan gadiitti kennaman murteessu isa kam?
- a Maalummaa atoomichaa (Atoomiin tokko atoomii elementii naayitiroojinii, soodiyemii yookiin kan elementii biroo ta'uusaa)
- b Hanga atoomichaa.
- c Chaarjii elektiriikaalaa atoomichaa?
- 3 Elementoota gabatee 4.5 keessa jiran keessaa, kan sheelii isaaniiisa alaa keessaa elektiroonota afur qaban maqaa fi iddo-bu'ee isaanii barreessaa.

Atoomotni elementootaa walnyaatinsa keemikaalaa adeemsisuun kompaawundoota uumu. Fakkeenyaaaf, atoomiin soodiyemii atoomii kilooriinii wajjin walnyaachuu kompaawundii soodiyem kilooraayiidii uumu. Walnyaatinsa kana keessatti qooda kan fudhatan elektiroonota sheelii (gulantaa anniisaa) isa dhuma yookiin karaa alaatti argamu irra jiraniidha. Elektiroononni sheelii yookiin gulantaa anniisaa isa alaa irratti argaman kunniin elektiroonota vaalaansii jedhamu.

Fakkeenyaaaf:

- 1 Kaarbooniin raabsi elektiroonota isaa 2, 4 waan ta'eef, elektiroonota vaalaansii 4 qaba (*Fakkii 4.12 ilaaLi*).



- 2 Raabsi elektiroonota $_{13}Al = 2,8,3$ waan ta'eef, aluminiyemiin elektiroonota vaalaansii sadi qaba.

Elementoonni kunniin lamaan kaarboonii fi aluminiyemiin, caaseeffamni isaanii, keessumattuu, baay'inni elektiroonota vaalaansii isaanii garaagara waan ta'eef amaloota adda addaa qabu. Haallii raabsama elektiroonotaa, irra caalaatti, baay'inni elektiroonota vaalaansii amaloota elementootaa murteessuu keessatti ga'ee olaanaa qaba.

Gilgaala 4.7

Raabsa elektiroonaawaa elementoota gabatee armaan gadii keessatti kennaman barreessuun odeeffannoo gaafatame gabaticha keessatti guutaa

Elementoota	Raabsa elektiroonaawaa	Elektiroonota Koorii (sheelota keessaa)	Baay'ina Elektiroonota Vaalaansii
Hiliiyemii (₂ He)			
Liitiyemii (₃ Li)			
Booroonii (₅ B)			
Niiyonii (₁₀ Ne)			
Soodiyemii (₁₁ Na)			
Siliikonii (₁₄ Si)			
Kilooriinii (₁₇ Cl)			
Argoonii (₁₈ Ar)			

Elementoonni suukaawoo kan ta'uu danda'an atoomonni isaanii sheelii isaanii kan alaa keessaa elektiroonota 8 yoo qabaataniidha. Garuu sheeliin K , sheelii isa alaa yommuu

ta'u elektiroonota lamaa ol waan baachuu hin dandeeyeef, elementoonni sheeliin alaa isaanii K ta'e, suukaawoo kan ta'an elektiroonota vaalaansii lama sheelii kana keessaa yoo qabaatan ta'a.

4.3.10 Ayoonota


GOCCHA 4.13

- 1 Atoomiin soodiyemii ($z = 11$) yoo elektiroonota isa keessaa tokko gadi lakkise, duran chaarji-dhabeessa kan ture amma chaarjiin isaa maal ta'a?
- 2 Atoomiin kilooriin ($z = 17$) chaarji-dhabeessa ture hoo elektiroonii tokko yoo fudhate chaarjiin isaa maal ta'a?

Lakkoofsi pirootoonotaa fi lakkoofsi elektiroonota atoomii tokko keessa jiranii walqixa. Suudoowwan kunniin chaarjii walqixa, garuu faallaa walii ta'an baatu. Chaarjiin pirootoonii + 1 yommuu ta'u, kan elektiroonii immoo -1 dha. Walqixa ta'uun isaanii kun wal dhabamsiisun chaarjiin atoomichaa zeeroo akka ta'u taasiisa. Kanaafuu, atoomiin chaarji-dhabeessa (hinbaabsaawaa dha).

Atoomiin yommuu elektiroonii gadi lakkisu; lakkoofsi pirootoonotaa, lakkoofsa elektiroonotaa waan caaluuf **poozatiivii** ta'a. Haaluma kanaan, elektiroonii yoo fudhate immoo lakkoofsi elektiroonotaa lakkoofsa pirootoonotaa waan caaluuf, **negaatiivii** ta'a. Atoomiin yommuu elektiroonota kennu yookiin fudhatu suudoon chaarji-qabeessi uumamu **ayoonii** jedhama. Atoomiin yommuu elektiroonii kennu, suudoon chaarjii poozativii qabu, kan **kaataayoonii** jedhamtu uumama. Gama biraatiin, atoomiin yommuu elektiroonii fudhatu, suudoon chaarjii negaatiivii qabu kan **anaayoonii** jedhamtu uumama.

Fakkeenyawwan armaan gadi ilaali.



Fakkii 4.13: Atoomotaa soodiyemii, kilooriinii fi ayoonoota isaanii

Gocha 4.14

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yommuu xumurtan cimdiin irratti mari'adhaa.

- 1 Atoomiin maaginiiziyyemii ($Z=12$) elektiroonota lama yoo gadi lakkise, ayoonii pootativii moo ayoonii negatiiviit uumama? Chaarjiin isaa meeqa?
- 2 Atoomiin naayitiroojiinii elektiroonota sadii yoo fudhate, ayoonii pootativii moo ayoonii negatiiviit uumama? Chaarjiin isaa meeqa?
- 3 Tokkoon tokkoo ayoonii armaan gadii elektiroonota meeqa qaba?

A P^{3-}	C O^{2-}
B Al^{3+}	D Li^+

Gilgaala 4.8**I Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e fili**

- 1 Kanneen armaan gadii keessaa, kan niwukilasii ayisootooppii pirootoonota 7 fi niwutiroonota 8 qabu sirriitti agarsiisu isa kami?

A ${}_{\overset{15}{7}}N$	C ${}_{\overset{15}{8}}O$
B ${}_{\overset{15}{7}}N$	D ${}_{\overset{8}{15}}O$
- 2 Atoomota ${}_{\overset{13}{6}}A$, ${}_{\overset{13}{7}}B$, ${}_{\overset{14}{6}}C$ fit ${}_{\overset{13}{8}}D$ keessaa isaan kamtu ayisootooppota?

A A fi B	C A fi C
B C fi B	D B fi D
- 3 Lakkoofsi elektiroonotaa inni olaanaan sheeliin 'M' baachuu danda'u meeqa?

A 2	C 18
B 8	D 32
- 4 Lakkoofsi atoomaawaa atoomii 'Z'n yommuu bakka bu'amu, lakkoofsi hangaa immoo 'A' n bakka bu'ama. Kanneen armaan gadii keessaa kan lakkoofsa pirootoonota atoomii ibsu isa kami?

A A-Z	C Z-A
B A	D Z
- 5 Garaagarummaan atoomii kaarboonii-12 fi atoomii kaarboonii-14 gidduu jiru maali?

A Lakkoofsa atoomaawaa	C Chaarjii niwukilasii
B Lakkoofsa hangaa	D Lakkoofsa elektiroonotaa
- 6 Suudoowwa armaan gadii keessaa kan hangi isaa, hundarra xiqqa ta'e kami?

A Elektiroonii	C Pirootoonii
B Niwukilasii	D Niwutiroonii
- 7 Siilkaniin (${}_{\overset{14}{14}}Si$) sheelii 2^{ffaa} keessaa elektiroonota meeqa qaba?

A 2	C 5
B 4	D 8
- 8 Salfariin (${}_{\overset{16}{16}}S$) elektiroonota vaalaansi meeqa qaba?

A 2	C 6
B 4	D 7

9 $^{11}_{11}\text{Na}^+$ elektiroonota meeqa qaba?

- A 11
B 10

- C 8
D 12

10 Elementootaa armaan gadii keessaa kan raabsi elektiroonaawaa isaa 2,8,5 ta'e isa kami?

- A $^{13}_{13}\text{Al}$
B $^{15}_{15}\text{P}$

- C $^{16}_{16}\text{S}$
D $^{17}_{17}\text{Cl}$

II *Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e kenni.*

1 Akaakuuwan suudoowwan cita atoomii sadan maalfaa dha? Tokkoon tokkoo akaakuu suudoowwan citaa-atoomii kanneenif chaarjii fi hanga isaanii, akkasumas atoomicha keessatti bakka itti argaman barreessaa.

2 Raabsa elektiroonota elementootaa lakkofsi atoomaawaa isaanii armaan gaditti barreeffamee barreessi.

- a $Z = 9$

- b $Z = 15$

- c $Z = 19$

3 Raabsa elektiroonota elementootaa armaan gadii barreessuun, baay'ina elektiroonota vaalaansii isaanii barbaadi.

- a $z = 7$

- b $Z = 12$

- c $Z = 17$

4 Raabsa elektiroonaawaa atoomota armaan gadii barreessi.

- a ^5B

- b ^{11}Na

- c ^{13}Al

5 Atoomiin argoonii tokko pirootoonota 18, elektiroonota 18, fi niwutiroonota 22 ofkeessaa qaba. Lakkofsi hanga isaa hammami?

6 Lakkofsa hangaa fi lakkofsa atoomaawaa elementii tokkoo keessaa isa kamtu maalummaa fi eenyummaa elementichaa osoo hin jijjiiriin ofii jijjiiramuu danda'a?

7 Argooniin (Ar) ayisootooppota uumamaan argaman sadi ^{36}Ar , ^{38}Ar fi ^{40}Ar qaba.

- a Lakkofsi hangaa tokkoon tokkoo isaanii meeqa?

- b Tokkoon tokkoo isaanii keessatti pirootoonota, elektiroonootaa fi niwutiroonota meeqatu argama?

8 Danaa atoomota armaan gadii kaasaa

- a $^{16}_8\text{O}$

- b $^{15}_7\text{N}$

- c $^{32}_{16}\text{S}$

4.4 MOLAKIYUULOTA

Adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ✓ Hiikkaa molakiyulotaa ni kennita
- ✓ Fakkeenyawwan molakiyulota atoom-tokkee, atoom-lamee fi atoom-danuu ni kennita
- ✓ Molakiyulota elementootaa fi molakiyulota kompaawundootaa addaan ni baasta.


Gocha 4.15

Gareen gocha armaan gadii dalagaa. Waan gochicha irraa hubattan barattoota daree keessaniif dhiyeessuun yaada irratti waljijiiraa.

- 1 Bishaan yommuu hurku maal ta'a?
- 2 Suudoon xixinnoon hurka bishanii keessa jiran maali?
- 3 suudoowwan kana ijaan arguun ni danda'amaa?
- 4 Amalli suudoo kanaa kan bishaanii irraa addaa?
- 5 Biroomiiniin elementii dhangala'oodha. Biroomiiniin yommuu hurku suudoowwan dhangala'oo biroomiinii fi hurka biroomiinii keessa jiran garaagarummaa qabu?


Wanti dhangala'oon tokko yoo danfe, hurkuun gara gaasiitti jijiirama. Adeemsa kana keessatti humni walharkisuu suudoowwan xixinnoo dhangala'icha gidduu jiru, anniisaa ho'aatiin waan laafuuf suudoowwan kun addaan fagaachaa adeemuun dhuma irratti gargar diigamuun tamsa'u. Suudoowwan dhangala'icha gargar tamsa'anii hurka uuman kun **molakiyuulota** dhangala'ichaati.

Fakkeenyaaaf biroomiiniin yommuu hurku molakiyuulota biroomiinitu gargar tamsa'ee hurka biroomiinii uuma. Foormulaan isaaniitis Br_2 dha.



Fakkii 4.14: Molakiyuulii biroomiinii

Fakkeenyi biroo, bishaan dhangala'oo dha. Yommuu hurke hurka isaa keessatti molakiyuulota bishaaniitu (H_2O) tamsa'a.



Fakkii 4.15: Molakiyuulii bishaanii

Suudoowwan xixiqqoon kompaawundootaa yookiin elementootaa kanneen akka biroomiinii fi bishaanii fi kan kana fakkaatan kan amala elementichaa yookiin kompaawundichaa qabanii fi kan of danda'anii kophaa isaanii bilisaan jiraachuu danda'an **molakiyuulota** jedhamu. Molakiyuuloni atoomota irraa ijaaramu.

Molakiyuulota akaakuu lamatu jiru. Isaaniis: **molakiyuulota elementii** fi **molakiyuulota koompaawundiiti**.

Gocha 4.16

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota dareef dhiyeessuun yaada irratti wal jijiiraa.

Naayitiroojinii, oksijiinii, argoonii, kaarboon daayioksaayidiinii fi hurki bishaanii qilleensa keessatti ni argamu.

- a Suudoowwan xixiqqoon naayitiroojinii, oksijiinii, argoonii, kaarboondaayoksaayidii fi hurka bishaanii qilleensa keessatti argaman kunnin foormulaa akkamii qabu?
- b Suudoowwan kanneen keessaa foormulaa isaanii keessa, atoomota akaakuu tokkoo qofa kan of keessaa qaban isaan kami?
- c Suudoowwan kanneen keessaa kan foormulaa isaanii keessa, atoomota akaakuu lama yookiin isaa ol qaban isaan kami?

4.4.1 Molakiyuulota Elementootaa

Atoomonni elementii gosa tokkoo lama yookiin isa ol yommuu walfudhatan molakiyuulii elementitu uumama

Fakkeenyaaaf H_2 , O_2 , N_2 fa'aa

Molakiyuulonni atoomota akaakuu tokko qofa irraa uumaman kunnin **molakiyuulota elementii** jedhamu.

Elementoonni tokko tokko uumama isaanii irraa kan ka'e atoomoonni isaanii walfudhachuun molakiyuulota uumuu hin danda'an. Elementoonni akkasii kunnin sheelii isaanii kan alaa keessaa elektiroonota 8 qabu. Kanaafuu suukaawoo dha. Elementoonni kunnin gaasota luujii jedhamu. Atoomonni elementoota akkasii akkuma molakiyuulotaa bilisaan jiraachuu ni danda'u. Jecha gara biraatiin, gaasota luujif atoomonni isaanii molakiyuulota isaanitis. **Fakkeenyawwan** gaasota luujii hiiliyemii (He) niiyonii (Ne) fi argoonii (Ar) dha. Molakiyuulonni atoomii tokko qofa ofkeessaa qaban kunnin molakiyuulota **atoom-tokkee** jedhamu. *Fakkii 4.16* ilaali.



Fakkii 4.16: Molakiyuulota atoom tokkee


Molakiyuulonni elementootaa kan atoomota lama irraa ijaaraman **molakiyuulota atoom-lamee** jedhamu. Fakkeenyaaaf: elementoonni akka haayidiroojiinii (H_2) fi oksijiinii (O_2) molakiyuulota atoom-lamee dha.



Fakkii 4.17: Molakiyuulota atoom-lamee elementootaa

Elementoonni akka naayitiroojiinii (N_2), filooriinii (F_2), kilooriinii (Cl_2), biroomiinii (Br_2) fi ayoodiiniis (I_2) molakiyuulota atoom-lamee uumu.

Molakiyulonni elementootaa kanneen atoomota lamaa ol irraa ijaaramanis ni jiru. Fakkeenyaaaf, molakiyuuliin ozoonii (O_3) atoomota sadi qaba.



Fakkii 4.18: molakiyulota ozoonii


Kana malees molakiyuuliin foosfarasii (P_4) atoomota afur yommuu qabaatu, molakiyuuliin salfarii (S_8) immoo atoomota saddeet ofkeessaa qaba. Molakiyulonni atoomota lamaa ol irraa ijaaraman **molakiyulota atoom-danuu** (atoom-baay'ee) jedhamu.

4.4.2 Molakiyulota Kompaawundootaa


Yeroo atoomonni elementootaa adda addaa lama yookiin isa ol walnyaatinsa adeemsisan molakiyulonni uumaman **molakiyulii kompaawundi** jedhamu.

Fakkeenyaaaf

Kaarbooniin oksijiini waliin walnyaachuun molakiyulii kaarboon daayoksaayidii kenna.




Haaluma walfakkaatuun haayidiroojiiniin oksijiini waliin yommuu walnyaatu molakiyulii bishaaniitu uumama.




Gilgaala 4.9

- 1 Fakkeenyawwan i. Ayoonotaa ii. Molakiyuulootaa fi iii. Atoomotaa lama lama kenuun garaagarummaa suudoowwan akaakuu sadan gidduu jiru ibsaa.
- 2 Fakkiwwan armaan gadii ilaaluun gaaffilee fakkichatti aananii jiran deebisi.



- a Fakkiwwan molakiyuulota elementii X agarsiisan isaan kami?
- b Fakkiin molakiyuulota elementii Z agarsiisu isa kami?
- c Fakkiin molakiyuulota makaa, molakiyuulota elementii tokkoo agarsiisu isa kami?
- d Fakkiwwan molakiyuulota kompaawundii kan qulqulluu ta'an agarsiisu isa kami?
- e Fakkiwwan makaa molakiyuulota kompaawundii fi molakiyuulota elementii agarsiisu isa kami?
- 3 Kanneen armaan gadii, molakiyuulota elementootaa yookiin molakiyuulota kompaawundootaatti ramadi.



K eessa-deebii Boqonnichaa



Jechoota Ijoo

- | | |
|--------------------------------|-------------------------------|
| ↳ Atoomii | ↳ Molakiyuulii atoom-lamee |
| ↳ Ayoonii | ↳ Molakiyuulii atoom-danuu |
| ↳ Ayisootooppota | ↳ Molakiyuuloota kompaawundii |
| ↳ Elektiroonota Vaalaansii | ↳ Molakiyuuloota elementii |
| ↳ Elektiroonii | ↳ Niwukilaasii |
| ↳ Hanga atoomawa | ↳ Niwutiroonii |
| ↳ Kompaawundii atoom-gos lamee | ↳ Pirootoonii |
| ↳ Lakkofsa hangaa | ↳ Raabsa elektiroonawaa |
| Lakkofsa atoomaawaa | ↳ Sheelii/Gulantaa anniisaa |
| ↳ Molakiyuulii | ↳ Suudoo cita-atoomaawaa |
| ↳ Molakiyuulii atoom-tokkee | |

CUUNFAA BOQONNICHAA

- ✓ Atoomiin pirootoonota, niwutiroonota fi elektiroonota of keessaa qaba.
- ✓ Elementoonni adda addaa atoomota garaagaraa qabu .
- ✓ Ayisootoopponti atoomota elementii tokkoo kan lakkofsa niwutroonotaa yookiin lakkofsa hangaa adda ddaa qabaniidha.
- ✓ Lakkofsi elektiroonotaa gulantaawan anniisaa (sheeloota) keessatti argamanii fi lakkofsi pirootoonotaa niwukilasii atoomichaa keessaa walqixa
- ✓ Niwukilasiin wiirtuu atoomichaa keessatti kan argamuu fi qaama atoomichaa keessaa bakka baay'ee xinnaa kan qabateedha.
- ✓ Niwukilasiin suudoowwan cita-atoomaawaa pirootoonii fi niwutiroonii ofkeessa qaba.
- ✓ Hangi atoomaawaa elementii tokkoo giddugaleessa hanga ayisootooppota elementichaa ti.

- ✓ Sheeloonni bakka elektiroononni niwukilasiitti marsanii itti argamaman.
- ✓ Sheeloonni qubeen yookiin lakkoofsaan moggaafamu.
- ✓ Lakkoofsi elektiroonotaa sheeliin tokko baachuu danda'u $2n^2$ dha.
- ✓ Elektiroononni gulantaa anniisaa atoomii kan isa dhuma irratti argaman elektiroonota vaalaansii jedhamu.
- ✓ Atoomiin chaarji-dhabbeessi tokko elektirooniin yoo irraa fudhatame yookiin yoo itti dabalame suudoo chaarji-qabeessa ayoonii jedhamu ta'a.
- ✓ Ayooniin negaativiin anaayoonii jedhama.
- ✓ Ayoonii poozativiin immoo kaataayoonii jedhama
- ✓ Molakiyuulii atoom-lamee keessatti, atoomota akaakuu tokkoo lamatu molakiyuulicha uuma.
- ✓ Molakiyuulii atoom-danuun atoomota akaakuu tokkoo lamaa ol ofkeessaa qaba

GILGAALA KEESSA DEEBII BOQONNA

4^{FFAA}

I *Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii ta'uu baatan 'Soba' jechuun deebii kenni.*

- 1 Bishaan qulqulluun molakiyuulota haayidiroojinii fi molakiyuulota oksijijiinii of keessaa qaba.
- 2 Hangi pirootoonii fi niwutiroonii tilmaaman walqixa.
- 3 Chaarjiin niwukilasii tokkoo hanga atoomaawaa isaa qofa irratti hundaa'a.
- 4 Ayisooto opponni elementii tokkoo hanga atoomaawaa walqixa qabu.
- 5 Elementiin lakkoofsi atoomaawaa isaa 15 ta'e, elektiroonota vaalaansii 3 qaba.
- 6 Ayisooto opponni elementii tokkoo hunduu lakkoofsa atoomaawaa walqixa ta'e qabu.
- 7 Atoomiin $^{14}_6C$ fi $^{14}_7N$ lakkoofsa niwutiroonotaa walqixa qabu.
- 8 Kilooriiniin molakiyuulii atoom-tokkeedha.
- 9 Ayooniin Mg^{2+} elektiroonotaa 12 qaba.
- 10 Chaarjiin niwukilasii lakkoofsa atoomaawaa qofa irratti hundaa'a.

II Jechoota yookiin yaadrimee ‘B’ jalatti argamanii fi kan ‘A’ jalatti argaman walitti firoomsi.

- | | |
|-------------------|--|
| 1 Molakiyuulii | A. Falaasafaa Giriikii kan jalqaba waa'ee yaad-rimee atoomii dhiyeesse. |
| 2 Pirootoonii | B. Suudoowwan xixiqqoo maatariin hunduu irraa ijaaraman. |
| 3 Ayoonii | C. Suudoo chaarjii negaatiivii qabuu fi niwukilasiin alatti argamu. |
| 4 Niwutiroonii | D. Atoomii chaarji-qabeessa |
| 5 Atoomii | E. Saayintistii jalqaba tiyoorii atoomaawaa yaalii irratti hundaa'e dhiyeesse. |
| 6 Dimookiraatasii | F. Wanta atoomota akaakuu tokko qofa of keessaa qabu. |
| 7 Elementii | G. Yuuniitii kompaawundii baay'ee xixiqqoodha. |
| 8 Daaltan | H. Suudoo chaarjii poozatiivii fi hanga sadhaataawaa 1 qabu. |
| 9 Maateerii | I. Wanta kamiyyuu kan iddo qabatuu fi hanga qabu |
| 10 Elektiroonii | J. Suudoo chaarji-dhabeessaa fi niwukilasiin keessatti argamu. |

III Jecha (yaadrimee) sirrii ta'e bakka duwwaatti guuti.

- 1 Wiirtuun atoomii chaarjii poozatiivii qabu _____ jedhama.
- 2 Atoomiin pirootoonota 9 qabu, elektiroonota vaalaansiii _____ qaba.
- 3 Atoomiin lakkofsi atoomaawaa isaa 14 ta'e elektiroonota _____ sheelii M keessaa qaba.
- 4 Elektiroononni qaama atoomii keessaa _____ keessatti argamu
- 5 Atoomiin chaarji -dhabeessi tokkoo pirootoonotaa fi _____ wal qixa ta'e qaba.

IV Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e fili.

- 1 Himoota armaan gadii keessaa kan qaama Tiyoorii Daaltan **hin ta'in** isa kami?
 - A Tokkoon tokkoo elementii atoomii mataa isaa qaba.
 - B Atoomonni elementii tokkoo gama hundaanuu walfakkaatu.
 - C Maatariin hunduu suudoowwan xixiqqoo atoomota jedhaman irraa ijaaraman.
 - D Atoomonni suudoowwan cita atoomaawaatti hiramuu/caccabuu danda'u.

- 2 Kaaheen armaan gadii keessaa waa'ee atoomotaa ilaachisee sirrii kan **hin ta'in** isa kami?
- A Atoomiin gara suudoowwan xixiqqoo isaa gadiitti gargar qoodamuu hin danda'u.
 - B Atoomiin suudoowwan pirootoonota, elektiroonotaa fi niwutiroonota jedhaman of keessaa qaba.
 - C Atoomiin elektiroonota niwukilasiitti marsan of keessaa qaba.
 - D Niwukilasiin atoomii pirootoonotaa fi niwutiroonota of keessaa qaba.
- 3 Atoomiin raabsi elektiroonawaa isaa 2,8,6 ta'e, elektiroonota vaalaansii meeqa qaba?
- | | | | |
|-----|-----|-----|------|
| A 2 | B 6 | C 8 | D 15 |
|-----|-----|-----|------|
- 4 Lakkofsi hangaa atoomii pirootoonotaa 19, elektiroonota 19 fi niwutiroonota 20 qabuu meeqa?
- | | | | |
|------|------|------|------|
| A 39 | B 19 | C 58 | D 20 |
|------|------|------|------|
- 5 Atoomonni $^{16}_8\text{O}$, $^{17}_8\text{O}$, fi $^{18}_8\text{O}$ suudoowwan cita atoomii isaan kam walqixa qabu?
- A Pirootoonotaa fi niwutiroonota
 - B Niwutiroonotaa fi elektiroonota
 - C Pirootoonotaa fi elektiroonota
 - D Niwutiroonota, pirootoonota fi elektiroonota
- 6 Atoomonni elementii tokkoo hundinuu _____ walqixa qabu.
- | | |
|-------------------------|-----------------------|
| A lakkofsa niwutiroonii | C hanga atoomaawaa |
| B lakkofsa hangaa | D lakkofsa atoomaawaa |
- 7 Qaamni atoomii bakki elektiroonoonni itti argaman maal jedhama ?
- | | |
|---------------|----------------------|
| A Niwukilasii | C Gulantaa anniisaa |
| B Nikuloonsii | D Keessoo atoomaawaa |
- 8 Atoomiin $^{31}_{15}\text{X}$ sheelii L keessaa elektiroonota meeqa qaba?
- | | | | |
|-----|-----|------|------|
| A 5 | B 8 | C 15 | D 31 |
|-----|-----|------|------|
- 9 Ayoonii maaginiiziymii, Mg^{2+} fi atoomii maaginiiziymii gidduu garaagarummaan jiru, ayooniin maaginiiziymii
- A elektiroonota caalaa qaba
 - B pirootoonota caalaa qaba
 - C pirootoonota xiqqaa qaba
 - D elektiroonota xiqqaa qaba

10 Tuutawwan elementootaa kanneen armaan gadii keessaa kanneen uumamaan akka molakiyuulii atoom- lameetti argaman isaan kam?

- A Oksijiinii, salfarii, foosfarasi
- B Argoonii, niiyonii, hiliiyemii
- C Naayitiroojinii, oksijiinii, filooriinii
- D Haayidiroojiinii, kilooriinii, hiliiyemii

V *Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e kenni.*

1 Atoomota armaan gadii keessaa elektiroonota, niwutiroonotaa fi pirootoonoota meeqatu jira?

- a $^{31}_{15}P$
- b $^{39}_{19}K$

2 Atoomiin argoonii tokko pirootoonootaa 18, elektiroonota 18 fi niwutiroonota 22 ofkeessaa qaba. Lakkoofsi hangaa isaa hammami?

3 Lakkoofsa hangaa fi lakkoofsa atoomaawaa keessaa isa kamtu maalummaa fi eenyummaa elementichaa osoo hin jijiiriin jijiiramuu danda'a?

4 Raabsa elektiroonaawaa elementoota armaan gadii barreessi.


- | | |
|------------------|------------------|
| a $^{11}_5B$ | c $^{14}_7N$ |
| b $^{39}_{18}Ar$ | d $^{20}_{10}Ne$ |

5 Atoomiin lakkoofsa atoomaawaa 16 qabu elektiroonota vaalaansii meeqa qaba?

5

BOQONNAA

RAMADDII PEEREDIKII ELEMENTOOTAA



QABIYYEEWWAN GURGUDDOO

- 5.1 SEENAA DAGAAGINA BEEKUMSA RAMADDII PEEREDIKII ELEMENTOOTAA
- 5.2 RAMADDII PEEREDIKII MEENDELIVII
- 5.3 GABATEE PEEREDIKII AMMAYYAA
- 5.4 FAAYIDAALEE GABATEE PEEREDIKII AMMAYYAA
 - ⇒ Cuunfaa Boqonnichaa
 - ⇒ Gaaffilee Keessa-deebii

BU'AALEE BOQONNICHAA

Adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ✓ Seenaa guddina ramaddii peeredikii elementootaa ni addeessita,
- ✓ Seera peeredikii elementootaa Meendelivii ni eerta, gumaacha fi hanqina ramaddii peeredikii elementootaa keessatti inni qabu ni ibsita,
- ✓ Seera peeredikii elementootaa ammayyaa ni eerta,
- ✓ Hariiroo raabsa elektiroonota atoomota elementootaa fi gabatee peeredikii keessatti ramaddii elementootaa gidduu jiru ni ibsita,
- ✓ Caasaa gabatee peeredikii elementootaa ammayyaa ni ibsita
- ✓ Luucca'ina amaloota gooroo elementootaa kanneen akka chaarjii niwukilaawaa, hamma atoomaawaa, amala sibiilummaa fi sibiilalummaa, gabatee peeredikii keessatti garee keessaa irraa gadee fi olee akkasumas tarree keessa bitaa irraa gara mirgaa yookiin mirga irraa gara bitaa yoo adeemamu agarsiisu ni ibsita,
- ✓ Barbaachisummaa gabateen peeredikii elementootaa barnoota keemistirii keessatti qabu ni dinqisiifatta,
- ✓ Ogummaalee qo'anoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilaalanii hubachuu, ramaduu, qunnamuu, gaaffilee gaafachuu, daataa hiikuu, yaad-rimee hojii irra oolchuu fi yaada xumuraa kennuu gochaan agarsiisu ni dandeessa.

GOCHA KA'UMSAA


Garee uumuun gocha armaan gadii dalagaa. Waan gochicha irraa hubattan barattoota daree keessaniif dhiyeessuun yaada irratti waljijiiraa.

Gabatee armaan gadii fayyadamuun, gaaffilee gabatichatti aananii kennaman deebisaa.

Elementii	Lakkoofsa Atoomaawaa	Raabsa elektiroonaawaa	Qabxii baqinaa (°C)	Faalkaa isaa jajjaaboo keessa yommuu jiru elektiriikii ni dabarsaa?
Naayitiroojiinii	7	2,5	- 210	Lakkii
Maaginiiziyemii	12	2,8,2	650	Eeyyee
Aluminiyemii	13	2,8,3	660	Eyyee
Salfarii	16	2,8,6	113	Lakkii

- a Elementoota kanneen keessaa kanneen amaloota walfakkaataa qaban, fakkeenyaaaf dabarsoo elektiriikii ta'an isaan kami?
- b Elementoota kanneen amaloota isaanii irratti hundaa'uun ramaduun ni danda'amaa?
- c
 - i. Mee dura dandeettii elektiriikii dabarsuu isaanii irratti hundaa'uun ramaduu yaalaa.
 - ii. Itti aansuun immoo qabxii baqina isaanii irratti hundaa'uun ramadaa.
 - iii. Ramaddii keessan isa dandeetti elektiriikii dabarsuu irratti hundaa'uun adeemsiftanii fi kan qabxii baqinaa irratti hundaa'uun adeemsiftan gidduu garaagarummaan ni jiraa?
- d Baay'ina elektiroonoota vaalaansii isaaniif, amaloota elementoota armaan olii gidduu walitti dhufeenyi ni jiraa? Yoo walitti dhufeenyi kan jiru ta 'e, walitti dhufeenyi jira jettanii yaaddan kun maal inni?

YAADANNOO SEENAA



Dimitrii Meendiliiv

Dimitrii Meendiliiv bara 1834 A.L.A biyya Ruusiyaatti iddo Saayibeerin jedhamutti dhalate. Digirii maastarsii isaa bara 1856tti, digirii dooktireetii isaa immoo bara 1865tti argate. Yuunivarsiitti keessatti keemistirii barsiisaa tureera. Meendeliiviin gabatee peeredikii qopheessuun seera peerediikii baase. Seera kanarratti bu'uuruun elementoota yeroo sana beekaman hunda ramaduu danda'ee ture. Amaloota elementoota yeroo sanatti hin **abuuramin** raageera. Maqaan elementii lakkofsi atoomaawaa isaa 101 ta'e, kabajaa isaatiif jecha maqaa isaatiin meendiliiviyem jedhamee moggaafame.

5.1 SEENAA DAGAAGINA BEEKUMSA RAMADDII PEEREDIKII ELEMENTOOTAA

Adeemsa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ Seenaa dagaagina beekumsa ramaddii peeredikii elementootaa ni addeessita.

Elementiin wanta bu'uura gara wanta salphaa birootti haala gadeessaan hin caccabneedha. Yeroo durii irraa kaasee elementoonni muraasni kanneen akka warqii, ayiranii, meetii fi koopparii ni beekamu ture. Keemistoornis akkuma beekumsa isaanii caalaatti dagaagfataa adeemaniin, maloota yeroo sana beekaman fayyadamuu, wantoota gara wantoota salphaa birootti jijjiiramuu hin dandeenye, kan elementoota jedhaman kanneen addaan baafachuu danda'aniiru. Jaarraa 18^{ffaa} keessa elementoonni beekaman hedduu turan. Akkuma baay'inni elementootaa dabalaad adeemeen, saayintistoorni karaa sirna-qabeessa ta'een amaloota elementoota kanneenii qorachuuf carraaqqii gochuu eegalan. Haaluma kanaan, elementoota kanneen akka amala isaaniitti, garee gareetti ramaduu yaalaniiru.

Seera Sadantootaa Dobirnar

Bara 1817, keemistiin biyya Jarmanii kan Joohan Dobirnar jedhamu, gareewwan elementootaa sadii kan amaloota walfakkaatan qaban hubate. Gareewwan kunniin keessaa gareen tokko kan liitiyemii, soodiyemii fi pootaasiyemii ofkeessatti qabate ture. Elementootaa akkasi kana **sadantoota** jedhee moggaase. Dobirnar ramaddii isaa keessatti, elementoonni amala walfakkaatu qaban sadan kun haala **dabala hanga atoomaawaa isaaniin** yoo tarreffaman, hangi atoomaawaa elementii isa gidduu giddugaleessa hanga atoomaawaa isa guddaa fi kan isa xiqqaa akka ta'e hubate. Fakkeenyawwan garee sadantootaa gabatee armaan gadii keessatti kennamaniiru.

Gabatee 5.1 Fakkeenyawwan seera sadantootaa

Elementii Garee sadantootaa	Hanga atoomaawaa isaanii	Aveerejii hanga atoomaawaa isa xiqqaa fi isa guddaa
Li, Na, K	7, 23, 39	$\frac{7+39}{2} = 23$
Cl, Br, I	35.5, 80, 127	$\frac{35.5+127}{2} = 81.5$

Hojiin Dobirnar kun amaloota elementootaa fi hanga atoomaawaa isaanii walitti firoomsuun isa calqabaati.

Hanqina (mudoo) ramaddii Dobirnar keessaa inni guddaan, yaadriimeen sadantootaa kun elementoota muraasa qofaaf kan hojjatuu fi elementoota hedduu kan hin hammanne ta'uu isaati.

Gocha 5.1

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota dareef dhiyeessuun yaada irratti wal jijiiraa.

- 1 Elementoonnii A, B fi C garee sadantoota Dobirnar uumu. Hanga atoomaawaa isaanii gidduu hariroon jiru maali?
- 2 Seera sadantootaa irratti hundaa'uudhaan hanga atomaawaa elementii gidduu raagi.

Elementii Garee sadantootaa	Hanga atoomaawaa	Elementii Garee sadantootaa	Hanga atoomaawaa
Ca	40	S	32
Sr	?	Se	?
Ba	137	Te	127.6

Seera Saddeettantootaa Niiwlaandii

Bara 1864 keemistiin Ingilizii Joon Niiwlaand jedhamu, akka yommuu elementooni sasalphoon **tartiiba dabala hanga atoomaawaa** isaaniitiin tarreeffaman, amalooni elementii saddeettaffaa fi kan isa lakkofsi irraa eegalamee akka walfakkaatan hubate. Dabala hanga atoomaawaa isaaniitiin yoo tartiibaan tarreeffaman, amalooni elementootaa walfakkaatu bifaa sirnaawaa ta'een irra- deddeebi'ee mul'ata. Seerri kunis seera **saddeettantootaa Niiwlaandii** jedhamee beekama.

Ramaddiin kun yeroo calqabaaf akka amalooni elementootaa walfakkaatan irra deddeebi'amee mul'atu kan mul'isedha. Yeroo sanatti Niiwlaand elementoota kan tarreesse haala **Gabatee 5.2** keessatti agarsiifameen ture.

Gabatee 5.2 Ramaddii elementootaa seera saddeettanii Niiwlaandii

Tartii lakkofsaa	1	2	3	4	5	6	7
Elementii (hanga atoomaawaa)	H(1)	Li(7)	Be(9)	B(11)	C(12)	N(14)	O(16)
Tartii lakkofsaa	8	9	10	11	12	13	14
Elementii (hanga atoomaawaa)	F(19)	Na(23)	Mg(24)	Al(27)	Si(28)	P(31)	S(32)
Tartii lakkofsaa	15	16	17	18	19	20	21
Elementii	Cl(35.5)	K(39)	Ca(40)	Cr(52)	Ti(48)	Mn(55)	Fe(56)

Tarreewan kanneen keessatti fakkeenyaaaf Li (elementii tartii 2^{ffaa}) irraa eegaluun yommuu lakkaawamu elementii saddeettaffaan Na (elementii tartii 9^{ffaa}) ta'a. Kanaafuu akka seera kanaatti 'Li' fi 'Na'n amala walfakkaatu qabu. Na irraa ka'uun itti fufuu yommuu lakkaawamu, elementii saddeettaffaan K (elementii tartii 16^{ffaa} irratti argamu) ta'a. Kanaafuu 'pootaasiyemiin; liitiyemii fi soodiyemii wajjin amala walfakkaatu qaba.

GOCCHA 5.2

- 1 Akka seera ramaddii Niiwlaandiitti, elementii isa kamtu filooriin (F) wajjin amaloota walfakkaataa qaba? Elementoonni maaginiiziyemii wajjiin amaloota walfakkaatan qaban hoo isaan kami?
- 2 Niwlaandiin tarree tokko keessa elementoota torba qofa maalif kaa'e?
- 3 Elementoota sadantootaa Dobirnarii (gabatee 5.1 ilaala) keessaa isaan kamtu ramaddii Niiwlaandii keessatti mul'ate?
- 4 Elementoonni qubeewwan 'a' irraa kaasee hanga 'n' tti, bakka bu'aman, haala dabala hanga atoomaawaa isaaniitiin akka armaan gadiitti tartiibeffamanii jiru. a, b, c, d, e, f, g, h, i, j, k, l, m, n,

Akka seera saddeettantoota Niiwlaandiitti, elementiin amalooniisaan kan elementii 'd' wajjiin walfakkaatu isa kami? Kan amalooniisaan elementii 'a' wajjiin walfakkaatu hoo isa kami?

- 5 Elementoonni gaasota luujii, fakkeenyaaaf hiiliyemii kan hangi atoomaawaa isaa 4, niiyonii hangi atoomaawaa isaa 20 ta'e, jaarraa 19ffaa keessa erga Niiwlaandiin ramaddii isaa adeemsiiseen booda abuuraman. Niiwlaandiin elementoota kanneen gabatee isaa keessaa dhiisee ture. Elementoonni kunniinii fi kanneen haaraawaa abuuraman kan biroo osoo gabatee kana keessatti dabalamanii gabatichi maal ta'a ture?

Seerri saddeettanii kun hir'ina (mudoo) armaan gadii waan qabuuf gara boodaa irratti fudhatama dhabe.

- i Elementoota ulfaatoo hangi atoomaawaa isaanii 40 ol ta'eef hin hojjatu.
- ii Elementoonni haaraa abuuraman ramaddii kana wajjin wal hin simatan ture.

Gilgaala 5.1

- 1 Saayintistiin calqabaa kan elementoota hanga atoomaawaa isaanii irratti hundaa'ee ramade eenu ture?
- 2 Niwlaandii elementoota maal irratti hundaa'ee ramade?
- 3 Ramaddiin elementootaa Niwlaand mudoo maalii qaba?
- 4 Mudoon ramaddii Dobirnarii maali?

5.2 RAMADDII PEEREDIKII MEENDILIVII

Adeemsaa fi xumura barnoota mataduree kanaatti:

- ✓ Irra deddeebii ni ibsita.
- ✓ Seera peerediikii Meendelivii ni eerta.
- ✓ Gumaacha ramaddii peerediikii Meendelivii fi hanqina inni qabu ni addeessita

Gocha 5.3

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota daree keessaniif dhiyeessuun irratti mari'adhaa.

Chaartiin armaan gadii gabatee irra-deddeebii amalootaa mul'isu agarsiisa. Gabatichi dhaha wagga tokkoo keessaa ji'a tokko mul'isa. Gabateen irra-deddeebii kun gareewwan yookiin maatiwwan guyyoota dilbataa hanga sanbataatti jiranii fi tarree (toora dalgee) torbanoota jedhaman irraa qindaae. Gabaticha fayyadamuu gaaffilee gabaticha gadii deebisaa.

Dilbata	Wixata	Kibxata	Roobii	Jimaata	Sanbata	
(I)	(II)	(III)	(IV)	(V)	(VI)	(VII)
				1	2	
3	@	5	#	7	&	9
10	11	12	13	14	15	16
17	18	19	20	21	22	23
24	25	26	27	28	29	30

- 1 Lakkofsi-guyyootaa garee (II), (IV) fi (VII) keessa jiran sadu mallatto olee @, #, fi & 'n walduraa duubaan bakka bu'amaniiru. Lakkofsi-guyyootaa sirrii ta'an kanneen bakkeewwan kana galuu qaban maalfaadha? Deebii keessaniif ibsa kennaa.
- 2 Gareen yookiin maatiin (V) maqaa hin qabu. Maqaan sirriin maatii kanaa eenu?
- 3 Lakkofsi guyyootaa tarree sadaffaa keessa jiran isaan kami?
- 4 Guyyooni torbanii kun darbee (intarvaalii) meeqa booda irra deddeebi'anii mul'atu?
- 5 Irra deddeebii ta'iwwanii hedduutu jirenya keenya keessatti nu qunnama. Mee irra deddeebiwwan biroo beektan tarreessaa.

Saayintistiin biyya Raashiyyaa Dimiitirii Meendiliv jedhamu, bara 1869 ramaddii elementootaa irratti gumaacha dinqisiifamaa godhe. Meendiliviin yeroo calqabaaf, elementootaa yeroo sana beekaman akka tartiiba hanga atoomaawaa fi amaloota isaaniitiin ramaduun **gabatee peeredikii Meendiliv** jedhamuun beekamu qopheesesse. Ramaddii isaa keessatti, akka hangi elementootaa dabala deemuun hamma (intarvaalii) murtaa'een booda, amalooni fiizikaalaa fi keemikaalaa elementootaa walfakkaataan irra deddeebi'anii akka mul'achaa adeeman hubate.

Mendiliiviin elementootaa yeroo sana beekaman 63 haala dabala hanga atoomaawaa isaaniin gabatee peeredikii isaa keessatti ramaduu danda'ee ture. Gabatichi toora irraan gadee "gareewwan" jedhamanii fi toora dalgee "tarreewwan" jedhaman of keessaa qaba ture. Mendiiliviin Elementoota gabaticha keessatti tarree 7 fi naqa garee jedhaman kudha sadeet keessatti akka dabala hanga atoomaawaa isaaniitti tarreesuun ramade. *Gabatee 5.3* ilaali. Elementoonni amaloota walfakkaatan qaban garee tokko keessatti ramadaman.

Gabatee 5.3 Gabatee Peeredikii Meendlivii

Garee							
Garee I		Garee II		Garee III		Garee IV	
H = 1 Li = 7	Be = 9.4	B = 11	C = 12	N = 14	O = 16	F = 19	
Na = 23 K = 39	Mg = 24 Ca = 40	Al = 27.3 — = 44	Si = 28 Ti = 48	P = 31 V = 51	S = 32 Cr = 52	Cl = 35.5 Mn = 55	
(Cu = 63) Rb=85	Zn = 65 Sr = 87	— = 68 Yt = 88	— = 72 Zr = 90	As = 75 Nb = 94	Se = 78 Mo = 96	Br = 80 — = 100	
(Ag = 108) Cs = 133	Cd = 112 Ba = 137	In = 113 Di = 138	Sn = 122 Ce = 140	Sb = 122 —	Te = 125 —	I = 127 —	
(—) —	— Er = 178	— La = 180	— Ta = 182	— W = 184	— —	— —	
(Au = 199) —	Hg = 200 —	Tl = 204 Th = 231	Pb = 207 —	Bi = 208 —	U = 240 —		

Tarree

Garee VIII

Fe = 56, Co = 59,
Ni = 59, Cu = 63,

Ru = 104, Rh = 104,
Pd = 106, Ag = 108,

Os = 195, Ir = 197,
Pt = 198, Au = 199,

Meendiliiviin, ramaddii adeemsise kana irraa ka'uun, amalooni elementootaa dabala hanga atoomaawaa isaanii wajjin walqabachuun akka jijiiramaa adeeman hubate. Hubannoo kana irraa ka'uun, seera irra-deddeebii (peeredikii) elementootaa tume. Akka seera peeredikii Meendeliiviitti, amalooni elementootaa irra caalaa **irra-deddeebii (faankishiini peeredikii) hanga atoomaawaa** isaaniiti. Kana jechuunis, elementootni yommuu tartiiba dabala atoomaawaa isaaniitiin tarreffaman, elementoonni amaloota walfakkaataa qaban dabala hanga atoomaawaa murtaa'een booda irra-deddeebi'anii mul'atu.

Yeroo Meendliiviin seera peeredikii tumu, elementoonni hin abuuramin baay'ee turan. Innis seera kana irratti hundaa'uun gabaticha keessatti, elementoota hin abuuramiin kanneeniif bakka duwwaa dhiiseefii ture. Amalootaa fi hangoota atoomaawaa elementoota naannoo bakka duwwaa kana jiran irraa ka'uudhaan, amalooni elementoota yeroo sana hin abuuraminii raagamaniiru. Kunis abuuramuu elementoota kanneeniif karaa bane.

Haaluma kanaan, elementoota inni amaloota isaanii raage keessaa sadi iskaandiyemii, gaaliyemii fi jarmaniyemiin yeroo gabaabaa keessatti abuuramaniiru. Amaloonni elementoota kanneenii kan yaaliin argamanii fi kan Meendiliviin raagee walfakkaatu. Fakkeenyaaaf, Meendiliiviin yeroo sanatti jarmaniyemiif maqaa ekasiliikanii jedhu moggaasuun, amaloota gabatee armaan gadii keessatti ibsame raageef ture.

Gabatee 5.4 Amaloota Ekaasiliikanii fi Jarmaniyemii waliin bikkuu (walbiraatti ilaaluu)

Amala	Kan ekaasiliikanii (Meendeliiviin kan raagame)	Jarmaniyemii (Ge) Winkileeriin kan argame
Hanga Atoomaawaa	72	72.6
Rukkina (g cm^{-3})	5.5	5.36
Vaalaansii	4	4
Foormulaa oksaayidii	MO_2	GeO_2

Seerri peeredikii Meendilivi ramaddii elementoota ammayyaaf kan karaa saaqe ture. Gumaachi gabateen peeredikii meendiliv godhe kan armaan gadiiti.

- a Gabatee peeredikii kana fayyadamuun amaloota keemikaala fi fiizikaala elementootaa qo'achuun salphaa ture. Amaloonni elementii tokkoo garichaa keessaa yoo beekame, kana irraa ka'uun amaloota elementoota garicha keessatti argaman kan biroo raaguun ni danda'ama ture.
- b Elementoota yeroo sana hin abuuraminiif amaloota isaanii raaguun, gabaticha keessatti bakka duwwaan dhifameeffi ture. Kunis elementoonni kunniin yeroo gabaabaa keessatti akka abuuramaniif gargaareera.

Seerri peeredikii meendiliiv isa ammayyaaf kan karaa saaqe ta'ullee hanqina (Mudoo) hedduu qaba. Mudoowwan kunniinis kan armaan gadiiti.

- a Bakki haayidiroojinii gabaticha keessatti qabu mamsiisaa ture.
- b Ayisooto opponni amaloota keemikaala walfakkaatan yoo qabaatanillee, hanga garaagaraa waan qabaniif gabaticha keessatti bakki adda addaa kennamuufitu irra ture. Garuu yeroo sana beekamuu baatanillee ija tiyoorii atoomaawaa ammayaatiin yommuu ilaalamu, gabatee peeredikii Mendiliivii keessatti bakka hin arganne ture.
- c Elementoonni tartiiba hanga atoomaawaa isaaniitiin alatti, haala waldhaheen bakki itti ramadamanis ni jira. Fakkeenyaaaf, hangi atoomwaa argoonii 39.9 yommuu ta'u, kan pootaasiyemii immoo 39.1 dha. Garuu faallaa seera peeredikii Meendiliiviin argooniin pootaasiyemii dursee kaa'ame.

GOCHA 5.4

Gareen dalaguun yaada keessan barattoota daree keessaniitiif dhiyeessaatii waliin irratti mari'adhaa.

- 1 Elementoonni sadantootaa Dobirnar kan gabatee 5.1 keessa jiran (Li, Na, K) fi (F, Cl, Br), gabatee peeredikii Meendiliivii keessatti gareewwan kam keessatti ramadaman?
- 2 Elementoota yeroo sana hin abuuramin kanneen Meendiliiviin bakka duwwaa dhiiseef fakkeenya lama kennaa.
- 3 Fakkeenya bakka seerri peeredikii Meendelivii itti cabee kennaa.
- 4 Bara 1890 abuuramuun gaasota luuji kanneen akka hiliyemii, niyooni fi argoonii gabatee peeredikii meendelivii irratti taatee akkami fide?

GILGAALA 5.2

- 1 Seera irra-deddeebii/peerediikii/ Meendiliivii ibsi.
- 2 Gabaatee peeredikii Meendiliivii keessatti elementoonni maal irratti hundaa'uun ramadaman ture?
- 3 Meendiliiviin gabatee isaa keessatti maaliif bakka duwwaa dhiise ture?
- 4 Elementii amalli isaa kan elementii ekkaaluminiyemii jechuun Meendiliiviin raageen wajjin walfakkaatuf maqaan kenname maal jedhama?
- 5 Saayintistroonni Meendelivii dursaan akkaataa elementootni itti ramadamuu danda'an irratti yaada dhiyeessaa turaniiru. Carraaqqiin Meendiliiviin taasiise maaliif kan isaan kaanii caalaa milkaa'aa ture?
- 6 Abuuramuun elementoota haaraawaa kanneen akka gaaliyemii faayida-qabeessummaa gabatee peeredikii Meendelivii akkamitti agarsiisan (mirkaneessan) ture?
- 7 Meendiiliviin amaloota elementoota yeroo sana hin abuuraminii akkamitti raaguu danda'e?

5.3 GABATEE PEEREDIKII AMMAYYAA

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:

- ✓ Seera peeredikii ammayyaa ni eerta.
- ✓ Hiikkaa gareewwanii fi tarreewwanii ni kennita,
- ✓ Baay'ina lakkoofsa gareewwanii fi tarreewwanii gabatee peeredikii elementoota ammayyaa keessaa ni himta,
- ✓ Lakkoofsa atoomaawaa isaanii irratti hundaa'uun garee fi tarree elementootaa ni argatta,

- ✓ Hariiroo lakkofsa gulantaawan anniisaa atoomota gurguddoo fi lakkofsa tarreewanii ni himta;
- ✓ Lakkofsa elementootaa tokkoo tokkoon tarreewan qabanii ni himta
- ✓ Maqaa tokkoo tokkoon gareewan gurguddoo elementoota gabatee peeredikii keessaa ni barreessita;
- ✓ Gabatee peeredikii keessatti jijiirama amaloota akka chaarjii niwukilaawaa, hamma atoomaawaa, amala sibiilummaa, amala sibiilalummaa tarree keessaa ni ibsita;
- ✓ Gabatee peeredikii keessatti jijiirama amaloota akka chaarjii niwukilaawaa, hamma atoomaawaa, amala sibiilummaa, amala sibiilalummaa garee keessaa ni ibsita.
- ✓ Chaartii gabatee peeredikii ni qopheessita.

5.3.1 Seera Peeredikii Ammayyaa

Gabatee peeredikii Meendliliivii keessatti dhimmoonni ibsa argachuu hin danda'in akka turan ilaalleerra. Mudoowwan gabaticha keessatti mul'atan kunniin qorannoowwan fiizistiin biyyaa Ingiliizii Moosleen (1911-1914) gaggesseen ibsa argatanii jiru. Moosleen, amalooni elementootaa hanga atoomaawaa isaanii irratti osoo hin taane, lakkofsa atoomaawaa irratti akka hundaa'an mirkaneesse.

Elementoonni hundinuu lakkofsa atoomaawaa kan mataa isaanii qabu. Kana irraa ka'uun Moosleen, bu'uurri ramaddii elementootaa hanga atoomaawaa osoo hin taane bakka isaa akka lakkofsa atoomaawaa ta'e yaada dhiyeesse.

Kana irratti bu'uuruun, seerri peeredikii ammayyaa, lakkofsa atoomaawaa irratti bu'uuruun tumame. Akka seera peeredikii ammayyaatti, amalooni elementoota **irra deddeebii (faankishinii peeredikii) lakkofsa atoomaawaa** isaaniiti. Kanaaf, gabatee peeredikii ammayyaa keessatti elementoonni tartiibaan haala dabala lakkofsa atoomaawaa isaaniitiin ramadamu. Tarreffama kana keessatti amalooni elementoota walfakkaatan irra deddeebi'anii mul'atu. Irra deddeebi'uun mul'achuu amaloota elementootaa walfakkaatanii kana irraa kan ka'e gabatichi **gabatee peeredikii** jedhame.

5.3.2 Tarreewanii fi Gareewan

Gabatee peeredikii keessatti elementoonni amala walfakkaatan qaban toora gubbaa gadiitti kaa'amu. Toorri gubbaa gadii (irraan gadee) kun **garee** jedhama. Kanaafuu elementoonni, amalooni isaanii walfakkaatu garee tokko keessatti argamu.

Tokkoon tokkoo toora dalgee gabatee peeredikii **tarree** jedhama. Tarree keessatti, elementoonni haala tartiiba dabala lakkofsa atoomaawaa isaaniitiin ramadamu.

Gabatee 5.5 Gabatee peeredikii elementootaa kan ammayyaa

The Periodic Table is color-coded according to its properties:

- Furtuu:** A legend on the right side of the table defines the colors:
 - Sibiloota Alkaali (Teal)
 - Sibiloota Alkaalaayin Dachee (Yellow)
 - Sibiloota Ce'umsaa (Light Blue)
 - Elementoota sibiloota garee III A-VIA (Orange)
 - Sibiilaota (Red)
 - Gaasota Luujii (Green)
 - Kanneen biroo (Magenta)
 - Gariin Sibiloata (Orange)
- Groups:** The table shows groups IA (1), IIA (2), IIIB (3), IVB (4), VB (5), VIB (6), VIIIB (7), IIIA (13), IVA (14), VA (15), VIA (16), VIIA (17), and VIIIA (18).
- Elements:** The table lists elements from Hydrogen (H) to Ununhexium (Uus) with their atomic numbers, symbols, and atomic masses.
- Annotations:**
 - Garee Tarree:** Points to Hydrogen (H) and Helium (He).
 - Lakkoofsa Atoomaawaa:** Points to Hydrogen (H) and Helium (He).
 - Iddo-bu'ee:** Points to Hydrogen (H) and Helium (He).
 - * Laantaanaayidoota:** Points to Thorium (Th), Protactinium (Pa), Uranium (U), Neptunium (Np), Americium (Am), Curium (Cm), Bk, Cf, Es, Fm, Md, No, and Lr.
 - * Aktaanaayidoota:** Points to Cerium (Ce), Praseodymium (Pr), Neodymium (Nd), Promethium (Pm), Samarium (Sm), Europium (Eu), Gadolinium (Gd), Tb, Dy, Ho, Er, Tm, Ytterbium (Yb), and Lu.

GOCHA 5.5

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yommuu xumurtan cimdiin irratti mari'adha.

Gabatee 5.5 ilaaluun gaaffilee armaan gadii deebisaa.

- Gabatee peeredikii ammayyaa keessa tarree meeqatu jira?
- Gabatee peeredikii ammaayyaa keessa garee meeqatu jira?

5.3.3 Raabsa Elektiroonawaa fi Tarreeffama (Ramaddii) Elementootaa

GOCHA 5.6

Gocha armaan gadii gareen hojjadhaa. Yommuu xumurtan barattoota daree keessaniif dhiyeessaa. Bakka duwwaa gabatee armaan gadii guutuun gaaffilee gabatichatti aananii jiran deebisaa

Elementii	Iddo-bu'ee	Lakkoofsa atoomaawaa	Raabsa elektiroonawaa	Lakkoofsa sheelota elektiroonotaan qabamanii	Lakkoofsa elektiroonota vaalaansi
Liitiyemii	Li	3			
Booroonii	B	5			
Niiyonii	Ne	10			
Soodiyemii	Na	11			
Aluminiyemii	Al	13			
Argoonii	Ar	18			

- 1 Elementootni sheelota elektiroonota of keessaa qaban, kan baay'inni sheelota isaanii walqixa ta'e qaban isaan kami?
- 2 Elementoonni lakkoofsa elektiroonota vaalaansii walqixa qaban isaan kam?

Amaloonti elementootaa irra caalaan elektiroonota vaalaansii irratti hundaa'a. Amaloota isaaniitiin walfakkaachuun elementootaaas kanumaan wal qabata. Elementoonni amala walfakkaatan qaban, garee tokko keessatti ramadamu. Kanaafuu, elementoonni garee tokko keessa jiran hundinuu lakkoofsa elektiroonota vaalaansii walqixa qabu **Gabatee 5.6** ilaali.

Gabatee 5.6 Elementoota digdamman duraa fi raabsa elektiroonaawaa isaanii

Garee IA (1)									VIIIA (8)
Tarree		IIA (2)	IIIA (3)	IVA (4)	VA (5)	VIA (6)	VIIA (7)	He	
	1								2
H		B 2,2	Be 2,3	C 2,4	N 2,5	O 2,6	F 2,7	Ne 2,8	
Li 2,1	3								10
Na 2,8,1	11	Mg 2,8,2	Al 2,8,3	Si 2,8,4	P 2,8,5	S 2,8,6	Cl 2,8,7	Ar 2,8,8	18
K 2,8,8,1	19	Ca 2,8,8,2							
	20								

Fakkeenyaaaf, akkuma **Gabatee 5.6** keessatti mul'atu, Li fi 'Na'n garee tokko keessatti argamu. Raabsi elektiroonaawaa $_3\text{Li} = 2,1$ yommuu ta'u, kan $_{11}\text{Na} = 2,8,1$ dha. Elektiroonota vaalaansii walqixa qabu.

Lakkoofsi elektiroonota vaalaansii elementootaa fi lakkoofsi garee isaanii kan lakkoofsa roomaaniin kennaman walqixa. Fakkeenyaaaf, salfariin (^{16}S) raabsa elektiroonotaa 2,8,6 qaba. Lakkoofsi elektiroonota vaalaansii isaa 6. Kanaafuu, garee VIA keessatti argama. Lakkoofsi tarree elementiin tokko keessatti ramadamuu fi lakkoofsi (baay'inni) sheelota isaa walqixa. Fakkeenyaaaf, raabsi elektiroonaawaa $_{12}\text{Mg} = 2,8,2$ dha. Maaginiziyeeemiin sheelota sadu waan qabuuf tarree 3^{ffaa} keessatti ramadama. Yookiin immoo lakkoofsa sheelii alaa isaa (M) bakka bu'u yoo ilaalle 3 dha. Lakkoofsi sheelii alaa elementii kunis tarree elementichi keessatti argamuun walqixa.

GOCHA 5.7

Gabatee 5.6 bu'uureeffachuuun, gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan cimdiin walitti fidaa. Kanaan booda miseensota garee keessaniif dhiyeessuuun yaada irratti wal jijjiraa.

- 1 Elementoonni foosfarasii waliin garee tokko keessatti ramadaman elektiroonota vaalaansii meeqa qabu?
- 2 Elementoonni foosfarasii waliin tarree tokko keessatti ramadaman gulantaawwan anniisaa meeqa qabu?
- 3 Elementoonni elementoota armaan gadii wajjin tarree tokko keessatti ramadaman sheelota elektiroonotaan qabaman (lakkoossa sheelootaa) meeqa meeqa qabu?

a He
b C
c Al
- 4 Elementoonni elementoota armaan gadii wajjiin garee tokko keessatti ramadaman elektiroonota vaalaansii meeqa meeqa qabu?

a Li
b Mg
c B
d Ne
- 5 Gocha kanarraa waa'ee hariiroo elementoota tarree tokko keessa jiranii fi baay'ina sheelota isaanii yookiin lakkofsa(n) sheelii alaa isaanii gidduu jiruu maal hubattan ?
- 6 Gochicha irraa waa' ee hariiroo elementoota garee tokko keessa jiranii fi lakkofsa elektiroonota vaalaansii isaanii maal hubattan?

Hariiroo elektiroonota vaalaansii fi lakkofsa garee, akkasumas lakkofsa sheelii fi tarree gidduu jiru **Gabatee 5.6** ilaaluun salphumatti hubachuun ni danda'ama. Haala kanaanis:

- 1 **Lakkofsi elektiroonota vaalaansii = lakkofsa garee**
- 2 **Lakkofsi sheelotaa = Lakkofsa tarree ti**

Hariiroowwan kun gabatee peeredikii osoo hin ilaalle, garee fi tarree elementootaa raaguuf gargaaru. Fakkeenyaaaf raabsi elektiroonota maagniiziyemii 2,8, 2 waan ta'eef garee IIA (2) fi tarree 3 keessatti argama.

GILGAALA 5.3

- 1 Gabatee armaan gadii keessatti odeeffannoo osoo hin guutamiin hafan guuti.

Maqaal Iddo-bu'ee fi Z elementii	Raabsa elektiroonaawaa	Tarree isaa	Garee isaa
Biriliyemii ₄ Be			
Booroonii, ₅ B			
Naayitiroojiinii ₇ N			
Kilooriinii, ₁₇ Cl			
Argoonii, ₁₈ Ar			
- 2 Raabsi elektiroonaawaa elementii 'X' 2,8,4 dha. Elementichi garee fi tarree kam keessatti argama?

5.3.4 Caasaa Gabatee Peeredikii Ammayyaa

Tarreewan: Gabateen peeredikii ammayyaa tarreewan torba qaba. Tarreewan kun lakkoofsaan 1- 7 moggaafamu.

Tarree 1^{ffaan} elementoota lama ofkeessaa qaba. Elektiroononni elementoota tarree kana keessatti argamanii, sheelii K qabatu. Tarreen kun tarree hunda caalaa gabaabaa jedhama.

Tarreewan 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} tokkoon tokkoo isaanii elementoota 8 ofkeessaa qabu. Tarree lammaffaa keessatti elementoonni argaman hundi isaaniituu, sheelii K keessaa elektiroonota lama qabu. Sheeliin alaa isaanii L dha. Sheelii alaa isaanii kana liitiyemii irraa eegaluun hanga niyyooniitti walduraaduubaan elektiroonii 1-8tti guutaa adeemu.

Tarree sadaffaa keessa elementoonni jiran, sheelii K keessaa elektiroonota lama, sheelii L keessaa immoo elektiroonota saddeet qabu. Sheeliin alaa isaanii M dha. Sheeliin M soodiyemii irraa eegaluun amma argooniitti walduraa duubaan elektiroonii 1 hanga elektiroonota 8tti guutamaa adeema.

Tarreen kamiyuu tarree torbaffaa malee elementii atoomonni isaa elektiroonii vaalaansii 1 qabuun eegalani, elementii elektiroonota vaalaansii 8 qabuun xumuramu.

Gabateen armaan gadii gabaabumatti tarreewan sadan calqabaa fi elementoota isaan ofkeessaa qaban mul'isa.

Gabatee 5.7 Tarreewwanii sadan calqabaa fi baay'ina elementoota isaan qaban

Tarree	Baay'ina elementoota qabuu	Elementii jalqabaa fi xumuraa
1 ^{ffaa}	2	H–He
2 ^{ffaa}	8	Li – Ne
3 ^{ffaa}	8	Na – Ar

Gareewwan

Elementooni amala walfakkaatan qaban **garee** tokko keessatti ramadamu. Gabateen peeredikii gareewwan **gurguddoo saddeet** qaba. Gareewwan yeroo baay'ee lakkoofsa roomaaniitiin moggaafamu. Isaanis gareewwan, I, II, III, IV, V, VI, VII, fi VIII (O) dha. Gareewwan kunniinis cita gareewwan lamatti qoodamuun, qubeewwan 'A' fi 'B' n addaan baafamuun moggaafamu.

Gareewwan lakkoofsa arabaa fayyadamuunis moggaafamuu ni danda'u. Haala kanaaan immoo gareewwaniif garee IA irraa eegaluun hanga garee VIIIA tti walduraaduubaan

lakkoofsi 1-18 kennama. Tooftaan lakkoofsa arabaatiin garee moggaasuu kun tooftaa isa ammayyaati. **Gabateen 5.8** hariiroo moggaasa lakkoofsa roomaaniitiif lakkoofsa arabaan gidduu jiru agarsiisa.

Gabatee 5.8 Moggaasa gareewwanii lakkoofsa Roomaanii fi arabaatiin


Lakk. Roomaaniiitiin	IA	IIA	IIIIB	IVB	VB	VIB	VIIIB	VIII B	IB	IIB	IIIA	IVA	VA	VIA	VIIA	VIIIA (0)		
Lakk. Arabaatiin	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12	13	14	15	16	17	18

Elementoonni gareewwan tokko tokko keessa jiran amaloota baay'ee walfakkaataa waan qabaniif Maatii jedhamanii waamamu. Kanaafis, maqaa ittiin waamaman kan addaa qabu. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

- 1 Elementoonni garee IA(1) **sibiilota alkaalii** jedhamu. Liitiyemii (Li), soodiyemii (Na) fi pootaasiyemiin (K) miseensota garee kanaati.
- 2 Elementoonni garee IIA (2) keessatti argaman **sibiilota alkaalaayiin dachee** (eerzii) jedhamu. Fakkeenyaaaf, beriliyemii, maagniziyemii fi kaalsiyemiin elementoota garee kanaati.
- 3 Elementoonni garee VIIA(17) (Filoorini (F), Kiloorinii (Cl), Birominii (Br) fi Ayoodinii (I)) **haalojinoota** jedhamu.
- 4 Gareen VIIIA(18) **gaasoota luujii** jedhamu . Hiiliyemii, niiyonii fi argooniin miseensota gaasota luuijiti.

Elementoonni Garee Gurguddoo IA- VIIIA yookiin Garee 1 fi 2 akkasumas garee13-18 keessa jiran **elementoota dhaabbatoo** jedhamuun beekamu.

Gabatee peeredikii keessatti, elementoonni gareewwan IIA(2) fi gareewwan IIIA(13) giddutti argaman, **elementoota sibiilota ce'umsaa** jedhamu. Gareewwan (cit-gareewwanii) elementoota ce'umsaa qabee lakkoofsa roomaanii I-VIII biratti qabee 'B' barreessuun yookiin lakkoofsa arabaan 3-12 kenuun addaan bahanii moggaafamu. Elementoonni kun hundi isaanii sibiilota. Sibiilonni beekamoonaan akka ayiranii, warqii, koopparii, meetii (silvarii) fi pilaatiniyemiin sibiilota ce'umsaati.



GOCHA 5.8

Gocha araan gadii gareen hojjadhaa. Yommuu xumurtan barattoota daree keessaniif dhiyeessaa.

- 1 Kitaabolee keemistirii yookiin madda odeeffannoo biroo irraa, akkaataa gareewwaniif lakkofsi itti kennamu qoradhaa.
- 2 Gareewan elementoonni araan gadii keessatti argaman, lakkofsa Roomaanii fi lakkofsa arabaa fayyadamuun addaan baasaa barreessaa.

a Kaalsiyemii	c salfarii	e foosfarasii
b Pootaasiyemii	d aluminiyemii	
- 3 Elementoota maqaa fi iddo bu'een isaanii araan gadiitti kenname, gabatee peeredikii keessatti bakka isaan itti argaman irraa ka'uun lakkofsa elektiroonota vaalaansii isaanii tilmaamaa (raagaa).

a Salfarii(S)	c Filooriinii(F)	e Argoonii (Ar)
b Niiyoonii(Ne)	d Aluminiyemii(Al)	
- 4 Gabateen araan gadii gartokkee gabatee peeredikii ammayyaa agarsiisa. Gabaticha keessatti qubeewwan barreeffaman elementoota bakka bu'u. Garuu iddo-bu'ee dhugaa miti. Gabaticha irratti bu'uuruun gaaffilee gabatichatti aananii jiran deebisaa.

IA	IIA								VIIIA
X		III A	IV A	V A	VIA	VIIA	L		
Z		R					P	Y	Q


- a Qubeewwan kanneen keessaan kan sibiila alkaalii agarsiisu isa kami?
- b Qubeewwan kanneen keessaan kan elementii miseensa maatii haalojiinotaa ta'e agarsiisu isa kami?
- c Qubeen elementii alkaalaayin dachee bakka bu'e isa kami?
- d Garee gaasota luuji keessa elementoota jiran, qubeewwan agarsiisan isaan kami?
- e Qubeen R elementii miseensa garee isa kamii agarsiisa?

Elementoonni amaloota isaanii irratti hundaa'uun **sibiilota**, **sibiilalootaa** fi **gariin sibiilottaatti** ramadamu. Gabatee peeredikii keessatti gareewwan elementootaa kunniin adda ba'anii toora mataa isaanii qabu. Elektiroononni vaalaansii atoomii elementii tokkoo, elementichi gareewwan kanneen keessaa kam keessatti akka argamu beekuuf gargaaru. Sararaa furdan **zigzaagiin** gabatee peeredikii irra jiru elementoota kamtu sibiilota, isaan kamtu sibiilalootaa fi isaan kamtu immoo gariin sibiilotaa akka ta'an addaan baasuuf gargaaru. Gariin sibiilonni elementoota toora sarara **zigzaagii** kanatti sibiilotaa fi sibiilaloota giddutti argamaniidha. Elementoonni amala sibiilummaa qaban sararicha irraa gara bitaatti argamu. Elementoonni amala sibiilummaa qaban immoo sararicha irraa gara mirgaatti argamu.

Gocha 5.9

- 1 Dhuunfaan *fakkii 5.2* ilaaluun gaaffilee gaafataman deebisaa. Deebii keessan gareen walitti fiduun irratti mari'adhaa.

Gabatee peeredikii elementootaa



Fakkii 5.2 Toora sibiilotaa, sibiilalootaa fi gariin sibiilotaa

- a Toorri sibiilonni jiran lakkofsawan kamiin agarsiifaman?
 - b Toorri gariin -sibiilonni itti argaman kami?
 - c Toorri sibiilalooni itti agarsiifaman hoo lakkofsa kamiin agarsiifame?
- 2 Kanneen armaan gadii sibiilota gariin sibiilota yookiin sibiilaloota ta'uun isaanii barreessaa.
- | | |
|------------|---------------|
| a Ayiranii | c Silikanii |
| b Salfarii | d Foosfarasii |

Gilgaala 5.4

- 1 Gabatee peeredikii keessaa elementtiin biroomiinii bakka jiru barbaadaa
- a Biroomiinin sheelii isaa kan alaa irratti elektiroonota meeqa qaba?
 - b Sheelota elektiroonii of keessaa qaban meeqa qaba?
 - c Iddo-bu'ee elementii sibiila alkaalii, kan tarree biroomiiniin keessa jiru keessatti argamuu barreessaa.

- d Iddo-bu'ee elementii biroo kan garee biroomiinii keessa jiru keessatti argamuu barreessaa.
- e Maqaan elementootaa garee biroomiiniin keessa jiruuf kenname maal jedhama?
- 2 Elementiin tarree 3 fi garee VII A keessatti argamu elektiroonota vaalaansii meeqa qaba?
- 3 Elementiin lakkofsi atoomaawaa isaa 19 ta'e, gabatee peeredikii keessatti bakka kamitti argama?
- 4 Silkaniin (^{14}Si) garee fi tarree kam keessatti argama?

5.3.5 Amaloota Peeredikii Tokko Tokko

Gocha 5.10

Gareen gocha armaan gadii dalagaa. Waan gochicha irraa hubattan barattoota daree keessaniif dhiyeessuun irratti mari'adhaa. Gabatee peeredikii ilaaluu ni dandeessu.


Tarree keessaa bitaa gara mirgaatti yommuu adeemamu lakkofsi atoomaawaa maal ta'a? Kun maaliif irra deddeebii (peeredikii) jedhama?

Amaloonni gooroon elemntootaa caasaa atoomaawaa yookiin raabsa elektiroonaawaa elementootaa irratti hundaa'u. Amaloonni kуниин suuta suutaan, jijiirama sirnaawaa tarree keessa bitaa gara mirgaatti, garee keessa immoo irraangadee waan agarsiisanif **amaloota peeredikii (irra-deddeebii)** jedhamu. Amaloonni kun gabatee peeredikii irratti bakka elementiin tokko itti argamu irraa ka'uun raagamuu danda'u. Fakkeenyaaaf hammi atoomaawaa, chaarjiin niwukilaawaa, amalli sibiilummaa fi sibiilalummaa amaloota peeredikiiti. Gabatee peeredikii keessatti, luucca'inni amaloota peeredikii irratti mul'atan hundinuu, qabattoota lamaan ibsamuu danda'u. Isaanis baay'ina **sheeloota elektiroota of keessaa qabanii fi chaarjii niwukilaawaati**. Qabattoota kanneen lamaan irratti hundaa'uun, amaloonni peeredikii suuta suutaan garee keessa, irraan -gadee yookiin immoo tarree keessa dalga luucca'u.

Gocha 5.11

Gocha armaan gadii dura dhuunfaan hojjadhaa. Yaada keessan walitti fiduuf gareen irratti mari'adhaa. Kanaan booda barattoota dareef dhiyeessuun irratti mari'adhaa.

Fakkiin armaan gadii baay'ina sheelotaa elementootaa gabatee peeredikii keessatti tarree 1-3tti argamanii agarsiisa. Fakkicha ilaaluun gaaffilee fakkichatti aananii jiran deebisaa.



Fakkii 5.3 Moodeelii atoomaawaa elementoota tarree 1-3 keessa jirani

- a** Baay'inni sheelota atoomotaa ,tarree keessa bitaa gara mirgaatti jijiirama akkamii agarsiisa?
- b** Baay'inni sheelii atoomotaa garee keessaa jijiirama akkamii agarsiisa? Dabalaan moo hir'achaa adeema?
- c** Baay'inni elektiroonota vaalaansii atoomotaa, tarree keessaa bitaa gara mirgaatti jijiirama akkamii agarsiisa? Garee keessatti hoo?
- d** Tokkoon tokkoo atoomota fakkii irratti agarsiifamanii niwukilasii isaanii keessaa pirootoonota meeqa meeqa qabu?
- e** Lakkofsi pirootoonotaa (chaarjiin niwukilasii) tarree keessa bitaa gara mirgaatti jijiirama akkamii agarsiisa?
- f** Lakkofsi pirootoonotaa (chaarjiin niwukilasii) garee keessa irraan-gadee jijiirama akkamii agarsiisa?
- g** Hammi atoomaawaa garee keessa irraan-gadee akkuma lakkofsi sheelotaa dabaluun maal ta'aa adeema?

Luucca'ina amaloota gooroo elementoota tarree tokko keessaa


I Chaarjii Niwukilaawaa:

Chaarjiin niwukilaawaa atoomii tokkoo chaarjii pirootoonota isati. Chaarjiin pirootooniipoozatiiviidha. Akkuma baay'inni pirootoonotaa dabalu, chaarjiin niwukilawaas ni dabala. Tarree keessa lakkofsi pirootoonotaa (lakkofsi atoomaawaa) bitaa irraa gara mirgaatti dabalaan adeema. *Fakkii 5.3* ilaali . Kanaafuu, tarree kam keessayyuu, chaarjiin niwukilaawaas bitaa irraa gara mirgaatti dabalaan adeema.

II Hamma Atoomaawaa

Hamma atoomaawaa sirriin safaruun baay'ee rakkisaadha. Garuu fageenya atoomota molakiyulota keessa jiran gidduu jiru beekuun raadiyesii shallaguun ni danda'ama.

Baay'inni sheeliwwanii, tarree kam keessattuu bitaa gara mirgaatti yommuu adeemamu hin jijiiramu (hin dabalus, hin hir'atus). *Fakkii 5.3* ilaali. Garuu lakkofsi pirootoonotaa tokko tokkoon suuta suuta dabalaan adeema. Kanaafuu chaarjiin niwukilaawaa tarree keessaan bitaa gara mirgaatti ni dabala. Sababa chaarjiin niwukilaawaa dabalaan adeemuuf, humni harkisa niwukilasii elektiroonota vaalaansii irratti cimaa adeema. Kanarraa kan ka'e, elektiroononni sheelii alaa irra jiran chaarjii niwukilaawaa dabalaan adeemuun harkifamuun hammi atoomaawaa suuta xiqqaachaa adeema. Hammi atoomaawaa tarree keessaan bitaa irraa gara mirgaatti hir'achaa adeema jechuudha. Fakkenyaaf, *Fakkii 5.4* irraa akka mul'atutti, elementoota tarree 2^{ffaa} keessaan liitiyemiin hamma atoomaawaa guddaa yommuu qabaatu, filooriniin immoo hamma atoomaawaa xinnaa qaba.



Fakkii 5.4 Raadiyeesii atoomii

III Amala sibiilummaa fi Amala sibiilalummaa

Yeroo baay'ee, elementoonni atoomonni isaanii elektiroonota sadii yookii sadii gadi sheelii alaa keessaan qaban, amala sibiilummaa agarsiisu. Elementoonni atoomonni isaanii elektiroonota vaalaansii shanii hamma torbaatti qaban, immoo amala sibiilalummaa agarsiisu.

Tarree tokkoffaa malee, tarree kam keessattuu bitaa gara mirgaatti yommuu adeemamu, baay'inni elektiroonota vaalaansii 1 qabee hanga 8tti tokko tokkoon suuta suuta dabalaan adeema. Tarree tokkoffaa keessatti garuu, elementoonni lama qofti waan argamaniif, elektiroononni vaalaansii isaanii 1 hanga 2tti dabala.

Tarree keessa akkuma lakkofsi elektiroonota vaalaansii tokkoon eegalee hanga saddeetitti dabalu, chaarjiin niwukilaawaas waan dabaluuf hammi atoomaawaa xinnaachaa adeema. Hammi atoomaawaa akkuma xinnaatuun, amalli sibiilummaas xinnaachaa adeema. Kana jechuunis tokkoon tokkoo tarree keessatti sibiilonni gara bitaatti yommuu argaman, sibiilalooni immoo gara mirgaatti argamu. Tarree kamiyyuu keessa bitaa gara mirgaatti yommuu adeemamu, amalli sibiilummaa hir'achaa si'a adeemu, amalli sibiilalummaa dabalaad adeema. Fakkeenyaaaf, elementoota tarree 3^{ffaa} jiran keessaa Na,Mg fi Al'n sibiilootaa yommuu ta'an, Si gariin-sibiilaa, P,S fi Cl immoo sibiilaloota.

Walumaagalatti, elementoonni amala sibiilummaa cimaa qaban garee IA keessatti yommuu argaman, elementoonni amala sibiilalummaa cimaa qaban immoo garee VIIA keessatti argamu.

Gocha 5.12

Gocha armaan gadii gareen hojjachuun yommuu xumurtan barattoota daree keessanif dhiyeessaa.

- a Aluminiyemii moo salfariitu caalaa amala sibiilummaa qaba? Maaliif?
- b Maagniziyemii moo filooriiniitu hamma atoomaa irra guddaa qaba? Maaliif?
- c Soodiyemii moo foosfarsiitu chaarjii nikulaawaa irra guddaa qaba? Maaliif?

Luucca'ina amaloota gooroo elementoota garee tokko keessaa

Gocha 5.13

Gocha armaan gadii dhuunfaan hojjadhaa. Yommuu xumurtan gareen yaada irratti waljijiiraa.

Fakkii 5.3 fi fakkii 5.4 ilaaluun gaaffilee armaan gadii deebisaa.

- 1 Elementoonni elektiroonota vaalaansii wal qixa qaban isaan kami?
- 2 Irraan gadee garee keessa baay'inni sheelota jijjiirama akkamii agarsiisa?
- 3 Irraan gadee garee keessa baay'inni pirootoonota niwuklasii keessaa jijjiirama akkamii agarsiisa?
- 4 Irraan gadee garee keessa raadiyeesiin atoomota luucca'ina akkamii agarsiisa?

Gabatee peeredikii keessatti elementoonni dalga bitaa gara mirgaatti tartiibaan haala dabala lakkofsa atoomaawaa isaaniitiin tarreeffamu. Elementoonni elektiroonota vaalaansii walqixa qaban immoo garee tokko keessa irraan gadee tooran ramadamu. Kanaafuu, elementoonni garee tokko keessa jiran elektiroonota vaalaansii walqixa qabu. Fakkeenyaaaf, elementoonni garee IA keessaa (sibiilonni alkaalii) hundinuu sheelii isaanii kan alaa irraa elektiroonota tokko tokko qabu. Elementoonni garee tokko keessatti argaman elektiroonota vaalaansii walqixa waan qabaniif amaloota walfakkaatu qabu. Garuu amaloonni kunniin garee keessa irraan-gadee yookiin irraan olee luucca'ina agarsiisu. Akkuma kanaan dura ilaalle, luucca'ina kanaaf qabattoonni baay'ina sheelootaatii fi chaarjii niwukilaawaati.

I *Chaarjii Niwukilaawaa*

Garee kamiyyuu keessa akkuma irraan gadee adeemamu, lakkoofsi atoomaawaa (lakkoofsi pirootoonotaa) dabalaad adeema. Kanaafuu, chaarjiin niwukilaawaas dabalaad adeema. Fakkeenyaaaf (*Fakkii 5.3* ilaali), garee IA keessatti lakkoofsa atoomaawaa isaanii Li (Z = 3), Na (Z = 11) K (Z = 19), waan ta'eef dabalaad adeema jechuudha.

Garee keessa irraan gadee chaarjiin niwukilaawaa dabalu illee, taateen inni amaloota gooroo elementootaa irratti qabu, dabaluu lakkoofsa sheelootaatiin faallaa isaatiin akka adeemsifamu taasifama. Dabaluun lakkoofsa sheelootaa fi dabaluun chaarjii niwukilaawaa amaloota gooroo elementootaa irratti taatee faallaa ta'e qabu jechuudha. Kanaafuu, jijiiramni amaloota gooroo elementoota gareewwan keessaa faallaa jijiirama amaloota gooroo elementootaa kan tarreewan keessati.

II *Hamma Atoomaawaa*

Garee tokko keessa irraan gadee yommuu adeemamu, baay'inni sheeliiwwan atoomotaa tokko tokkoon dabalaad adeema. Kana sirriitti hubachuuf *Fakkii 5.3* ilaali.

Garee keessa irraan- gadee baay'inni sheelii akkuma dabalaad adeemuun raadiyesiin atoomiis ni dabala. Kanafuu, hammi atoomaawaas ni dabala. Fakkeenyaaaf, hammi atoomaawaa pootaasiyemii hamma atoomaawaa liitiyemii fi soodiyemii ni caala. Kunis baay'inni sheelota isaa waan kan liitiyemii fi soodiyemii caaluufi. (*Fakkii 5.3* ilaali).

GOCHA 5.14

Elementoota armaan gadiitti cimdiin taa'an keessaa raadiyesiin isaa kan caalu isaki? Maaliif?



III *Amala Sibiilummaa fi Amala Sibiilalummaa*

Sibiilonni elementoota atoomonni isaanii elektiroonota vaalansii muraasa yeroo baay'ee (1 -3) sheelii alaa irraa qaban akka ta'e ilaalleerra. Ammuma baay'inni elektiroonotaa atoomonni sheelii alaa irraa qaban xiqqoo ta'anii fi hammi guddina atoomii elementichaa dabalu amalli sibiilummaa garee keessa gadi ni dabala.

Elementoonni garee IA fi IIA keessatti argaman haayidiroojiinii malee hundinuu sibiilotaa. Sababiin haayidiroojiniin sibiilala ta'eef, sheelii tokko qofa waan qabani fi sheelichi niwukilasitti dhiyoo waan jiruu fi hammi atoomaawaa isaa xiqqaa waan ta'eefidha.

Garee tokko keessa irraan-gadee yommuu adeemamu, baay'inni sheeliiwwanii waan dabaluuf, hammi atoomaawaa ni dabala. Kanaafuu, amalli sibiilummaa ni dabala. Amalli sibiilalummaa immo ni hir'ata. Fakkeenyaaaf, Garee IVA keessatti elementiin calqabaa, kaarbooniin (C) sibiilala, elementoonni isatti aananii jiran silikanii fi jarminiyemii gariin-sibiilotaa yommuu ta'an, elementoonni lamaan gara miijjalaa jiran lamaan tiinii (Sn) fi liidiin (Pb) immoo sibiilotaa.

Gocha 5.15

Dura dhuunfaan hojjadhaa. Itti aansuun gareen yaada keessan walitti fiduun barattoota daree keessaniif gabaasa.

- a Oksijiin moo salfariitu chaarjii nikulaawaa irra guddaa qaba? Maaliif?
- b Liitiyemii moo soodiyemitu amala sibiilummaa irra caala guddaa qaba? Maaliif?
- c Naayitiroojiinii moo foosfarasiitu hamma atoomaawaa irra guddaa qaba? Maaliif?

Hojii Piroojeuktii

Garee uumuun waraqaa bal'aa irratti gabatee peeredikii qopheessaa. Miidhagaa fi odeeuffanno-qabeessa taasiisuuf yaalaa. Gabatichi odeeuffannoo armaan gadii akka qabaatu taasiisaa.

- a Iddo-bu'ee elementii
- b Lakkoofsa atoomaawaa
- c Hanga atoomaawaa
- d Garee (lakkoofsa roomaanii fayyadamaa)
- e Tarree (lakkoofsa arabaan fayyadamaa)

Gilgaala 5.5


I *Deebii sirrii ta'e fili.*

- 1 Lakkoofsi atoomaawaa elementoota tarree 3 keessatti argamanii;

A 1-2 tti	C 11-18tti
B 3- 10tti	D 13-20tti
- 2 Elementoota armaan gadii keessaa kan kaalsiyemii waliin amaloota walfakkaatu qabu isa kami?

A Si	C Li
B Mg	D N
- 3 Maatii elementootaa keessaa kan hiiliyemii, niiyonii fi argooniin keessa jiran isa kami?

A Haalojinoota	C Gaasota luujii ti
B Sibiilota alkaaliiti	D Sibiilota alkaalaayin eerziiti
- 4 Gabateen armaan gadii, gartokkee gabatee peeredikii, kan raadiyasiif elementootaa afur qabate agarsiisa.



Lucca'ina gabatee pereedikii keessatti agarsiisan irratti hundaa'uun, raadiyeesiin salfarii meeqa ta'uu danda'a.?

- | | |
|--|-----------------------|
| <p>A 55
B 102</p> <p>5 Saayintistoonni elementii tokko kan elementii isa biroo wajjiin amaloota walfakkaatu qabu argachuuf, akkamitti gabatee peerediikiitti fayyadamu?</p> <p>A Rukkina isaanii waldorgomsiisuun
B Garee elementichi keessatti argamu barbaaduun
C Batteeffamuu isaanii waldorgoomsiisuun
D Hanga atoomaawaa waldorgomsiisuun</p> | <p>C 95
D 114</p> |
|--|-----------------------|
- II *Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e kenni.***
- 1 Raabsa elektiroonaawaa atoomoota armaan gadii irratti hundaa'uun gaaffilee kennaman deebisaa.
- I. 2, 8, 7 II. 2, 8 III. 2, 8, 8 IV. 2, 8, 8, 2 V. 2, 8, 8, 1
- a Sibiilli alkaalii isa kami ?
b Atoomota kanneen, atoomii amma atoomaawaa xiqqaa qabu irraa eegaluun tartiiba hamma atoomaawaa isaaniitiin tarreessi.
c Isaan kanneen keessaa kan garee tokko keessatti argaman isaan kami?
d Kan tarree tokko kessatti argaman hoo isaan kami?
- 2 Gaaffilee armaan gadii deebii keetiif sababa kennaa deebisi
- a Hamma atoomaawaa liitiyemii moo kan soodiyemiitu caala? Maaliif?
b Amala sibiilummaa boorooniiti moo kan aluminiyemiitu caala? Maaliif?
c Soodiyemii, aluminiyemii fi kilooriinii keessaa isa kamtu chaarjii niwukilaawaa irra guddaa qaba? Maaliif?
d Elementoota gaaffii “2c” keessatti eeraman keessaa isa kamtu hamma atoomaawaa irra guddaa qaba? Maaliif?
e Elementoota gaaffii “2c” keessatti kennaman isa xiqqaa irraa ka'uun tartiiba guddina hamma atoomaawaa isaaniitiin tarreessaa.

5.4 FAAYIDAALF GABATEE PEEREDIKII AMMAYYAA

Adeemsa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ✓ Faayidaalee gabatee peeredikii elementootaa, lakkofsa atoomaawaa, hanga atoomaawaa fi amaloota elementootaa irraa hubachuuf ta'u ni himta
- ✓ Gabatee peeredikii ni qopheessita.

GOCCHA 5.16

Dura dhuunfaan, itti aansuun, gareen hojachuun, barattoota daree keessaniif dhiyeessaa.

- 1 Gabatee peeredikii irraa, maqaa, lakkofsa atoomaawaa fi hanga atoomaawaa elementoota araan gadii barbaadi


a N a	c P	e Cu
b Fe	d K	
- 2 Odeeffannoowwan lakkofsa atoomaawaa irraa argamuu danda'an maalfaadha?
- 3 Odeeffannoo gabatee peeredikii irraa argamuu danda'u kan araan gadii maqeessi.



Gabateen peeredikii bifa sirna-qabeessa ta'een waa'ee elementootaa fi kompaawundoota isaanii qu'achuuf faayidaa olaanaa qaba. Faayidaawan kanneen keessaa muraasni isaanii araan gadii ti.

- 1 Faayidaalee gabatee peeredikii elementootaa keessaa inni tokko elementiin tokko gabatee peeredikii keessatti iddo itti argamu irraa ka'uun odeeffannoo waa'ee elementichaa kanneen araan gadii argachuuf gargaara.
 - ⇒ Iddo-bu'ee elementichaa
 - ⇒ Lakkofsa atoomaawaa,
 - ⇒ Hangaa atoomaawaa
 - ⇒ Tarree fi
 - ⇒ Garee dha

Fakkeenyaaaf, kaarbooniin tarree 2 fi garee IVA tti argama, kanaafuu, saanduqa elementichi keessa jiru irraa, ragaa fakkii araan gadii irratti agarsiifame argachuun ni danda'ama.



Fakkii 5.5 Saanduqa(seelii) gabatee peeredikii keessaa tokko irraa ragaa argamu

- ⇒ Lakkoofsa atoomaawaa gabatichaa irraa argamu irraa ka'uun raabsa elektiroonaawaa elementichaa barreessuun ni danda'ama. Kanarraa immoo lakkooffa elektiroonota vaalansii argachuun ni danda'ama.
- 2 Elementiin tokko gabaticha keessatti bakka itti argamu irraa ka'uun amaloota elementichaa raaguun ni danda'ama. Hubannoona luucca'ina amaloota elementootaa gabaticha irraa beekuu amaloota elementootaa raaguuf gargaara.
- Fakkeenyaaaf, ₁₁Na raabsi elektiroonaawaa isaa 2,8,1 dha Kanaafuu, garee IA fi tarree 3^{ffaa} keessatti argama. Garee IA keessatti waan argamuuf:
- ⇒ Sibiila
 - ⇒ Amalli sibiilummaa isa kan liitiyemii caala.
 - ⇒ Oksaayidii beezawoo uuma
- 3 Elementoota hin abuuramiin raaguuf
- ⇒ Amaloota elementoota beekamanii irraa ka'uun amaloota elementoota hin abuuramiinii raaguuf ni gargaara.
- 4 Amaloota elementoota gareewwan tokko keessaa, haala salphaan yaadachuuf, gargaara. Fakkeenyaaaf, Haalojiinoonni (elementoonni garee VIIA keessaa):
- ⇒ Sibiilaloota
 - ⇒ Osaayidii asiidawaa uumu

Gocha 5.17

Gocha araan gadii gareen bojjadhaa.

Gabatee peeredikii irraa elementii tokko filadhhaa. Elementicha ilaachisee gaaffilee araan gadii deebisaa. Gaffilee kanneen deebisuuf, gabatee peeredikiis dabalatee bakka isiin barbaachiisuutti madda odeeffannoo kamiyyuu fayyadamuu ni dandeessu.

- a Maqaan elementii flattanii eenyu?
- b Iddo-bu'een elementichaa maali?
- c Lakkoofsi atoomaawaa isaa meeqa?
- d Lakkoofsi hangaa isaa meeqa?
- e Elementichi gabatee peeredikii keessatti tarree fi garee kam keessatti argama?
- f Faayidaawwan elementii kanaa maali?

Odeeffannoo gareewwan biroo argatan waliin wal bira qabaa ilaalaan.

K eessa-deebii Boqonnichaa



Jechoota Ijoo

- | | |
|----------------------------|--------------------------|
| ↳ Amala sibiilummaa | ↳ Irra deddeebii |
| ↳ Amaloota sibiilalumma | ↳ Luucca'ina amalootaa |
| ↳ Chaarjii niwukilaawaa | ↳ Raabsa elektiroonawaa |
| ↳ Elektiroonota vaalaansii | ↳ Raadiyeesii atoomaawaa |
| ↳ Gabatee peeredikii | ↳ sheelii |
| ↳ Hamma atoomaawaa | ↳ Tarree |

Cuunfaa Boqonnichaa

- ✓ Meendiliiviin elementoota tartiiba hanga atoomaawaa isaaniitiin ramade.
- ✓ Akka seera peeredikii Meendiliiviitti, amalooni elementootaa irradeddeebii (faankishinii peeredikii) ulfaatina atoomaawaa isaaniiti.
- ✓ Meendiliiviin seera kana irratti hundaa'uun elementoota yeroo sana hin abuuramiin amaloota isaanii raaguun, gabaticha keessatti bakka duwwaa dhiise
- ✓ Ramaddiin peeredikii elementootaa kan ammayyaa, lakkofsa atoomaawaa isaanii irratti hundaa'ee adeemsifama.
- ✓ Akka seera peeredikii ammayyaatti, amalooni elementootaa irradeddeebii (faankishiinii peeredikii) lakkofsa atoomaawaa isaaniiti.
- ✓ Tokko tokkoon toora dalgee gabatee peeredikii tarree jedhama.
- ✓ Gabateen peeredikii tarreewan torba qaba.
- ✓ Gabatee peeredikii keessatti elementonni amaloota walfakkaataa qaban, toora irraan gadee **garee** jedhamu keessatti ramadamu. Gabateen peeredikii gareewwan IA, IIA... VIIIA jedhamuun moggaafaman saddeet qaba.
- ✓ Elementoonni gareewwan kana keessatti argaman elementoota dhaabbataa jedhamu.
- ✓ Elementoonni garee IA sibiloota alkaalii, kan garee IIA keessaa sibiilota alkaalayin eerzii, (dachee) kan garee VIIA keessaa haalojinoota, kan garee VIIIA keessaa gaasota luujii jedhamu.

- ✓ Elementoonni garee IIA fi garee IIIA giidduutti argaman elementoota ce'umsaa jedhamu
- ✓ Jijiiramni amaloota gooroo elementoota gareewwan keessaa, kanneen akka hamma atoomawaa fi amala sibiilummaa faallaa jijiirama amaloota gooroo elementootaa kan tarreewwan keessaati. Kanas gabaabumatti, gabatee (chaartii) armaan gadii irraa hubachuu ni dandeessa.
- ✓ Haala jijiirama amaloota gooroo elementootaa garee fi tarree keessaa

Amaloota Gooroo	Haala jijiirama isaa tarree keessa bitaa gara mirgaatti	Haala jijiirama isaa Garee keessa irraan gadee
Chaarjii niwukilasii	ni dabala	ni dabala
Hamma atoomawaa	ni hir'ata	ni dabala
Amala sibiilummaa	ni hir'ata	ni dabala

- ✓ Gabatee peeredikii irraa ragaalee kanneen akka hanga atoomaawaa fi lakkofsa atoomaawaa argachuun ni danda'ama.

GILGAALA KEESSA DEEBII BOQONNA

5^{FFAA}

I *Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'an "dhugaa" yoo sirrii ta'u baatan soba jechuun deebii kenni.*

- 1 Hammi atoomaawaa tarree keessa bitaa gara mirgaatti ni dabala.
- 2 Elementoonni tarree tokko keessatti argaman, sababa baay'inni elektiroonoota vaalaansii isaanii garaagara ta'eef , amaloota adda addaa qabu.
- 3 Lakkofsi atoomaawaa ramaddii gabatee peeredikii Mendiliiviitiif bu'uura.
- 4 Elementootni garee tokko keessaa amaloota walfakkaataa qabu.
- 5 Amalli sibiilalummaa garee keessaa irraan gadee ni dabala.
- 6 Elementoonni tarree tokko keessatti argaman baay'ina sheeloota (gulantaawwan anniisaa) walqixa qabu.
- 7 Atoomiin ₉X fi ₁₆Y tarree tokko keessatti argamu.
- 8 Baay'inni elektiroonota vaalaansii sibiilotaa kan sibiilalootaa ni caala.
- 9 Kaarbooniin ($Z = 6$) silikanii($Z=14$) caala amala sibiilummaa qaba.
- 10 Garee keessa irraan- gadee lakkofsi elektiroonota vaalaansii ni dabala.

II *Kanneen 'B' jala jiran keessaa filachuun kan 'A' jala jiraniin walitti firoomsi .*

A

- 1 Tarree
- 2 Garee
- 3 Elektiroonota vaalaansii
- 4 Sibiilota alkaalii
- 5 Niiwlaandii
- 6 Sibilota alaakaalaayin dachee
- 7 Dobirnar
- 8 Meendiliivii
- 9 Haalojinoota
- 10 Lakkoofsa atoomaawaa

B

- a Toora irraan gadee gabatee peeredikii
- b Seera saddeettantootaa
- c Elementoota garee IA.
- d Toora dalgee gabatee peeredikii
- e Seera sadantootaa
- f Lakkoofsa garee
- g Lakkoofsa pirootoonotaa
- h Elementoota garee VIIA
- i Seera peerediikii(irra-deddeebii) jalqabaa
- j Elementoota garee IIA

III *Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e fili*

- 1 Meendiliiviin elementoota yeroo sana beekaman kan gabatee peeredikii keessatti ramade, akka dabala _____ isaaniitti.

A hanga atoomaawaa B lakkoofsa pirootoonotaa	C lakkooofsa elektiroonotaa D lakkooofsa atoomaawaa
---	--
- 2 Bu'a-qabeessummaan gabatee peeredikii Meendiliivii kan mirkaneeffame maaliinture?

A Saayintistoota birootiin battaluma fudhatama argachuu isaatiini. B Abuuramu elementoota amaloonni isaanii gabaticha keessatti raagameeniin. C Abuuramu suudoowwan cita-atoomiitiini. D Abuuramu niwukilasiitiini.
--
- 3 Abuuramuun gaasota luujii Gabatee peerediikii Meendiliivii irratti maal dabaluun gabaticha jijiire ?

A Garee tokko B Tarree tokko	C Gulantaa tokko D Dalgee tokko
---------------------------------	------------------------------------
- 4 Elementiin lakkoofsi atoomaawaa isaa 13 ta'e, gabatee peeredikii keessatti garee fi tarree kam keessatti argama?

A Garee IIIA fi tarree 2 B Garee IIIA fi tarree 3 C Garee IIIA fi tarree 4 D Garee VA fi tarree 4
--
- 5 Raabsi elektiroonaawaa foosfarasi 2,8,5. Foosfarasiin garee kam keessatti argama?

A IIIA B VA	C IVA D VIA
----------------	----------------

6 Gabatee peeredikii keessatti kanneen armaan gadii keessaa, garee keessatti irraangaddee kan **hin daballe** isa kami?

- A Chaarjii niwukilasawaati.
- B Baay'ina elektiroonota vaalaansiiti
- C Baay'ina sheelootaati
- D Hamma atoomaawaa ti


7 Atoomota Li, Be, N fi F keessaa kan raadiyesii xinnaa qabu isa kami?

- A Li
- B Be
- C N
- D F

8 Gabatee peeredikii keessatti Baay'inni elementootaa tarree 3^{ffaa} keessatti argamanii meeqa?

- A 18
- B 2
- C 8
- D 32

9 Fakkiin armaan gadii caasaa gabatee peeredikii agarsiisa.



Lakkoofsi toora gariin sibiilonni itti argaman agarsiisu isa kami?

- A 1
- B 2
- C 3
- D 4

10 Amaloota armaan gadii keessaa Kan tarree keessa bitaa gara mirgaatti dabalu isa kami?

- A Lakkofsa sheelotaa
- B Hamma atoomawaa
- C Amala sibiilummaa
- D Amala sibiilalummaa

IV Bakka duwwaa jecha sirrii ta'een guuti.

- 1 Lakkoofsi elementootaa tarree 3 keessatti argamanii _____ dha.
- 2 Elementoonni garee VIIA keessatti argaman _____ jedhamu.
- 3 Toorri dalgee gabatee peeredikii _____ jedhama.
- 4 Elementiin lakkofsa elektiroonota vaalaansii afur qabu garee _____ keessatti ramadama.
- 5 Elementiin raabsi elektiroonaawaa isaa 2, 8, 6 ta'e, tarree _____ fi garee _____ keessatti argama.

V *Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e kenni?*

- 1 Lakkoofsi elektiroonota vaalansii elementoota gareewwan armaan gadii keessatti argamanii meeqa?
 - A IA
 - B IIA
 - C VIIA
 - D VIIIA
- 2 Elementiin elektiroonota vaalaansii shan sheelii L keessaa qabu garee fi tarree kam keessatti argama?
- 3 Raabsi elektiroonaawaa elementii 'X' 2,8, 5 dha. Odeeffannoo kana irraa ka'uun gaaffilee armaan gadii deebisi?
 - A Elementichi garee fi tarree kam keessatti argama?
 - B Elementichi sibiila, sibiilala moo gariin-sibiila?
- 4 Baay'inni elektiroonota vaalaansii elementoota sibiilotaa alkaalii hammami?
- 5 Hiikkaa jechoota/yaad-rimee armaan gadii kenni.
 - A Gabatee peeredikii
 - B Garee
 - C Tarree
 - D Chaarji niwukilaawaa

FURGA ASA JECHOOTAA

- ﴿ **Amaloota fiziikaalaa:** Jijiirama wantoonni waan haraa osoo hin uumin agarsiisanii dha.
- ﴿ **Amaloota keemikaalaa:** Amaloota wantoonni yommuu jijjiraman wantoota haaraa uumuu isaanii agarsiisanii dha.
- ﴿ **Ashaboolaa:** Kompaawundoota walnyaatinsa asiidootaa fi beezotaa gidduutti gaggeeffamuun uumamanii dha.
- ﴿ **Asiidota:** Kompaawundoota walnyaatinsa oksaayidoota sibiilalawoo fi bishaan gidduutti ta'uun uumamanii dha.
- ﴿ **Atoomii:** suudoo baay'ee xiqqoo elementiiti.
- ﴿ **Ayisootooppota:** atoomota elementii tokkoo kan laccoofsa niwutiroonotaa adda adda ta'e qabaniidha.
- ﴿ **Ayoonii:** atomii chaarjii poozatiivii yookiin negaatiivii qabu.
- ﴿ **Ayoonota atoom - baay'ee :** tuuta atoomotaa kanneen kompaawundoota hedduu keessattii argamanii fi kophaa isaanii jirachuu hindandeenyee dha..
- ﴿ **Beezota:** Kompaawundoota yommuu oksaayidoonni beezawoo bishaan wajjin walnyaatan uumamanii dha.
- ﴿ **Dhinbiibuu:** mala dhangala'oo fi jajjaboon hin bulbulamne ittiin gargar dhilamanii dha.
- ﴿ **Distileeshinii salphaa:** Mala makaa dhangala'oo hoo' isuun gara hurkaatti jijjiirani, hurkicha immoo qabbaneessuun gara dhangala'ootti erga deebisanii booda ruqoole isaatti gargar ittin dhilani dha.
- ﴿ **Elektiroonii:** suudoo cita atoomii chaarjii negaativii qabu kan niwukilasii alatti argamu.
- ﴿ **Elektiroonota Vaalansii:** elektiroonota sheelii alaa keessa jiran.
- ﴿ **Elementii:** maatarii atoomonni isaa akaakuu tokko ta'an.
- ﴿ **Elementoota:** Wantoota qulqulluu kanneen wantoota xixiqqoo birootti haala keemikaalawwa salphaatiin hin diigamnee dha.
- ﴿ **Farra aramaa:** Keemikaalota biqiltoota hinbarbaachifne kanneen midhaan akka hinguddanne taasisan balleessuuf fayyadanni dha.
- ﴿ **Farra ilbiisaa:** Keemikaala ilbiisota midhaan mancaasan belleessuuf fayyadanii dha
- ﴿ **Firii walnyaatinsaa:** Wantoota haraa walnyaatinsa keemikaalaan booda uumamanii dha.
- ﴿ **Foormulaawwan keemikaalaa:** barreaffama gabaabaa maqaa molakiyula elementii tokkoo yookiin molikiyulii kompaawundii tokkoo ti.
- ﴿ **Gaasota luujii:** elementota gabatee peeredikii keessatti garee VIIIA argaman.

-  **Gabatee Peeredikii:** gabatee elementootaa kan haala dabala lakkoofsa atoomaawaa isaanii tiin qindaa'ee fi kan rogaa fi dalgeen irra- deddeebii amaloota isaanii agarsiisu.
-  **Garee:** toora gubbaa- gadii (roga) gabatee peeredikii keessaa isa tokko.
-  **Gariin sibiilota:** elementootaa amaala sibiilota tokko tokko fi amaloota sibiilaloota tokko tokkoo qabanii dha.
-  **Gulantaa anniisaa:** qaama atoomii bakka elektiroononni qabatanii niwuklasiitti marsanii. Sheelis ni jedhama.
-  **Haloojinota:** elementootaa gabatee peeredikii keessatti garee VIIA keessatii argaman.
-  **Hurkisiisuu:** mala makaa faalkaa dhengala'aatiin jiru tokko gargaarsaa hoo'aatiin gara faalkaa gaasiitti jijiiruuti.
-  **Iddo - bu'ee wwan elementootaa:** maqaa elementootaa irraa kan fudhatamanii fi akka bakka bu'ee maqaa elementootaatti kan fayyadanii dha.
-  **Industirii keemikaala:** Warshaa adeemsaa keemikalawwa fayyadamuun wantoota dheedhii gara oomisha keemikaalaatti jijiiru dha.
-  **Keemistirii:** Damee saayinsii uumamaa yoo ta'u waa'ee qabiyyee, amaloota, caasaa fi jijiirama wantoota qo'ata.
-  **Kompaawundoota:** Wantoota qulqulluu elementootaa akaakuu lama yookiin lamaa ol irraa uumamanii dha.
-  **Koofishentii:** Lakkoofsota iddo-bu'eewwan elementootaa yookiin foormuulaawwan molakiyulaa fuulduratti barreeffamanii dha.
-  **Koompaawundoota atoom - gos - lamee:** koompaawundoota elementootaa akaakuu lama qofa irra umamanii dha.
-  **Lakkoofsa atoomawa:** lakkoofsa pirootoonotaa niwukilasii atoomii tokko keessatti argamaniiti.
-  **Lakkoofsa hangaa:** ida'ama lakkoofsa pirootoonotaa fi niwutiroonotaa niwukilasii atoomii tokkoo keessatti argamaniiti.
-  **Makoota gos - addee:** ruqoleen makaa tokkoo maal akka ta'anii fi maal akka fakkaatan ijaan yookiin maayikirooskoppiin ilaaluun yoo dandaa'ame makichi makaaa gos - addee jedhama..
-  **Makoota gos - tokkee:** Makoota ruqoleen isaanii maal akka fakkaatanii fi maal fa'a akka ta'an ijaan yooka'n maayikrooskoppiin ilaaluun beekuun hin dan daa'amnee dha.
-  **Makoota:** Wantoonni akaakuu lamaa yookiin lamaa olii adeemsaa

fiizikaalaan walitti yoo makaman, makoota jedhama.

-  **Niwukilasii:** wirtuu atoomii chaarjii poozatiivii qabu, kan pirootoononnii fi niwutroononni keessatti argaman.
-  **Oksaayidoota:** Kompaawundoota atoom-gos-lamee elementii oksijinii fi elementii biroo of keessaa qabanii dha.
-  **Qabxii baqina:** Qabxii tempireecharaa kan jojjaboon baqanii gara dhengala'ootti itti jijiiramanii dha.
-  **Qabxii danfinaa:** Wantoonni dhengala'oo yommuu ho'ifaman gara faalkaa gaasiitti itti jijiiramanii dha.
-  **Raabsa elektiroonota:** atoomii keessatti akkaataa elektiroononni gulantaawwan anniisaa (sheelota) keessatti itti raabsaman.
-  **Ruukkina:** hanga wanta tokkoo qabee isaatiin hiruun kan argamuu dha
-  **Saayinsii uumamaa:** Damee saayinsii yoo ta'u waa'ee seera uumamaa isa lubb-qabeeeyyii fi lubbu-dhabeeeyyii kan qo'atuu dha.
-  **Sabiskiriiptii:** Lakkofsotaa iddobu'eewwan elementootaa miila jalatti barreefamanii dha.
-  **Seera walgita hangaa:** Walnyaatinsa keessatti atoomonni hin uumaman: hin dhabamsiifamanis yaada jedhuu dha.
-  **Sibiilota alkaalaayin dachee:** elementoota gabatee peeredikii keessatti garee IIA keessatti argaman.
-  **Sibiilota alkaalii:** elementoota gabatee peerediikii keessatti garee IA keessatti argaman.
-  **Sibiilota:** elementoota amala mataa isaanii kanneen akka calaqisuu, dabarsoo elektirkii fi ho'aa, shibeffamuu fi batteeffamuu qabanii dha.
-  **Sibilaloota:** elementoota amaloota sibiilaa hinqabne yoo ta'an faalkaalee sadanuun argamuu ni danda'u.
-  **Tarree:** gabatee peeredikii keessatti dalgee elementootaati.
-  **Vaalaansii:** Walnyaatinsi keemikaala yoommu geggeeffamu tokkoon tokkoo elementoota walnyaatinsa keessaatti qooda fudhatanii humna ofii isaanii qabu. Humni (dandeettiin) walnyaatinsaa elementii kun vaalansii jedhama.
-  **Walnyaattota:** Walnyaatinsa keemikaala keessatti wantoonni jalqabaa walnyaattoota jedhamu.
-  **Xaa'oo:** Wanta guddina biqiltootaa, oomisha midhaanii dabaluu fi niwutirantota biqiltootaaf fayyadan kennuuf biyyeetti naqamuu dha.

KEEMISTIRII

**Kitaaba Barataa
Kutaa 7**

ISBN 978-99944-2-293-4



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa**

Gatiin QrIT 28.00